

**QAACCESSA QABIYYEE DHAMJECHOTA
AFAAN OROMOO KITAABA BARATAA
KUTAA 12^{FFAA}**

DUULAA DILBOO GAMMADAATIIN

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
GUUTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORIITIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJII NAMOOMAA,
QORANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI
QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORII**

HAGAYYA, 2008/2016

FINFINNEE

**QAACCESSA QABIYYEE DHAMJECHOTA AFAAN OROMOO
KITAABA BARATAA KUTAA 12^{FFAA}**

Duulaa Dilboo Gammadaatiin

Gorsaan:Amaanuel Alamaayyoo (PhD)

**Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Muummee
Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitiif Dhiyaate**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa /Finfinnee/ Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo
Afaanii, Joornaaliizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo,
Ogbarruufi Fookloorii**

Hagayya, 2008/2016

Finfinnee

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa /Finfinnee/
Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun Guuttachuuf **Duulaa Dilboo Gammadaatiin**, Mata Duree: *Qaaccessa Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 12^{ffaa}*, keessatti raawwatame waliin hidhata qabaachuun Qophaa'ee Sadarkaa Madaalli Yuunivarsiitiin Kaa'e Guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa _____ **Mallattoo** _____ **Guyyaa** _____

Qoraa _____ **Mallattoo** _____ **Guyyaa** _____

Gorsaa _____ **Mallattoo** _____ **Guyyaa** _____

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

AXEREERAA (ABSTRACT)

Qorannoon kun mataduree “Qaaccssa Qabiyyee Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa kutaa 12^{ffaa} bara 2005 qophaa’e” irratti kan geggeeffameedha. Ka’umsi qorannichaas, faayidaafi akaakuun dhamjechootaa adda ba’ee ibsamuu dhabuu, garaagarummaan KBfi QB keessatti mul’achuufi dhamjechoonni KB keessatti akkamitti dhiyaachuu akka qaban ibsuudha. Kaayyoon isaas, ‘Qaaccessa Qabiyyee Dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti: faayidaafi akaakuun dhamjechootaa akkamitti akka dhiyaatanii jiran sakatta’uu, hanqinaalee mul’ataniifi akkamitti dhiyaachuu akka qaban ibsuudha. Yaaxxinni qorannichaas, yaaxina caaseffamaa kan bu’uureffateedha. Qorannoo kana gabbisuuf kitaabileen adda addaa mataduree kanaan walqabatan sakatta’amaniiru. Irraawwatamni qorannichaas KBfi QB kutaa 12^{ffaa} yammuu ta’u, kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf, maddi ragaa odeeffannoon irraa funaaname madda ragaa tokkoffaa ta’ee, sakatta’a KBfi QBti. Yaada kana gabbisuuf afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateera. Qorannichis, gosa qorannoo akkamtaan kan dhiyaate ta’ee, saxaxa ibsaan ibsameera. Mala iddatteessuu miticarraa keessaa iddatteessuu akkaayyoo fayyadameera. Odeeffannoon kan funaanaman: sakatta’a KB, sakatta’a QB, Sakatta’a silaabasiifi afgaaffii barsiisotaaf dhiyaateen.

Sakatta’a taasifameefi afgaaffii kana irraas wanti argame, faayidaan dhamjechoonni looga, walsimannaa matimaafi gochimaa, hi’eentaa, waaltina afaaniifi firjechi argisiisan, dhamjechoonni horteeffii uumamteen adda ba’anii tajaajila kennan waliin hindhiyaanne. Akaakuun dhamjechootaas, haala waldha’uun KBfi QB keessatti ibsamee jira. Akaakuun dhamjechootaa kunis, bakka gurguddoo lama: walabaafi hirkataatti qoodamee, dhamjechoonni hirkatoon: bakka galumsaan, tajaajilaafi qabiyyeen qoodamuu akka qaban qorannoon kun ni’ibsa. Dhamjechoonnis, kallattii qofaan osoo hinta’in alkallattiin afoola akka oduu duriifi barreeffama adda addaa keessatti dhiyeessuun barattoota, barsiisotaafi dubbistoota hawwata. Haaluma kanaan faayidaa, akaakuufi akkaataan dhiyaannaa isaanii hanqina mul’atu adda baasuun qaaceffamanii dhiyaataniiru.

Qaaccessa geggeeffameefi cuunfaa qorannichaa irratti hundaa’uun argannoowwan gurguddoon qorannichaa: Faayidaan dhamjechoota looga, walsimannaa matimaafi gochimaa, hi’eentaafi maayii meeshaa ibsan; faayidaa isaan waaltina afaanii keessatti qaban, dhamjechoonni firjecha akkamitti akka uuman KB keessatti dhiyaachuu qabu. Qoodaminsii akaakuu dhamjechootaa akka waliigalaatti, walabaafi hirkatoo jedhamuun qoodamuu akka qabaniifi dhamjechoonni hirkatoo bakka galumsaa, tajaajilaafi qabiyyee irratti hundaa’uun qoodamuu akka qaban ibsa. Akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo bakka galumsaan: duree, duubeefi naannee akka ta’an qorannoon kun adda baasee ibsa. KBfi QB yaada walfakkaatu dhiyeessuun barattootaafi barsiisota Oromiyaa keessa jiraniif hubannoo walfakkaataa waan uumuuf walsimachisanii dhiyeessuun gaariidha. Dhamjechoota kallattiin ibsaafi fakkeenya kennuun dhiyeessuu cinatti, karaa alkallatti afoola adda addaa keessatti dhiyeessuun karaa salphaa ta’een barattoonni afoolichatti bohaaraa tajaajila dhamjechootaa akka adda baasaniif gargaara. Garaagarummaan hundee jechaafi dhamjecha hirkataa KBs ta’e QB keessatti adda ba’ee dhiyaachuun: dubbistoonni, barattootaafi barsiisonni garaagarummaa kana akka hubataniif gargaara. Walumaagalatti, qorannoon kun dhamjechi akka damee barnootaa tokkotti of danda’ee qophaa’ee akka dhiyaatuuf hubannoo ni’uuma.

Galata

Hunda dura, Waaqayyo inni waan hundumaa danda’u bu’aa ba’iitii hedduu keessa na dabarsee waan kanaan na ga’eef ulfinniifi galanni guddaan haata’uufin jedha.

Itti aansuun, qorannoon kun akka milkaa’uuf nuffii tokko malee deggersa yaadaa, gorsaafi qajeelfama qorannoo kanaaf barbaachisu hunda kan naaf kennan gorsaa koo Dr. Amaanu’eel Alamaayyoo guddaan galateeffadha.

Qorannoo kana yeroon geggeessetti yaadaan na bira dhaabbachuun na deggeruun cinatti soorata na barbaachisu qopheessitee naaf laachuun hojii kana akkan fiixaan baasuuf kan na jajjabeessite haadha warraa koo barsiistuu Shuumee Daamxeef galanni koo guddaadha.

Barsiisota haalaafi bara rakkisaa akkasii keessatti sodaa tokko malee of kennanii afgaaffii dhiyaateef deebii yookaan odeeffannoo barbaachisu kennuun kan na deggeran hundaaf galata guddaan qabaaf.

Mana barumsaa koo hojii kana hojjechuuf yeroon eyyama gaafadhutti naaf eyyamuun cinatti deggersa adda addaa waan naaf godheef osoon hingalateeffatin hindarbu.

Dabalataanis, daa’imman koo: Siifan Duulaa, Eeran Duulaafi Falmattuu Duulaa yeroo sammuu koo hojii qorannoo kanaan dadhabutti na bohaarsuun boqonnaa sammuu waan naaf laataniif nageenyaafi carraa gaariin hawwaaf.

Xumurarratti, beektota sirna barnootaa kana bu’uressanii akkan ittiin baradhee sadarkaa kana irra ga’u kan taasisan; bakka waa hundi hinjirretti kitaaba barnoota Afaan Oromoofi kitaabilee deggersaa adda addaa qopheessuun afaan dagatamee ture kan sadarkaa kanaan ga’an; hayyoota Oromoo gumaachaafi aarsaa taasisan kanaaf seenaan waan isaan hindaganneef ulfinni ani isaaniif qabu guddaadha.

Jibsoo

- Abbummaa (possisive pronoun) - garee maqaa yookaan bamaqaa ta'ee abbaa/ eenyummaa/ qabeenyaa tokkoo dhamjecha ibsuudha. Fkn: koo= kiyya, keenya...; sababa garaagarummaa bal'ina dachee irraa kan looga uumamuudha.
- Akkaayyoo - akka kaayyoo qoratichaatti odeeffattoota filachuu.
- Ariirrata - cuubbata, seenduuba yookaan yaada qorannichaa gara ka'umsaatti kan geessu kan keessatti dhiyaatuudha.
- Firjecha - dhamjechoota haala waliigaltee hawaasaa irraan kan ka'e, unka adda addaa qabaatanii tajaajila tokkoof oolaniidha.
- Hi'eentaa - dhamjechoota yaada faallaa ibsaniidha. Fkn. {hin-, miti-}
- Looga - garaagarummaa waliigaltee (haasawaa) hawaasa tokko keessatti haala teesuma lafaa yookaan bal'ina dachee irraa kan ka'e mul'atuudha.
- Hinkoo – Gahee, qooda qabaachuu.
- Henna- yeroo gochi tokko itti raawwate(tu) jechuudha.
- Haala raawwii (aspect)- gochi tokko kan raawwatame yookaan hinraawwatamne ta'uu kan ibsu jechuudha.

Hiika Gabaajewwanii

- AO = Afaan Oromoo
- Fkn. = Fakkeenya
- KB = Kitaaba Barataa
- KBAO = Kitaaba Barataa Afaan Oromoo
- QB = Qajeelcha Barsiisaa
- QBAO = Qajeelcha Barsiisaa Afaan Oromoo
- Kkf = kanneen kana fakkaatan
- SB = Silaabasii

Baafata

GABAABSA.....	i
Galata	ii
Jibsoo	iii
Hiika Gabaajewwanii.....	iii
Baafata	iv
Baafata Gabateewwanii.....	vii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1 Ariirrata Qorannichaa	1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa	4
1.3 Kaayyoo qorannichaa	6
1.3.1 kaayyoo Gooroo.....	6
1.3.2 Kaayyoo Gooree.....	6
1.4 Faayidaa Qorannichaa	6
1.5 Daangaa Qorannichaa.....	7
1.6 Hanqina Qorannichaa	8
1.7 Qindaa’ina Qorannichaa	9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU.....	10
2.1. Yaaxxina Qorannichaa	10
2.2 Xinjecha (Morphology).....	10
2.3. Dhamjecha (Morphemes)	11
2.3.1 Faayidaa Dhamjechootaa	12
2.3.2. Akaakuuwwan Dhamjechootaa.....	18
2.3.2.1 Bu’uura Unkaa yookaan Hiikaatiin -	18
2.3.2.1.1 Dhamjecha Walabaa	18
2.3.2.1.2 Dhamjecha Hirkataa	19
2.3.2.1.2.1 Bu’uura Tajaajilaan.....	20
2.3.2.1.2.2 Bu’uura Bakka Galumsaan -	21
2.3.2.1.2.3 Bu’uura Qabiyyeetiin	23
2.4 Faayidaa Dhamjechoota Kitaaba Barataa Keessatti	25
2.5 Akkaataa Dhiyaannaa Dhamjechootaa Kitaaba Barataa Keessatti.....	25

2.5.1	Karaa Kallattii yookaan Ifa Ta'een	26
2.5.2.	Karaa Alkallattii-.....	26
2.5.2.1	Waliin Haasawaa yookaan Marii Gochuu Keessa.	27
2.5.2.2	Afoola Adda Addaan Walqabsiisuun Dhiyeessuu.	27
2.5.3	Mala Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu	28
2.5.4	Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti (Inductive Method) Dhiyeessuu	28
2.5.5.	Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti (Deductive Method) Dhiyeessuu	28
2.5.6	Ijaan akka Ilaalan Gochuufi Fakkeenyaan Kennuun Dhiyeessuu	29
2.6	Seerota Qophii Kitaaba Barnoota Afaanii	29
2.7	Ulaagaalee Filannoo Kitaaba Barnootaa Gaarii	30
2.8	Ulaagaalee Madaallii Kitaaba Barnootaa Afaanii	30
2.9	Sakatta'a Barruu Walfakkii	31
BOQONNAA SADI : MALA QORANNOO		33
3.1	Saxaxa Qorannoo.....	33
3.2	Irraawwatama Qorannichaa.....	34
3.3	Madda Raga.....	34
3.4	Iddattoofi Mala Filannoo Iddattoo.....	35
3.5	Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman	35
3.5.1	Sakatta'a Kitaaba Barataa Kutaa 12 ^{ffaa}	36
3.5.2	Sakatta'a Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 12 ^{ffaa}	36
3.5.3	Afgaaffii Barsiisotaa	36
3.6	Adeemsa Funaansa Ragaalee.....	37
3.7.	Malleen Qaaccessa Ragaalee.....	37
BOQONNAA AFUR: XINXALA RAGAA.....		38
4.1	Xinxala Dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB Kutaa 12 ^{ffaa}	38
4.1.1	Xinxala Faayidaa Dhamjechootaa Afaan Oromoo KBfi QB Kutaa 12 ^{ffaa}	38
4.1.1.1	Dhamjechoota Matima Mul'isan	38
4.1.1.2	Dhamjechoota Hennaa Mul'isan	40
4.1.1.3	Dhamjechoota Walsimannaa Matimaafi Gochimaa Mul'isan	41
4.1.1.4	Dhamjechoota Loogaafi Abbummaa Argisiisan	42
4.1.1.5	Dhamjechoota Waaltina Afaanii Argisiisan	43
4.1.1.6	Dhamjechoota Hi'eentaa Argisiisan	44

4.1.1.7 Dhamjechoota Firjecha Argisiisan	45
4.1.2. Xinxala Akaakuu Dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB Kutaa 12 ^{ffaa}	47
4.1.2.1 Unka Irratti Hundaa'uun	47
4.1.2.2 Tajaajila Irratti Hundaa'uun	52
4.1.2.3 Qabiyyee Irratti Hundaa'uun	56
4.1.2.4 Bakka Argama Irratti Hundaa'uun	58
4.2 Qaaccessa Akkaataa Dhiyaannaa Dhamjechootaa	68
4.2.1 Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechaa Karaa Kallattii.....	69
4.2.2 Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechaa Karaa Alkallattii	71
4.2.2.1 Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechaa Barreeffama Keessatti	71
4.2.2.2 Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechaa Afoolaan Walqabatu	73
4.2.3. Qaaccessa Mala Dhamjecha Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu.	74
4.2.4. Qaaccessa Mala Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti	76
4.2.5. Qaaccessa Mala Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti	76
4.2.6. Qaaccessa Mala ijaan ilaalanii akka hojjetan gochuu	77
BOQONNAA SHAN: GUDUNFAAFI YABOO QORANNICHAA	78
5.1 Gudunfaa	78
5.2 Yaboo	81
Wabiilee	83
Dabaleewwan.....	86

Baafata Gabateewwanii

Gabatee-1 Akaakuu Dhamjechootaa KB Fuula 54 irratti Dhiyaate	48
Gabatee-2 Deebii Gaaffii KB Fuula 54f QB Fuula 48 Irratti Kenne	49
Gabatee-3 Qoodamiinsa Dhamjechootaa Unka Isaaniitiin	50
Gabatee 4. Qoodaminsa Akaakuu Fufii Bakka Argamaan, KB fuula 55.....	60
Gabatee 5. Qoodaminsa Akaakuu Fufiilee Bakka Argamaan, QB Fuula 49	61
Gabatee 6. Qoodamiinsa Akaakuu Fufii , KB fuula 55	65
Gabatee 7. Qoodamiinsa Akaakuu Fufii Deebii Gilgaala 5F, QB Fuula 49	65

BOQONNAA TOKKO: SEENSA


Boqonnaa kana keessatti: ariirrata, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaa, hanqinaafi haalli qindaa'ina qorannichaa duraa duubaan dhiyaateera.

1.1 Ariirrata Qorannichaa

Afaan meeshaa dhalli namaa aadaa, eenyummaa, jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatuudha. Afaan Oromoos, afaan sabni Oromoo: aadaa, eenyummaafi haala jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatuudha. Asafaa (2009:12), “Afaan Oromoo Afrikaa keessatti afaan namoota baay’een dubbataman gurguddoo sadii: Afaan Arabaa, Siwaahiliifi Hawusaatti aanee afaan sadarkaa araffaa irratti dubbatamuudha; Itoophiyaa keessatti ammoo afaan uummata dhibbeentaa afurtamaa (40%) oliin dubbatamu, afaan duraati,” jedha. Kanaaf, Afaan Oromoo afaan saba bal’aa yoo ta’u, maatii Afaan Kuushi (Cushitic language family) keessaa tokko ta’ee, biyyoota Baha Afrikaa keessatti argaman: Sumaaliyaa, Keeniyaa, Ugaandaafi kan biroo keessattis baay’inaan nidubbatama (Mahadi 1995; Tamane 2000). Afaan Oromoo afaan akka Baha Afrikaatti sadarkaa duraarratti argamuufi yeroo ammaa kana immoo: afaan barnootaa, afaan hojii, afaan qorannoofi qo’annoo, afaan saayinsiifi tekenoolojii ta’ee jiruudha.

Kun kana ta’ee, xinqooqni akka damee barnootaa tokkotti baratamuu kan eegale jaarraa 20^{ffaa} keessa yoo ta’u, saayinsii afaanii sagalee irraa kaasee hanga hiikaatti jiru kan qo’atuudha. Kana jechuun haala itti fayyadama afaanii, ijaarsa jechootaafi himootaa, seeraafi caasaa afaanii adda baasee qo’ata, (Misgaanuu 2012:96-100). Kun immoo tajaajilli afaanii walxaxaafi daangamaleessa ta’uu isaa waan ibsuuf, afaan kana dameedhaan addaan qoodanii qo’achuun murteessaa ta’a. Robert E. Owens, Jr. (1988:12), Biloomiifi Laheyii (1978) wabeeffachuun yoo ibsu, “Language is a very complex system that can best be understood by breaking it down into its functional elements or components: Form, Content and use,” jedha. Afaan seera baay’ee walxaxaa ta’e waan qabuuf, qabiyyee isaa irratti hundaa’uun qoqqoodanii dhiyeessuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, afaan bakka gurguddoo sadiitti: unka, qabiyyeefi tajaajila isaaniin qoodee jira. Qoodaminsii kun qophii sirna barnootaa Afaan Oromoof, kallattii waan argisiisuuf baay’ee murteessaadha. Kunis, caattoo asii gadii keessatti ibsamee jira.

Fakkii 1. Qabiyyee Qoodamiinsa Afaanii (Robert E. Owens, Jr. (1988:13))



Caatoon kun kan ibsu, afaan bakka tokkotti ilaaluun baay’ee ulfaataa waan ta’eef, haala walitti dhufeenya isaanii irratti hundaa’uun kitaaba keessatti qopheessanii dhiyeessuun dubbistoota biratti fudhatamummaa akka argatu taasisa. Qorannoon kunis unkaan waan walqabatuuf, kun immoo xinhima, xinjechaafi xinsagaa irratti akka xiyyeeffatu adda baasee jira. Yaada kana kan gabbisu, “Xinqooqni hujoo dameewwan xinqooqa gooree kanneen akka xinsaga, xinjecha, xinhimaafi xinhiika qo’atuudha. Kanneen keessaa haala ijaarsa jechoota afaan tokkoofi jechoota garee gareetti qoodee kan qo’atu xinjecha jedhama. Akkasumas, xinjechi saayinsii dhimmoota latiilee yookaan dhamjechootaa qo’atuudha,” jedha (Misgaanuu 2012:100). Saayinsiin kunis, afaan adda addaa akkamitti jechoota isaanii akka ijaarratan qo’achuun yaadiddama waliigalaa kan dhiyeessuudha. Xiyyeeffannaan yaadiddama kanaa dubbattoonni afaan sanaa seera eeguu qaban kan ibsuudha. Kana malees, jechoonni afaan tokkoo ulaagaa maaliin akka ramadamaniifi akkamitti ijaaramuu akka danda’an adda baasee kan xinxaluudha. Dabalataanis, haala jechoonni afaan tokkoo ittiin uumamaniifi horuudhaan caasluga afaanichaa argisiisan ibsa, (Stern 1983; Yule 1996). Xinjechi akkaataa ijaarsaafi uunkaa jechoota afaan tokkoo haala saayinsaawaa ta’een xinxaluun jechoota afaan sana keessatti argaman garee adda addaatti qooda; dhamjechoota afaan tokko keessatti

argamanis nixinxala. Kanaaf, xinjechi haala ijaarsa jechootaafi dhamjechootaa xinxaluu irratti xiyyeeffata.

Dhamjecha (Morpheme) jechuun qaama xiqqaa hiikaa of danda'ee yookaan hirkatee argamuun tajaajila (hiika) tokko qofa kennuudha. Unki jechaa tokko addaan qoodamee hiika dhabeessa yoo ta'e, dhamjecha jedhama. Hiika qabaachuunis, jecha hiika tokko qofa qabuun walfakkeessa (Addunyaa, 2012:89). Kana jechuun dhamjechi hiika tokko qofa kan qabuufi yoo addaan qoodame hiika qabaachuu kan hindandeenye ta'uu isaati. Dhamjechi addaan qoodamee qofaatti hiika kan hinqabne yoo ta'u, bakka jiru sanatti hiika kan qabuufi tajaajila adda addaa kan kennuudha. Fakkeenyaaf /e/ qofaa dhaabbattee dhamsagarraa adda kan ta'e hiika hinqabdu. Jecha "deeme" jedhu keessatti, garuu {-e}n hiika gochichi hennaa darbe keessatti raawwatamuu isaa mul'isti. Kanaaf, qorannoon kun yaaxxina caaseffamaa (Structural Theory) kan bu'uureffateedha. Chomsky (1965:163) "Yaaxinni caaseffamaa seeraafi caasaa afaanii ibsuu irratti xiyyeeffata," jedha. Qorannoon kunis, caasaa dhamjechootaa tokko tokkoon kan ibsuufi KB keessatti dhamjechoonni akkamiin akka dhiyaatanii jiran, akkamiin dhiyaachuu yookaan maal ta'uu akka qaban ibsuu irratti waan fuuleffatuuf yaaxxina kana gargaarameera.

Afaan Oromoo keessatti dhimmoonni qorannoof ka'umsa ta'an mataduree kanneen akka: xinqooqaa, ogbarruufi mala baruu barsiisuuti. Qorannoon kunis dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} qaaccessuu waan ta'eef, xinqooqa jalatti ilaalama. Addunyaa (2011: 45) "Xinqooqa keessatti tooftaaleen, yaaxxinniifi argannoowwan rakkoo hawaasaa kan sababa afaaniitiin mudatan furuuf itti tajaajilamuun hujummaa xinqooqaa mul'isa". Kanaaf, mataduree kana jalatti rakkoowwan kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti gama dhamjechootaan xiyyeeffannoo barbaadan qoratani dhiyeessuun namoota qorannoo geggeessuu barbaadan, qopheessitoota sirna barnootaa, guddinaafi itti fayyadamtoota afaanichaa nigargaara. Qorannoon dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} ilaalchisuun kallattiin geggeeffame waan hinjirreef, qorannoon kun qopheessitoota sirna barnoota kannaaf bu'uura ta'a. Kana malees, hiika dhamjechi tokko jecha keessatti qabdu adda baasanii hubachuuf dubbistoota qorannoo kanaa nigargaara.

Harmer (1987: 42) akka ibsetti, kitaabni barattootaaf qophaa’u daree keessatti waliin mari’achaa yookaan waliin haasa’aa akka baratan kan taasisu yoo ta’e gaariidha. Faayidaan kanaas, caasaa afaanii barsiisuu qofa osoo hinta’in dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifatan isaan gargaara jedha. Walumaagalatti, qorannoon kun bu’uuraan kan irratti xiyyeeffatu, qaaccessa qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti: tajaajila dhamjechoonni walsimannaa himoota keessatti qaban maal akka fakkaatu, looga yookaan waliigaltee hawaasaafi waaltina afaanii ilaalchisee dhamjechoonni akkamiin akka dhiyaatanii jiran, walsimannaafi garaagarummaa KBfi QB keessatti argamu, akaakuu dhamjechootaa: unka, tajaajila, bakka galumsaafi qabiyyeen kitaabicha keessatti akkamitti dhiyaatanii akka jiraniifi dhiyaachuu qaban; hanqina gama dhamjechootaan kitaabicha keessatti mul’atu adda baasuun qaaccessessee dhiyeesseera.

1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Barumsa afaanii keessatti beekumsaafi itti fayyadama afaanichaa qixaan beekuuf haalli qophii KB baay’ee murteessaadha. Kunis, kan irratti xiyyeeffatu: seera qindaa’ina caasaa afaanii jechuun qindaa’ina sagalee afaanichaa, haala uumammaafi hormaata jechootaa keessatti gaheefi faayidaa dhamjechoonni qaban, akkaataa jechoonni ittiin qindaa’anii gaaleefi hima ijaaraniifi kkfdha.

Harmer (1991:58) *“One of the teacher job is to show how the new language is formed, how the grammar works and how it is put together. One way of doing this is to explain the grammar in detail using grammatical terminology and giving a mini lecture on the subject,”* jedha.

Kana jechuun hojii barsiisaa keessaa inni tokko akkaataa barumsa afaanii keessatti wanti haaraan tokko dhiyaachuu danda’u, akkaataa walitti dhufeenyaafi hojiirra oolmaa caasaa afaanichaa argisiisuudha. Kun immoo caasaa afaanichaa bu’uuraan beekuuf, hiika caasaafi qabiyyee barnoota afaanichaa irratti ibsa murtaa’aa tokko kennuu danda’uu agarsiisa.

Qaama xiqqaa hiikaa ta’ee, faayidaa dhamjechi caasaa afaanii walsimsiisuu keessatti qabuufi hima keessatti walta’iinsa matimaafi gochimaa, lakkoofsa, saala, hennaa, jechoota uumuufi kkf argisiisuu keessatti qabu ol’aanaadha. Caasaaleen kunneen KBfi QB barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} keessatti akkamiin akka ibsamani jiran; faayidaa dhamjechoonni Afaan Oromoo looga afaanichaa argisiisuu keessatti qaban KBfi QB keessatti maal akka

fakkaataniifi dhamjechoonni kunneen ibsamaniiru moo hinibsamne yaada jedhu qorannoon kun adda baasa. Haala kanaan, adda ba'anii dhiyaachuun guddina afaanichaaf gumaacha ol'aanaa waan qabuuf, qorannoon kun rakkoo gama kanaan mul'atuuf furmaata barbaada. Misgaanuu (2012:124), "Garaagarummaan loogawwan Afaan Oromoo akkuma sadarkaa sagalee irratti mul'atu; sadarkaa latii irrattis nimul'ata," jedha. Kunis, irra caalaa latii hedduminaafi abbummaa argisiisan irratti akka ta'e, fakkeenya waliin ibsee jira. Fakkeenyaaf, heddumina kan agarsiisan: gaaffii = gaaffilee yookaan gaaffiiwwan; kitaaba = kitaabota yookaan kitaabileefi kkf yoo ta'an, abbummaa kan argisiisan: Tolaaf kenni yookaan Tolaadhaa kenni kan jedhuufi kkfn ni'argamu. Egaa, KBfi QB kanneen keessatti ciminni mul'atu akkuma jirutti ta'ee; faayidaa dhamjechoonni walsimannaa caasaa afaanii argisiisuu keessatti qaban, dhamjechoonni looga argisiisan bu'aa waaltina afaanii keessatti qaban dhiyeessuufi dhiisuu isaa; akkasumas, garaagarummaan KBfi QB keessatti mul'achuufi dhiisuu isaa adda baasuuf, qoratichi qorannoo kana geggeesseera.

Akka waliigalatti, qorannoo mataduree "Qaaccessa Dhamjechoota Afaan Oromoo KB Kutaa 12^{ffaa} Keessatti," jedhu kana irratti qorataan qorannoo isaa akka geggeessuuf kan kakaase gaaffilee bu'uura asii gadii nideebisa jedhee waan yaadeefiidha.

1. Tajaajilli dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti bal'inaan dhiyaatee jiraa? Yoo jiraateef, boqonnaalee meeqa keessatti dhiyaate?
2. Akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabicha keessatti qoodamee dhiyaatee jira? Qindoominni isaan ittiin qoodaman maal fakkaatu?
3. Qabiyyeen dhamjechootaa Afaan Oromoo kitaabicha keessatti maal fakkaata? Gilgaalota keessatti haala akkamiin dhiyaate?
4. Garaagarummaan gama dhamjechootaan KBfi QB keessatti mul'atu maal fakkaata?
5. Qabiyyeen dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabicha keessatti haala akkamiin dhiyaachuu qaba? Maalfaa hammachuu qaba?

1.3 Kaayyoo qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoowwan gooroofti gooreetti qoodamee haala asii gadiin dhiyaateera.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, qaaccessa qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'e keessatti: faayidaafi akaakuun dhamjechootaa akkamitti akka dhiyaatanii jiran; hanqinaalee gama kanaan mul'atan adda baasuufi akkamitti dhiyaachuu akka qaban furmaata isaa waliin dhiyeessuudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree

- ❖ Faayidaan dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti dhiyaachuu isaa adda baasuun ibsuu;
- ❖ Akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabicha keessatti argaman haala akkamiin akka qoodamanii jiran ibsuu;
- ❖ Dhamjechoonni Afaan Oromoo caasaa afaanichaa walsimsiisuu keessatti gahee akkamii akka qabaniifi amala sagalee biroorraa adda godhu addeessuu;
- ❖ Garaagarummaa gama dhamjechootaan KBfi QB keessatti argamuufi boqonnaalee qabiyyeen kun keessatti dhiyaate adda baasuun ibsuu;
- ❖ Dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaabicha keessatti dhiyaatan adda baasuufi akkamitti dhiyaachuu akka qaban ibsuu.

1.4 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} keessatti argaman walbira qabee qaaccessuun, hanqina jiru adda baasee furmaata isaa eeruuf gargaara. Dabalataanis, dhamjechoota kitaabicha keessatti hinhammatamne, faayidaa isaan qaban waliin hammachiisuun guddina caasaa afaanichaaf bu'aa waan qabuuf akka dabalamanii qophaa'aniif bu'uura nikaa'a. Faayidaa dhamjechootaa, akaakuu dhamjechoonni: bakka galumsaa, unka, qabiyyeefi tajaajila isaaniitiin qaban, jijjiirama dhamjechoonni hiika jecha irratti fidan, amalaafi walsimannaa afaanii keessatti gumaacha dhamjechoonni qaban ibsuuf gargaara. Yaada kana kan gabbisu, Mathews (1991), haalli qooddii dhamjechootaa: unka, caasaa bakka galumsaan, jijjiirama hiikaa jecha irratti fidaniin, qabiyyeefi tajaajila qabaniin akka ta'e ibsee jira.

Haaluma kanaan, bu'aaleen qorannoo kana irraa ni'argamu jedhamee yaadamus:

- Namoota qorannoo kana dubbisuuf carraa argataniif qoodamiinsa dhamjechoota Afaan Oromoofi garaagarummaa dhamjechoota horteeffii uumamtee gidduu jiru adda baafachuu irratti hubannoo uumuuf gargaara; barsiisota Afaan Oromoofi barattoota qorannoo kana dubbisuuf carraa argatan kamiyyuu bu'aa qorannoo kana irraa argamuun kallattiin fayyadamoo ta'u
- Qorannoon kun dhamjechoota loogawwan argisiisan faayidaa isaan guddina Afaan Oromoo keessatti qaban waan ibsuuf, qaamolee kitaabilee adda addaa Afaan Oromoon qopheessaniif akka madda ragaatti gargaara.
- Qaamolee sirna barnootaa qopheessaniif KBfi QB walsimatee akka qophaa'uuf; faayidaa dhamjechoonni qaban bal'inaan ibsamee akka dhiyaatuuf hubannoo uumaaf gargaara.
- Namoota mataduree kanaafi caasaalee afaanii biroorratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uun akka madda ragaatti tajaajiluu danda'a.
- Gumaacha dhamjechoonni Afaan Oromoo maqaafi gochima uumuu keessatti qabaniifi xiyyeeffannoon hammamii kitaabicha keessatti akka kennamee jiru ibsuuf gargaara.
- Hanqina gama dhamjechootaan KBfi QB keessatti argamaniifi boqonnaalee qabiyyeen dhamjechootaa keessatti argaman xiinxalee ibsuuf gargaara.

Walumaagalatti, qabxiileen asii olitti dhiyaatan kunneen bu'aalee qorannoo kanarraa argaman waan ta'aniif, qaamolee qorannoo kana dubbisaniif faayidaa ol'aanaa qaba.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun, qaaccessa dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB kutaa 12^{ffaa} keessatti argaman irratti daangeffame. Kitaabichis kan qophaa'e, Ministera Barnootaan bara 2005, Kampala- Uganda: Mana Maxxansaa 'MK Publishers Ltd' jedhamutti yoo ta'u, akka mana barumsaa sadarkaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa}-tti kutaan filatame kun bakka murteessaafi ol'aanaa waan ta'eef, qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo irratti barattoonni sadarkaa kanatti horatan sadarkaa Kolleejjiifi Yuunivarsiitiitti waan isaan gargaaruuf kutaan kun daangeffamee fudhatame. Kana jechuun sadarkaa gadiitti waa'ee dhamjechootaa barachuun hinbarbaachisu jechuu osoo hinta'in, kutaalee hedduu irratti hojjechuun qorannicha waan bal'isuufi yeroo

barbaadame keessatti xumuruuf rakkisaa waan ta'eefiidha. Irra caalaas, dhamjechoonni gadifageenyaan kan barataman kutaa ol'aanaa keessatti waan ta'eef, kutaan kun immoo barnoota sadarkaa ol'aanaaf bakka barattoonni itti of qopheessaniidha. Kana malees, kitaabichi xiyyeeffannoo akkamii dhamjechoota Afaan Oromoof kennee akka jirullee xiinxaluuf yaadameeti. Qaaccessi kun kan irratti geggeeffames boqonnaalee 18 kitaabichi qabu keessaa, qabiyyeen dhamjechootaa kan keessatti dhiyaatan boqonnaa 5; isaanis: 2, 3, 5, 6fi 7 yoo ta'an, faayidaafi akaakuun isaanii KBfi QB keessatti ibsamani akka jiran adda baasuufi garaagarummaa gama kanaan kitaabilee kanneen keessatti argaman adda baasee ibsuu irratti xiyyeeffata. Dabalataanis, afgaaffiin barsiisotaaf kan dhiyaate yoo ta'u, sababni isaas, kitaabicha barsiisuurratti muuxannoo waan qabaniif abbaa dhimmaa ta'uun odeeffannoo sirrii kennu jedhamee yaadameeti. Walumaagalatti, caacculee Caaslugaa hunda walfaana ilaaluun waan ulfaatuufi bal'atuuf caasluga keessaa dhamjechoonni barnoota Afaan Oromoo keessatti baay'ee murteessoo waan ta'aniif, matadureen kun daangeffamee irratti hojjetameera.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorataan, qorannoo isaa guutuu taasisuuf wanta isarraa eegamu hunda murannoon raawwateera. Haaluma kanaan, qorannoo kana geggeessuu keessatti hanqinaaleen akka baajetaafi yeroo yoo jiraatanuu qorannicha gufachiisuu hindandeenye. Hanqinni qorannoo kana keessatti qabata bakka hojiin walqabateen mul'atu rakkoo kitaaba wabii argachuu dhabuu yemmuu ta'u, qorataan rakkoo kana furuuf tarkaanfii inni fudhate: kitaabilee wabii kan qorannichaan walqabatan jaha gabaa irraa bituun, mana kitaabaa yuunivarsiitii Finfinneetti obsaan gargaaramuufi mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa}fi qophaa'inaa naannoo aanichaatti argaman Najjoofi Gimbii deemuun kitaabilee wabii barbaaduun rakkoo gama kanaan mudate furameera. Kana malees, silaabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} mana barumsaaf kan hinergamne yoo ta'u, rakkoo kana furuuf xalayaa deggersaa Muummeen Afaan Oromoo Yuunivarsiitiin Finfinnee naaf barreesse qabachuun BBO yoon deeme iyyuu, silaabasiin qophaa'ee harka isaanii kan hinjirre ta'uu naaf ibsanii jiran. Ammas abdiin osoo hinkutatatin Gurraandhala, 4/ 2016 yeroon hojii koo gorsaa kootti argisiisuuf yeroon dhufetti kallattii isaan naaf eeran irratti hundaa'uun darbaa dabarsaan silaabasii kana

argachuun hanqina gama kanaan mul'ate fureera. Walumaagalatti, hanqinaalee qorataa mudatan haaluma asii olitti ibsameen furuun qorannoon kun hojjetameera.

1.7 Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan geggeeffame yoo ta'u, boqonnaa 1^{ffaa} keessatti: ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa keessatti gaaffilee bu'uura qorannichi nideebisa jedhamee yaadaman dhiyaataniiru. Kaayyoon qorannichaas, kaayyoo gooroofi gooreetti qoodamanii dhiyaatanii jiru. Faayidaan qorannichaas, bu'aawwan qorannicha irraa ni'argamu jedhamee yaadamu tarreessuun kan qindaa'e yoo ta'u, daangaafi hanqinni qorannichaas duraa duubaan dhiyaataniiru. Boqonnaa lama keessatti sakatta'insi barruufi barruun walfakkii kan dhiyaate yoo ta'u, faayidaafi akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo sakatta'uun yaada beektotaan walqabsiisuun duraaduubaan dhiyaatee jira. Boqonnaan sadii mala qorannichaa yoo ta'u, maddi ragaalee, malli filannoo iddattoofi iddatteessuu, malli funaansa odeeffannoofi meeshaaleen funaansa odeeffannoo, mala qindaa'inaafi qaaccessa ragaalee dhiyaataniiru. Boqonnaa afur keessatti xinxalli ragaa dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB kutaa 12^{ffaa} keessatti argaman tokko tokkoon dhiyaataniiru. Dhuma irratti gudunfaafi yaboon qorannichaa boqonnaa shan keessatti qindaa'ee kan dhiyaateedha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

2.1. Yaaxxina Qorannichaa

Boqonnaa kana keessatti maalummaa xinjechaa, maalummaa dhamjechaafi qabiyyee dhamjechootaa Afaan Oromoo KB keessatti dhiyaatanii jiran akkamitti dhiyaatanii akka jiraniifi dhiyaachuu akka qaban yaadolee hayyootaan walqabsiisuun dhiyeessuudha. Yaaxinni qorannoo kanaas, yaaxina caaseffamaati. Chomesky (1965:163), “Yaaxinni caaseffamaa seeraafi caasaa afaanii ibsuu irratti xiyyeeffata,” jedha. Kanaaf, qorannoon kunis, caasaa qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo KB keessatti argaman waan ibsuuf yaaxina kan gargaarameera.

2.2 Xinjecha (Morphology)

Xinjecha jechuun dameewwan xinqooqa gooree (micro linguistics) keessaa tokko ta’ee, saayinsii caasaa jechootaa qo’atuudha. Katamba (1993:3) “Morphology is the study of the internal structure of words or simply a term for that branch of linguistics which is concerned with the form of words in different uses and constitutions “ jedha. Kana jechuun, xinjechi haala qindaa’ina keessoo jechootaa kan qoratu yookaan moggaasa damee xinqooqaaf kenname ta’ee, haala ijaarsa unka jechoota adda addaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Akkasumas, boca, qabiyyee fi caasaa jechoota afaan tokko keessa jiran tokko tokkoon qo’achuu irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanaaf, jechoota bu’uuraa (basic words) afaan tokko keessa jiran bu’uureffachuun jechoota lakkoofsaan daangamaleessa ta’an ijaaruun nidanda’ama. Jechoota kana ijaaruufis ta’e, isa ijaarame hubachuuf dubbataan afaanichaa ga’umsa niqabaata jedhama (Addunyaa 2012:88). Walumaagalatti, xinjechi saayinsii afaanii waa’ee caasaalee jechootaa, akkaataa hormaataafi uumama dhamjechootaa gadifageenyaan qo’atuudha. Bu’aan qorannoo xinjechaa barnoota afaanii keessatti qabus:

Guddinaafi Dagaagina Afaanii Dabala - Xinjechi guddinaafi dagaagina afaan tokkoo keessatti haala uumamaafi hormaata jechoota afaan sanaa waan qo’atuuf barbaachisummaan isaa ol’aanaadha: yaadrimeewwan jechoota haaraaf bakka bu’aa barbaaduu, galmee jechootaa qopheessuu, waaltina jechootaaf haala mijeessuu; akkasumas, caasaa afaan tokkoo kan sadarkaa jechaa adda baasa jedha Addunyaan (2013:2).

Haala Ijaarsa Jechootaa Qorata – Xinjечи haala ijaarsa jechootaafi dhamjechootaa kan qo’atuudha (Misgaanuu, 2012:100). Kanaaf, jechi tokko dhaamsa tokko yookaan tokkoo ol of keessatti qabaachuu kan danda’u dhamjechoota waliin yoo seeraan qindaa’eedha. Fakkeenyaaf: jecha “saroota” jedhu yoo fudhanne dhaamsawwan lama dabarsa. Kan jalqabaa ‘saree’ kan jedhu beelada mana eegdu, miila afur qabduufi yeroo bineensa argitu duttu; kan lammataa ‘-oota’ kan jedhu lakkoofsa danuu tokkoo ol ta’uu mul’isuudha. Kanaaf, xinjечи haala ijaarsaafi hiika jechootaa adda baasee qo’ata .

2.3. Dhamjecha

Dhamjечи qaama xiqqaa afaanii ofdanda’ee dhaabbachuun hiika tokko qofa kennuufi hirkatee argamuun tajaajila caasluga adda addaa argisiisuuf ooluudha. Hockette (1970:123), “Morphemes are the smallest individually meaningful elements in the utterance of a language,” jedha. Kana jechuun dhamjечи caasaa xiqqaa afaanii jechoota afaanichaa keessatti argamuun hiika laachuu danda’u jechuudha. Dhamjечи jecha sana keessatti of danda’ee hiika haaqabaatu malee yoo addaan qoodaman hiika hinqaban. Filee (2015:73), “Dhamjечи, jecha yookaan qaama jecha tokkoo ta’ee, hiika tokko qofaa kan qabu, caasaa afaanii keessatti murteessummaa ol’aanaa kan qabuufi waa’ee hiikaafi tajaajila jechaa kan ibsuudha” jedha. O’Grady (1996:112), “Morpheme is the smallest unit of language that carries information about meaning and grammatical function,” jedha. Kana jechuun, dhamjечи qaama xiqqaa afaanii ta’ee odeeffannoo hiikaa kan dabaluu fi tajaajila caaslugaa argisiisuuf kan ooluudha. Kanaafuu, unki xinqooqaa tokko addaan qoodamee hiika dhabeessa yoo ta’e; jecha irratti dabalamuun hiika jechichaa kan jijjiiru yookaan kan dabaluu fi tajaajila caaslugaaf kan oolu dhamjecha jedhama.

Hornby (2005:993), “Morpheme is the smallest unit of meaning that a word can be divided into one or different meaningful forms. The word ‘like’ contains one morpheme but ‘unlikely’ contains three morphemes,” jedha. Kana jechuun dhamjечи caasaa xiqqaa afaanii hiika qabu ta’ee, kan jecha tokko unkaalee hiika qaban tokko yookaan tokkoo olitti qoodee dhiyeessuudha. Afaan Inglizii keessatti jechi ‘like’ jedhu dhamjecha tokko kan qabu yoo ta’u, ‘unlikely’ kan jedhu immoo dhamjechoota sadii qaba. Kun immoo jechoonni afaan tokko keessa jiran dhamjecha tokkoofi isaa ol irraa ijaaramuu akka danda’an ibsa. Haaluma

kanaan, jechoonni Afaan Oromoo keessatti argamanis, dhamjechoota tokkoofi isaa ol irraa ijaaramuu danda’u. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, jechi ‘idilee’ jedhu dhamjecha tokko kan qabu yoo ta’u, ‘alidileessuu’ kan jedhu immoo dhamjechoota sadii {al-idilee-ssuu} kan jedhu qaba. As keessatti, ‘al-‘ kan jedhu ‘miti’ yaada jedhu yookaan faallaa idilee ibsa. Idilee kan jedhu immoo wanta sagantaan hojjetamu yoo ibsu, dhamjechi ‘-ssuu’ jedhu ammoo gochimeessituudha.

2.3.1 Tajaajila Dhamjechootaa

Dhamjechoonni caasaa barnoota Afaan Oromoo keessatti faayidaa isaan qaban hedduudha. Harmer (1987: 10) “It is clear that when we introduce a new piece of grammar we must teach not only the form, but also one of its function” jedha. Kana jechuun caasaa haaraa tokko yemmuu jennu kan barsiifamuu qabu unkaa qofaa osoo hinta’in, tajaajila hiikaa unkaan afaanii sun qabuudha. Tajaajila isaan qabanis asii gaditti bal’inaan ibsameera.

Looga Mul’isa. Dhamjechoonni Afaan Oromoo garaagarummaa loogaa adda baasee mul’isa.

Misgaanuu (2012:124) “*Loogni Afaan Oromoo akkuma sadarkaa sagaleefi jecha irratti argamu sadarkaa latii irrattis ni’argama. Fakkeenyaaf loogawwan heddumina argisiisan: gaaffilee (gaaffiiwwan), fardeen (faradoo), manoota (manneen) kitaabilee (kitaabota); akkasumas, abbummaa (possessiveness) kan argisiisan: Caalaaf (Caalaadhaaf), kitaaba koo (kitaaba kiyya), mana ishee (mana isii) kan jedhaniifi kanneen kana fakkaataniidha,*” jedha.

Kana jechuun, dhamjechoonni Afaan Oromoo danoomaafi abbummaa mul’isan looga kan argisiisan ta’uudha. Kunis, guddina barnoota Afaan Oromoofi dubbattoota afaanichaa biratti faayidaa ol’aanaa qaba.

Waalatina Afaaniif Gargaara - Dhamjechoonni waaltina Afaan Oromoo keessatti gahee murteessaa qabu. Kana jechuun afaan yoo ittiin barataniifi qoratan dhamsagni, latiifi jechi walduraa duubaan galuun haala itti fayyadama afaan sanaa niwaaltessu, (Abarraa 1999 32). Yaadni kun kan ibsu, dhamjechoonni waaltina afaanii keessatti gahee kan qaban ta’uudha. Fakkeenyaaf: dhamjechoonni danooma ibsan: kitaabota: kitaabilee; gaaffilee: gaaffiiwwan; fardeen: faradoofi kkf garaagarummaa loogaa waan mul’isaniif KB, QBfi kitaabilee deggersaa kanneen biroon waliin ta’uun caasaaleen jechootaa afaanicha keessatti argaman akka waalta’uu gochuun guddina Afaan Oromoof murteessaadha. Loogni sadarkaa

dhamsagaatti, dhamjechaafi jechaatti afaan tokko keessa jiraachuun isaa kan mirkanaa'u yoo kitaabni waaltessee dhiyeessedha. Kanaafuu, qopheessitoonni sirna barnootaa yaada kana hubannoo keessa galchuun kitaabilee barnootaa yeroo qopheessan bu'aa dhamjechoonni waaltina afaanii keessatti qaban waliin dhiyeessuun gaariidha.

Matima Mul'isu- Dhamjechoonni Afaan Oromoo maqaa irratti dabalamuun matima yookaan raawwataa gochaa ibsu. Fakkeenyaaf:

- 'Tolaan deeme,' hima jedhu keessatti dhamjechi {-n} matima mul'istuudha.
- "Manni ijaarame," hima jedhu keessatti dhamjechi "-ni" matima mul'istuudha.
- "Margi haamame," hima jedhu keessatti "-i"n matima mul'isti.
- "Lafni qotame," hima jedhu keessatti "-ni"n matima mul'istuudha (Addunyaa,2011:68).

Himoota kanneen keessatti jechoonni: manni, margi, lafti jedhan caasaadhaan yookaan bakka galumsaan matima, hiikaan yookaan tajaajilaan antimaadha,

"Maqaan hima keessatti yemmuu matima ta'ee galu, dhamjechoota kanneen akka: {-n, -ni, -tifi -i} maxanfatu; akkuma kana, antimni caasaadhaan bakka matimaa yammuu galu, matima mul'istoota kanneen nimaxanfatu. Dhamjechoonni {-ni, -ti, -i}n jechoota yookaan maqaalee sagalee gabaabaan xumuraman irratti kan fufaman yoo ta'an; dhamjechi {-n}n immoo maqaalee yookaan jechoota sagalee dheeraan xumuraman irratti fufama; akkasumas, maqaaleen sagalee dubbifamaa {-n}dhaan xumuraman akka matimaatti yookaan antimaatti yemmuu galan dhamjechoota dhokattoo (Ø) fufatu" jedha, (Geetaachoo, 2009:81-82).

Fakkeenya: 1. Finfinnen magaalaa guddoo Oromiyaati. 2. Namni niyaada.
3. Bishaan dhuge.

Akkuma fakkeenya kanarraa hubatamu, dhamjechi {-n} jecha sagalee dheeraan xumuramu irratti fufamee jira. Dhamjechoonni himoota 2^{ffaa} keessatti gurraacha'ee jiru sagalee gabaabaan xumuramu irratti fufamanii kan galan yoo ta'u; himni 3^{ffaa}n sagalee dubbifamaan waan xumuramuuf dhamjecha dhokata (Ø)fudhata.

Hennaa Argisiisu- Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni hennaa argisiisan gochimoota irratti fufamuun hennaa darbe, hennaa ammaafi hennaa dhufu ibsu. Kanaaf, dhamjechi hennaa darbe argisiistu dhamjecha {-e} yoo taatu, kunis, gochima muummeefi gargaartuu irratti galuu nidanadeessi. Fkn: deeme, gale, ture kan jedhan keessatti hundeen isaanii {deem-

, gal-, tur-} kan jedhan yoo ta’an; hennaa darbe kan mul’istu {-e}dha. As keessatti “deeme” kan jedhu gochima muumme yoo ta’u, “ture” kan jedhaman gochima gargaartuudha. Fkn: Tolaan deeme ture, hima jedhu keessatti {-e}n gochima muumme ykn gargaartuu keessa jirtu haala raawwii gocha hennaa darbee ibsiti. Dhamjechoonni gochima muumme irratti fufamuun gocha hennaa ammaafi dhufu argisiisu. **Fakkeenyaaf:**

- nidhuga; kan jedhu keessatti {ni- , -a},
- nideemti; kan jedhu keessatti {ni- , -i},
- nigalan; kan jedhu keessatti {ni-, (Ø)}, dhamjechoonni jedhaman

kunneen hennaa ammaafi dhufu kan mul’isaniidha. Hennaa dhufu keessatti immoo dhamjechoonni gocha raawwatamuuf deemuufi raawwatamuuf shakkisiisaa ta’e ibsu.

Fakkeenyaaf:

- Inni dhufuuf, gaalee jedhu keessatti dhamjechi {-uuf} jedhu gocha raawwatamuuf deemu kan ibsu yoo ta’u; 1. Inni nideema ta’a, {ni-...ta’a}, 2. Ani nan deema ta’a, {ta’a}; kan jedhan immoo gocha raawwatamuuf shakkisiisaa ta’e ibsu, (Geetaachoo, 2009:86-90). Kana malees, dhamjechoonni gochima muummeefi gargaartuu keessatti argaman waliin ta’uun haala raawwii murteessu. **Fakkeenyaaf:**

- A. Tulluun fiigaa oola; himni jedhu keessatti dhamjechoota {-aafi-a}n haala raawwii gocha fufiinsaan yeroo hunda raawwatamu ibsu.
- B. Tulluun fiigaa oole; hima jedhu keessatti dhamjechoonni {-aa}fi {-e}n haala raawwii yeroo darbee keessatti gocha fufiinsaan raawwatamaa ture ibsu.
- C. Tulluun fiigaa jira; hima jedhu keessatti dhamjechoonni {-aa}fi {-a}n yeroo ammaa kana gocha fufiinsaan raawwatamaa jiru ibsu, (Addunyaa, 2012:123). Kanaafuu, dhamjechoonni gochima muummeefi gargaartuu waliin ta’uun haala raawwii waan mul’isaniif adda ba’anii kitaaba barataa keessatti dhiyaachuu qabu.

Danooma yookaan Lakkoofsa Argisiisu - Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni danummaa maqaa ni’agarsiisu. “Dhamjechoonni kunneen unkaafi loogaan garaagarummaa haaqabaatan malee heddumina yookaan lakkoofsa danuu argisiisu,” jedha, (Geetachoo, 2009:100-103).

A. **(-oota / -ota)** - dhamjechoota kanneen wanti adda godhu sagaleen birsaga dhuma dura jiru gabaabbachuufi dheerachuudha. Sagaleen birsaga dhuma dura jiru gabaabaa yoo ta'e, “-oota”; dheeraa yoo ta'e immoo “-ota” fudhatu. Kun immoo namoota baay'ee biratti hubatamaa miti.

Fakkeenya: 1. Hoolaa= hoolota, -ota, 2. Harree= harroota, -oota

B. **(-lee)** - Dhamjechi kun birsaga sagalee dheeraan xumuramu waliin gala. Fakkeenyaaf:

1. warshaa = warshaalee, -lee
2. mallattoo = mallattoolee, -lee
3. lammii = lammiilee, -lee
4. Gaaffii = gaaffiilee

C. **(-een)** - Yeroo baay'ee jechoota sagalee gabaabaa qaban waliin gala. Fakkeenyaaf:

1. muka = mukkeen, -een
2. farda = fardeen, -een

D. **(-yyii)**- Kun immoo jechoota birsaga “-sa” n xumuraman irratti fufamee danooma mul'isa. Fakkeenya: 1. jaldeessa = jaldeeyyii, -yyii 2. waraabessa = waraabeyyii, -yyii

E. **(-wwan)** - Maqaa waliinii wajjin gala. Fakkeenya: 1. koree = koreewwan, -wwan

2. urjii = urjiiwwan, -wwan
3. garee = gareewwan, -wwan

F. **(-an)** – kun immoo jechoota haala armaan gadiin dhiyaatan irratti fufama.

Fakkeenya: 1. ilma = ilmaan, -an 3. eessuma = eessumman, -an

2. daa'ima = Daa'imman, -an
4. beera = beerran, -an

G. **(Oolii / Olii)** - Dhamjechoonni kunis dheerinaafi gabaabina sagalee birsagoota gama duraa jiran irratti hundaa'uun garaagarummaa argisiisuun danooma ibsu. Fakkeenyaaf:

1. soddaa = soddoolii, -oolii
2. gaangee = gaangolii, -olii
3. jaarsa = jaarsolii, olii

Dhamjechoonni haala kaneeniin lakkoofsa ibsuun afaanichaaf bu'uura. Geetahuun (1989:47),

“ Yeroo ammaa kana jechoota qooduuf wantoonni qabatamaa taasisan keessaa tokko unka.

Unka walfakkaataa kanneen fudhatan kallattii tokkoon ilaalamu,” jedha. Fkn: hoolaa, saree,

mana, mukaafi kkf dhamjechoota danooma mul'isan dhuma irratti waan fufataniif garee

maqaa waliinii jalatti ramadamu. Maqaaleen hundi dhamjechoota danummaa mul'isan

hin fufatan. Kanaaf, akaakuu maqaalee keessaa maqaan waliinii yookaan gamtaa (common

nouns) dhamjechoota danooma akka maxxanfatan ibsamee jira, (Abarraa 1999:22).

Fakkeenya: 1a. Saree jedhee Saroota jedha. (Maqaa waliinii)

- b. Gaangee jedhee gaangolii jedha. (Maqaa waliinii)

2a. Finfinnee jedhee Finfinnoota hinjedhamu. (Maqaa dhuunfaa)

- b. Caalaa jedhee caalota hinjedhamu. (Maqaa Dhuunfaa).

Kan biraan aadaa, seenaa, bishaan, aannan, biiftuu, ilkaan, lafaafi kkfn dhamjechoota danooma mul’isu hinfufatan. Sababni isaas, jechoonni kunneen ofdanda’anii yaada bal’aa ibsu. Egaa, dhamjechoonni kunneen hundi adda ba’anii faayidaa isaanii waliin kitaaba barnootaa kutaa 12^{ffaa} keessatti dhiyaachuun guddina caasaa afaanichaaf bu’aadha.

Walta’iinsa Matimaafi Gochimaa (Subject Verb Agreement) Argisiisu- Dhamjechoonni hima keessatti gochima irratti fufamanii argamuun walta’iinsa matimaafi gochimaa ibsu. Dhamjechoonni walta’iinsa matimaafi gochimaa (subject verb agreement); akkasumas, ramaddii akka agarsiisan; (Geetaachoo, 2009:107), fakkeenya waliin ibsee jira. Fakkeenya:

1. Nuti deemne, hima jedhu keessatti dhamjechi ‘-n’ eenyu akka deeme adda baasuuf galte. Akkasumas, lakkoofsa matimaafi gochimaa walsimsiisuun ramaddii agarsiisti.
2. Isheen deemte, hima jedhu keessatti, dhamjechi ‘-t-’ matimaafi gochima walsimsiisti.

Ramaddii Argisiisu- Hundee jecha tokkoo yookaan gochimootaa adda baasuuf ramaddiiwwan sadaniin qaaccessuun murteessaadha. Ramaddiin kun maqdhaalota bakka sadiitti qooduun hundee gochimootaa adda baasuufi horsiisuuf gargaaru, jedha, (Filee, 2015:72-73).

Fakkeenyaaf: Gabatee ramaddii maqdhaalotaa.

Ramaddii	Lakkoofsa	maqdhaal	Koorniyaa	jechoota	dhamjechoota	hundee jechaa
1 ^{ffaa}	Qeenxee	Ani	hinbeekamu	nyaadhe	nyaat-dh-e	nyaat-
	Baay’ee	Nuyi	hinbeekamu	nyaanne	nyaat-n-e	nyaat-
2 ^{ffaa}	Qeenxee	Ati	hinbeekamu	nyaatte	nyaat-t-e	nyaat-
	Baay’ee	Isin	hinbeekamu	nyaattan	nyaat-tan	nyaat-
nyaat-	Qeenxee	Inni	Dhiira	nyaate	nyaat-e	
	Qeenxee	Ishee	Dhalaa	nyaatte	nyaat-t-e	nyaat-
	Baay’ee	Isaan	hinbeekamu	nyaatan	nyaat-an	nyaat-

Gabatee kana irraa wanti hubatamu, dhamjechoonni hundee jechaa irratti dabalamuun lakkoofsa qeenxee fi danuu addaan baasu. Ramaddii 1^{ffaa} keessatti dhamjechi ‘-dh’ jedhu ani kan jedhu lakkoofsa qeenxee kan ibsu yoo ta’u, dhamjechi ‘-n-’ immoo lakkoofsa danuu ibsa. Ramaddii 2^{ffaa} keessatti, dhamjechi ‘-t-’ jedhu ‘ati’ kan jedhu lakkoofsa qeenxee yoo

ibsu, dhamjechi ‘-tan’ jedhu lakkoofsa danuu isin jedhu ibsa. Ramaddii 3^{ffaa} keessaatti dhamjechi lakkoofsa qeenxee koorniyaa dhiira mul’isu hinmul’atu. Dhamjechi ‘-t’n lakkoofsa qeenxee koorniyaa dhalaa yoo ibsu, ‘-an’ kan jedhu immoo lakkoofsa danuu isaan jedhu ibsa. Dhamjechoonni Afaan Oromoo gochima irratti fufamuun lakkoofsa qeenxee fi danuu maqdhaalotaa kan ibsan yoo ta’u, ramaddii 1^{ffaa} fi 3^{ffaa} koorniyaa dhiira addaan baasanii kan ibsan hinmul’atan. Ramaddii 3^{ffaa} koorniyaa dhalaa kan ibsu dhamjecha {-t} yoo taatu; ramaddii 1^{ffaa}, 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} qeenxee fi danuu keessatti dhamjechi koorniyaa dhiiraa ibsu hinmul’atu.

Firjecha Uumu- Dhamjechoonni Afaan Oromoo firjecha ni’uumu. Firjechi bifa dhamjechi tokko jechoota garaagaraa keessatti bakka walfakkaatu galuun dhiibbaa bakkicharraa irra gahuun argatuudha. Dhamjechoonni Firjecha walii ta’an kun bakka itti galaniin adda adda haata’an malee, tajaajila tokkoof dhaabbatu, Finch (2005:100) “Allomorphes are the physical realization of morphemes,” jedha. Yaadni kunis kan ibsu, firjechi dhamjechoota dhugoomsuuf ifatti kan mul’atan ta’uu isaati.

- Fkn:** 1. namoota, hoolota, jabboota 2. diimaa, gurraacha, sooressa
3. hinbeeku, himbeeku, hirrafne, hinrafne.

Fakkeenya sadan kenname keessatti unkaa garaagaraa haaqabaatan malee 1^{ffaa} keessatti dhamjechoonni argaman heddumina, 2^{ffaa} n koorniyaa, 3^{ffaa} n mormii argisiisuun hiika tokkoof waan dhaabataniif firjecha dhamjecha tokkoo yookaan looga afaanicha keessatti argaman waan ibsaniif kitaaba barataa keessatti dhiyaachuu gaarii ta’a.

Hi’eentaa Argisiisu - kana jechuun dhamjechoonni mormii yookaan faallaa yaadaa argisiisu. “Dhamjechoonni {al-, miti-} jedhan maqaa dura; {hin-} kan jedhu immoo gocha dura galuudhaan faallaa yaada duraanii ibsu,” jedha, (Filee, 2015:140).

Fkn: hinbaratu kan jedhu {hin-bar-at-u} kan qoodaman ta’ee; {hin-,fi -u}n hi’eentaa; {bar-}kan jedhu hundee jechaa; {-at-} kan jedhu immoo ofiif yookaan taasifataa argisiisu. Walumaagalatti, qabxiileen asii olitti bal’inaan dhiyaatan kunneen kitaaba barataa keessatti osoo dhiyaatanii faayidaa isaan guddina caasaa Afaan Oromoof qaban ol’aanaadha.

2.3.2. Akaakuuwwan Dhamjechootaa

Afaan Oromoo keessatti dhamsagoonni qindaa’anii caasaa hiika qabu tokko ijaaru; qofaa qofaa isaaniitti immoo hiika dhabeeyyiidha. Dhamsagoonni kunneen karaa seera qabeessa ta’een qindaa’anii caasaa xiqqaa hiika qabeessa ta’e dhamjecha uumu. Haala kanaan dhamjechi caasaa xiqqaa afaanii hiika qabeessa ta’eedha. Hiika qabeessa kan jedhameef, of danda’anii hiika kan kennan ta’uufi caasaa xiqqaa kan jedhameefis, gara dhamjechoota hiika qaban birootti qoodamuu waan hindandeenyeef jechuudha. **Fkn:** ‘dhagaa’ kan jedhu dhamjecha hiika qabuudha. Dhamjecha kana yoo addaan qoodne, dhamjecha hiika qabu kan biroo jecha kana keessatti argachuu hindandeenyu, (Geetaahun, 1989:43). “Dhamjechi hiika kan qabuufi kan hinqabne caasaa xiqqaa afaaniiti. Kana jechuun dhamjechoota hiika qabeessa ta’an birootti qoodamuu waan hindandeenyeef, dhamjechoota walabaafi hirkatoo jechuun bakka lamatti qoodamu,” jetti, (Maartaa,2006:7). Yaada kana keessatti akka hanqinaatti kan mul’atu, dhamjechoonni hirkatoon qofaatti adda ba’anii hiika yoo dhaban, jecha sana keessatti hiika waan laataniif, hiika kan hinqabne kan jedhame kun hiika dhamjechaaf kenname waan miidhuuf, hiikni isaanii tajaajila jechicha keessatti qaban irratti hundaa’a yoo jedhame gaarii ta’a. Kanaaf, dhamjechoonni hirkatoos ta’e walabni bakka jiranitti hiika kan laatan yoo ta’an; addaan qoodamanii hiika hinqaban. Haaluma kanaan, dhamjechoonni Afaan Oromoo akkuma dhamjechoota afaan biroo: tajaajila, unka, qabiyyeefi bakka galumsaa bu’uura godhachuun haala asii gadiin qoodamaniiru.

2.3.2.1 Bu’uura Unkaa yookaan Hiikaatiin - Unka yookaan hiika irratti hundaa’uun dhamjechoonni bakka lamatti qoodamu. Isaanis:

1. Dhamjecha walabaa
2. Dhamjecha hirkataa

2.3.2.1.1 **Dhamjecha Walabaa** - Dhamjechi walabaa of danda’ee hiika mataa isaa kan qabuufi dhamjechoota maxxanfachuuf banamaa kan ta’eedha. Maartaa, (2006:7) “Dhamjechi walabaa qofaa isaa dhaabbatee jecha hiikaa kennuudha,” jetti. Fakkeenyaaf: dhagaa, idilee, mucaa, karaa, bishaan, mataa, aannan, midhaan, kun, jala,..fi kkfn dhamjechoota walabaati. Kun kan ibsu, dhamjechoonni walabaa of danda’anii kan dhaabataniifi hiika mataa isaanii kan qaban ta’uudha. Abarraafi Kaawwan, (1998:38); Tolamariyam (2011:47) yoo ibsan “Latii yookaan dhamjechi walabaa qofaa isaa kan dhaabatu ta’ee, unka tokko qofaan

dhiyaata,” jedhu. Kana jechuun dhamjechoonni walabaa of danda’anii dhaabachuun hiika haaqabaatan malee, unka tokko qofa waan qabaniif yoo addaan qoodaman hiika qabaachuu hindanda’an jechuudha. Wanti Afaan Oromoo keessatti beekamuu qabu keessaa tokko garaagarummaa dhamjechaafi fufii yoo ta’u, dhamjechi of danda’ee hiika kan qabuudha. Fufiin garuu dhamjecha hirkataa waliin tokko waan ta’eef, hiika argachuuf hundee jechaatti maxxanee kan galu malee dhamjecha walabaa wajjin tokko miti. Garaagarummaan dhamjechaafi fufii kitaaba barnootaa kana keessatti haala kanaan adda ba’ee ibsamuun barattootaaf dhiyaachuu qaba. Yaaduma kana kan cimsu, “Dhamjechi walabaa: dhamjecha hiikaa (lexical morpheme)fi dhamjecha tajaajilaa (functional morpheme)-tti qoodamuu danda’u,” isaati, (O’Grady, 1996).

Dhamjecha Hiikaa - Kun akaakuu dhamjecha walabaa ta’ee qabiyyee mataa isaa kan qabuufi hiika tokko qofaaf kan dhaabatuudha, jedha, (Addunyaa,2013:10). Kun kan ibsu, dhamjechi kun hiika mataa isaa tokko qofa kan qabu ta’uudha. Fakkeenyaaf: Dhagaa, mucaa, karaa, bishaan, aannan, midhaaniifi kkfn dhamjecha hiikaati. Dhamjechoonni kun bakka antimaatti yoo galan fufii biroo kan hindabalanneefi bakka matimaatti, matima mul’istu kan fudhataniidha. Dhamjechoonni {-n}n xumuraman fufii kana mul’inaan hinfudhatan.

Dhamjecha Tajaajilaa - dhamjechoonni kunneen jechoota qabiyyee waliin tajaajila tokkoof kan oolaniifi tajaajila tokko argisiisuuf unka ofdanda’e kan qabaniidha, (Addunyaa,2013:12). Isaanis: durduubeewwan: irra, jala, gubbaa, bira, as, achi... kan jedhaniifi murteessitoota yookaan eertota: kun, sun, kana, sana...jedhaniidha. Dhamjechoonni kunneeniifi kkfn walhoruun tajaajila caaslugaa kan hinargisiisneefi yaasaan garee jechootaa jijjiiruu kan hindandeenyeedha. Kanamalees, akkuma dhamjecha hiikaa of danda’anii kan dhaabataniifi barnoota afaanii keessatti tajaajilaafi ibsa adda addaa kennuuf kan oolaniidha. As keessatti hanqinni mul’atu, dhamjechoonni tajaajilaa caasluga hinagarsiisan kan jedhuudha. **Fkn:**

1. Kun = **Kunneen**, 2. Kana = **Kanneen**fi kkfn danoomuun tajaajila caaslugaa argisiisaniiru.

2.3.2.1.2 **Dhamjecha Hirkataa** - Dhamjechoonni hirkatoon of danda’anii hiika kan hinlaanneedha. Haata’u malee, dhamjechoonni kun, jecha yookaan hundee jechaa irratti fufamuun, hiika jechaa dabaluufi garee jechaa jijjiiruun jechoota haaraa uumuu keessatti ga’ee qabu, (Jaarraa W.Bfi W.B Yaadatu 2008:83). Kana jechuun dhamjechoonni

hirkatoon of danda'anii hiika haadhaban malee, hormaataafi uumama jechootaa keessatti baay'ee murteessoodha. "Afaan Oromoo keessatti dhamjechi hirkataan yookaa fufiin qabiyyeefi tajaajila qaban irratti hundaa'uun: hundee jechaa (root), fufiilee (affixes): fufii duraa, gidduu, boodaafi naanneetti qoodamu," (Addunyaa 2013:28). Qoodaminsii kun haala kanaan haadhiyaatan malee fufiin gidduu Afaan Oromoo keessatti akka argamu hanga ammaatti qorannoon mirkaneesse hinjiru. Kana malees, yaada waraabbii olii keessatti hundeen jechaa akka dhamjecha hirkataatti ibsamee jira. Garuu, hundeen jechaa dhamjecha hirkataa osoo hinta'in qaama fufachuuf banamaa ta'eedha. Dhamjechi hirkataan yookaan fufiin hundee jechaa yookaan bu'uurhortee irratti dabalamuun hiika jechichaa kan jijjiiru yookaan tajaajila caaslugaa argisiisuuf kan ooluudha. Haaluma kanaan, dhamjechi hirkataan bu'uura tajaajilaa, bakka galumsaafi qabiyyee irratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodamuun dhiyaataniiru.

2.3.2.1.2.1 Bu'uura Tajaajilaan- Bu'uura kanaan dhamjechoonni hirkatoon bakka lamatti qoodamu.

Fufii Hortee (Inflectional Morphemes) - kun akaakuu dhamjecha hirkataa ta'ee, tajaajila caaslugaa argisiisuuf hundee yookaan bu'uura jechaa irratti kan fufamuudha. Tajaajila caaslugaa kanneen akka: koorniyaa, ramaddii, maayii (matima, antima, meeshaa), haala raawwii (kan raawwateefi hinraawwanne), lakkoofsa, hennaa kkf argisiisu. Tajaajilli akkanaa kun caasaa afaanii keessatti walta'iinsa matimaafi gochimaa, looga argisiisuu keessatti bu'aa ol'aanaa qaba, (Mitikkuufi Tashoomee 1992:28-31).

Fufii Yaasaa yookaan Uumamtee (Derivational Morphemes) - kunis, akaakuu dhamjechaa ta'ee, hundee jechaa irratti fufamuun gareefi hiika jechaa jijjiiruun jechoota haaraa uumuuf kan tajaajiluudha. Dhamjechoonni kunis, uumamsa jechootaa keessatti baay'ee murteessoodha. Haaluma kanaan, garee jechootaa jijjiiruun maqaalee addeessaafi gochimarraa uumuuf, gochima maqaafi maqibsa irraa uumuuf, addeessa gochima irraa uumuuf gargaaru, (Addunyaa,2012:123).

Fkn: gabatee jechoota yaasaan uumaman ibsu.

Jecha	garee isaanii	dhamjecha uumamtee	jecha uumame	garee jecha haaraa
Fure	Gochima	-maata	furmaata	Maqaa
furdaa	Maqibsa	-ina	furdina	Maqaa
saree	Maqaa	-oom-e	saroomme	Gochima
diimaa	Maqibsa	-at-e	diimate	Gochima
cime	Gochima	-aa	cimaa	Maqibsa
cabe	Gochima	-aa	cabaa	Maqibsa
Nama	Maqaa	-ummaa	namummaa	maqaa hinmul'anne

Gabatee kana irraa wanti hubatamu dhamjechoonni uumamtee garee jechootaa: gochima gara maqaatti, maqibsa gara maqaafi gochimaatti, maqaa gara gochimaatti kan jijjiiran ta'uudha. Addunyaa (2011:62), "Dhamjechoonni yaasaa gamiinsa yookaan guutummaa garee jechootaa nijjiiiru," jedha. Fakkeenyaaf: Nama jedhee namummaa kan jedhu maqaa mul'atu gara maqaa hinmul'annetti jijjiire malee garee jechichaa guutummaatti kan hinjijjiirre yoo ta'u; kanneen biroon jijjiiramaniiru. KBs haala kanaan fakkeenya ifa ta'e kennee, akaakuu dhamjechoonni hirkatoo bu'uura tajaajilaan qaban osoo dhiyeessee barsiisaafi barattoota mudatan furuuf gargaara. Kana jechuun kitaabicha keessatti hindhiyaanne jechuu osoo hinta'in ibsaafi fakeenya gahaa waliin dhiyaachuu qaba jechuudha.

2.3.2.1.2.2 Bu'uura Bakka Galumsaan - Bu'uura kanaan dhamjechoonni bakka garaagaraatti qoodamu. Maartaa (2006:7), "Gosoonni dhamjechoota hirkatoo bakka galumsaan: hundee jechaa dura, gidduu, booda, duraafi booda galuudhaan hiika jechichaa kan dabalani ykn jijjiiraniifi dhamjecha kana adda baasee kan ibsu sararaa xiqqaa (-) isaan fudhataniidha," jetti. Kanaaf, jechoonni baay'een qaamolee xixiqqaa kutaa jechootaa hiika qaban irraa ijaaramu. Yeroo kutaalee jechaa hiika qaban kana walitti fidnu hiika duraan qaban jijjiirrachuu danda'u. Kanaaf, hunda dura qaamolee xixiqqaa walitti dhufanii jechoota ijaaran kana adda baasanii beekuun murteessaadha. Isaanis: hundee jechaa, fufii duraa,

gidduu, boodaafi naanneen qaamolee waliin ta'uun jecha haaraa ijaaraniidha, jedha, (Mc Dougal, Littel 1989:336).

Hundee Jechaa (Root Word)- jechuun qaama jechaa kan dhamjecha ofitti hinmaxxanfanne yookaan handuura hiika jechaati. Mc GrawHill (2000:318), “Hundeen jechaa qaama murteessaa bu’uura hiikaa baatuufi of danda’ee dhaabbatu; fufiilee yaasaafi hortee fufachuuf dhamjecha banaa ta’eedha,” jedha. Egaa, hundeen jechaa bu’uura hiika jechaa ta’ee, dhamjechoota adda addaa fufachuun hiika jechaa kan dabaluu fi jijjiiruu danda’uudha. Kanaafuu, dhamjechoonni hundee jecha malee hiika qabaachuu hindanda’an. “Dhamjechoonni yaasaa hundee jechaa irraatti dabalamuun garee yookaan hiika jechootaa yoo jijjiiran; dhamjechoonni horteen: danooma, koorniyaa, ramaddii, yeroo, maqalaalee yookiin maayyiifi kkf argisiisuun caasluga dabaluu” jedha, (Filee 2015:71). Fakkeenyaaf: jecha ‘deeme’ jedhu keessatti dhamjechi {deem-} jedhu hundee yoo ta’u; dhamjechi {-e} hennaa darbe argisiisti. Dhamjecha {-aa} jedhu hundee jechaa kanarratti yoo dabalame maqaa “deemaa” jedhu uuma. Hiikni isaa, nama bakka tokkoo bakka biraatti socho’u jechuudha. Deem- kan jedhu immoo sochii bakka tokkoo bakka biraatti godhamuudha, (Geetaachoo 2009:59). Kunis, hundeen jechaa dhamjecha hirkataa osoo hinta’in qaama uunkaa dhaamsa tokko qofa qabuufi handuura yookaan bu’uura hiika jechaa ta’uu ibsa.

Fufii Duree (Prefixes)- kun birsaga tokko yookaan tokkoo ol kan qabu ta’ee, hundee jechaa dursee yookaan jalqaba jechaa irratti galuudhaan hiika hundee jechaa kan jijjiiru yookaan dabaluu dha, jedha, (Geetaachoo 2009:61).

Fkn: 1. sirrii x mitisirrii, miti-

2. idilee x alidilee, al-

3. barre x hinbarre, hin-, kan jedhan keessatti {miti-, al-, hin-} hundee jechaa dura galuun faallaa yaadichaa kan ibsaniifi hiika isaas kan jijjiiraniidha.

Fufii Giddee (Infix) - Hanga qorannoon mirkanaa’utti fufiin gidduu Afaan Oromoo keessatti akka hinargamne barreessitoonni Afaan Oromoo adda addaa ni’addeessu. Haata’u malee, akka fakkeenyaatti jechoota muraasa keessatti dhamjechoonni akka fufii gidduutti argaman nijiru.

Fkn: Farda = Faradoo, {-a-}

Dubra = Dubaroo, {-a-}

Korma = Korommii, {-o-}, kan jedhan keessatti dhamjechoonni {-a-, -o-} hundee jechaa addaan saaqanii gidduutti haa'argaman malee, hiikni isaan kennan ifaa waan hintaaneef dhamjecha gidduuti jechuun rakkisaadha, jedha, (Addunyaa 2013:18). Kanaaf, qorataan kunis, caasaaleen akka fufii gidduutti argaman kunneen tajaajilaafi hiikni isaanii ifaa waan hintaaneef, fufiin gidduu hiika laatu Afaan Oromoo keessatti akka hinargamne qorannoo isaa kanaan mirkaneesseera. Kan armaan olitti ibsaman looga afaanicha keessatti argaman ta'uu qorataan kun ibseera.

Fufii Duubee (Suffixes)- kunis, birsaga tokko yookaan tokkoo ol kan qabu ta'ee, hundee jechaa booda galuun hiika jechaa kan dabaluu yookaan jijjiiruudha. Fufiin kun hiika mataa ishee kan qabduudha. (Mc Dougal, Littel 1989:338). Fakkeenya: Kitaaba +-ota = kitaabota, Hoolaa + -ota = hoolota, kan jedhu keessatti {-ota} kan jedhu fufii boodaati. Afaan Oromoo keessatti fufiileen boodaa maqeessitoota, maqibseesitootaafi gochimeessitoota uumu.

- Fakkeenya: 1. Maqeessituu = {-ina}, jabina. 2. Addeessituu = {-aa}, Laafaa
 3. Gochimeessituu = {-oome}, Namoomaafi kkfdha.

Fufii Naanee (Circumfix) - kun hundee jechaa duraafi duubaan altokkotti galee hiika jechichaa kan jijjiiru yookaan dabaluuudha.

Fkn: caccabse, jecha jedhu keessatti:

- {ca-}, fufii duraa -{-s}, fufii siissee (gochimeessituu)
- {c-}, seera afaanichaa sirreessuuf, sagalee jabaa - {-e}, hennaa darbe
- {cab-}, hundee jechaa - {ca-, -s-e} fufii naanee.

Walumaagalatti, fufiileen Afaan Oromoo bakka galumsaatiin haala kanaa olitti ibsameen qoodamuu kan danda'aniidha, (John Atkins 1995). Bu'uuruma kanaan kitaaba barataa keessatti ifa ta'ee, fakkeenya gahaa waliin osoo dhiyaatee guddina caasaa afaanichaaf murteessaadha

2.3.2.1.2.3 Bu'uura Qabiyyetiin - dhamjechoonni qabiyyee qaban irratti hundaa'uun dhokataafi tajaajiltokkee jedhamuun bakka lamatti qoodamu.


Dhamjecha Dhokataa (Zero Morpheme) (Ø)- Kun tajaajilaan malee unkaan akka dhamjecha biroo hinmul'atu. Fakkeenya: 'Bite' kan jedhu keessatti dhamjechi ramaddii 3^{ffaa}

saala dhiiraa ‘inni’ jedhu mul’isu dhokatee jira. Kanaaf, dhamjechi tokko hiikaan mul’atee unkaan yoo dhokate dhamjecha dhokataa jedhama. (Addunyaa 2012:100).

Dhamjecha Tajaailtokkee- unka adda addaa qabaachuun tajaajila tokko qofaaf kan oolaniidha.

Fkn 1: alidilee, mitimootummaa, hinbaranne, jedhan keessatti dhamjechoonni gurraacchefaman unkaa adda addaa haaqabaatan malee tajaajila tokko qofa; faallaa yaada isa duraa ibsu.

Fkn 2: Namoota, Hoolota, Fardeen, gaaffilee, Gaangolii, Deebiiwwan ...kan jedhan keessatti dhamjechoonni gurraacheffaman qabiyyeen unka isaanii garaagara haata’u malee, tajaajilli isaanii danooma argisiisuudha, (Misgaanuu 2012:125). Walumaagalatti, akaakuu dhamjechootaa asii olitti ibsaman gabaabinaan:



Caatoon kun “ An Introduction to Language Development,” jedhu irraa Afaan Oromoon walqabsiisuun jijjiiramee kan fudhatame. (Robert E. Owens Jr. (1988:15)

2.4 Faayidaa Dhamjechoota Kitaaba Barataa Keessatti Dhiyeessuun Qabu

Dhamjechoota kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun caasaa guddina barnoota Afaan Oromoof murteessaadha. Nunan (1989), yoo ibsu, “Barbaachisummaan Caasaa Afaanii barsiisuun qabu inni guddaan caasaa afaanichaa eeganii waliigaltee uumuuf gargaara,” jedha. Kana jechuun matimaafi gochima walsimsiisuu keessatti gaheen caasaa afaanii ol’aanaa ta’uudha. Jecha tokko qorachaaf akkaataa sagaleeleen ittiin walitti dhufanii jechoota ijaaran ilaaluun murteessaadha. Dhamjechi hiika jecha tokkoo murteessuu keessattis ta’e, jijjiirama hiika jechaa fiduu keessatti faayidaa ol’aanaa waan qabduuf, kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun barsiisotaafi barattootaaf hubannoo uuma. Kaayyoo dhamjecha qo’achuun barbaachiseef keessaa tokko, caaseffama jechootaafi karaalee caasaaleen kunneen walitti dhufuun jechoota biroo uumuu keessatti hariiroo isaan waliin qaban ibsuuf gargaara, jedha, (Anderson 1992:7). Kanaaf, dhamjechoonni kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun barsiisonni qorannoo akka irratti geggeessaniifi barattoonni ijaarsaafi caaseffama isaanii akka baratan; akkasumas, unkaalee jechicha ijaaran gadifageenyaan akka beekaniif gargaara. Unkaalee jechaa beekuun immoo waa’ee dhamjechootaa tokko tokkoon ibsuu danda’uuf waan gargaaruuf kitaaba barataa keessatti qindaa’ee dhiyaachuun barbaachisaadha. Robert E. Owens Jr. (1988: 27) akka ibsetti, “Dhamjechoonni: hennaa, koorniyaa, lakkoofsa, ramaddii, argisiisuufi maqaa, maqibsaafi gochima horsiisuuf gargaaru,” jedha. Moggaasa maqaa dhala namaa fudhannee yoo ilalle hundee tokko irraa maqaaleen akka: Caalaa, Caalchisaa, Caaltuu, Caaltee, Caaliifi kkf ijaaruun kan danda’ameef sababa kanaafiidha. Kun immoo jechoota Afaan Oromoo guddisuu keessatti bu’aa inni qabu ol’aanaa ta’uun isaa beekamaadha. John Atkins (1995), “Caasaa caaslugaa kanneen akka: hennaa, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, garee jechootaa jijjiiraniifi kkf argisiisan barattootaaf ibsuun barsiisuun gaarummaa qaba,” jedha. Sababni isaas, sadarkaa kanatti, barattoonni caasaalee kanneen yoo baratan dandeettii afaan isaanii haalaan akka gabbifataniif gargaara.

2.5 Akkaataa Dhiyaannaa Dhamjechootaa Kitaaba Barataa Keessatti

Galma ga’iinsa baruu barsiisuuf akkaataan dhiyaannaa kitaaba barataa baay’ee murteessaadha. Kitaabni qophaa’u, sadarkaa barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyee barattoota mariisiisuuf mijatu; akkasumas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisu danda’u ta’uu qaba. Harmer (1987:47), “Kitaabni

qophaa'uu kan barattoonni daree barnootaa keessatti waliin mari'achaa yookaan haasa'aa akka baratan taasisu yoo ta'e gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta'uu danda'a," jedha. Kana jechuun qabiyyeen barnoota qophaa'uu kan barattoonni kallattiin irraatti mari'ataniifi fayyadama yookaan galumsa keessa akka barataniif kan qophaa'u ta'uu qaba. Dhamjecha Afaan Oromoos kallattiifi barreeffama keessatti dhiyeessuun akka barattoonni ofiin xiinxalanii wanta barbaadame bira ga'an gochuun nidanda'ama. Kitaaba barataa kutaa 12^{ffaa} keessattis karaa alkallattiin dhamjechoota adda addaa barreeffama keessa galchuun qophaa'ee osoo dhiyaatee barattoonni akka ofiin shaakalaniif waan gargaaruuf, dhuunfaan yookaan gareen hojjetanii hubannoo gahaa akka argataniif isaan gargaara. Akkaataa dhiyaannaa dhamjechootaa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'e yoo ilaalle immoo kallattiin ibsa laachuurratti waan xiyyeeffatuuf barattoonni akka ofiin hojjetan hintaasisu. Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kana bu'uura godhachuun qophii kitaaba itti aanuu keessatti haala olitti ibsame kanaan dhiyeessuu qabu.

2.5.1 Karaa Kallattii yookaan Ifa Ta'een - kana jechuun karaa ifa ta'een caasaa afaanii barsiisuu jechuudha. Harmer (1987:4) akka ibsetti, karaa kallattii ta'een caasaa afaanii barsiisuu keessatti barsiisaan mataduree qopheeffate sana erga ibsee booda, fakkeenya adda addaa kennuun barattoonnis fakkeenya kenname irratti hundaa'uun akka shaakalan godha. As keessatti kitaabni waa'ee dhamjechootaa irratti ibsa gahaafi ifaa ta'e kennuun dhiyaata jechuudha. Yaada kana gabbisuuf John Atkins (1995:41) irratti, dhamjechoota: hennaa, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, matima, garee jechootaa jijjiiran ilaalchisuun ibsiifi fakkeenyi gahaan kitaaba barataa keessatti qophaa'uun dhiyaachuu qaba jedha. Kun caasaa afaanii kallattiin barsiisuu waan ta'eef, ibsiifi fakkeenyi gaariin kitaaba keessatti qophaa'uun dhiyaachuu qaba jechuudha. Fakkeenyaaf; kitaabicha keessatti kan dhiyaatu dhamjechoota maqaa uumuuf gargaaran yoo ta'e, dura maalummaa dhamjechoota kanaa ibsuufi itti aansuun fakkeenya garaagaraa kennuun kan dhiyaatuudha. Barsiisaas ta'e barataan fakkeenya kenname kana hordofuun hojjetu jechuudha, jedha, (Tashoomaa, 2005).

2.5.2. Karaa Alkallattii- kun immoo deemsa keessa barattoonni caasaa afaanii akka baratan kan taasisuudha. Kunis, tooftaalee adda addaan dhiyaachuu danda'a.

2.5.2.1 Waliin Haasawaa yookaan Marii Gochuu Keessa- Harmer (1987: 42) akka ibsetti, kitaabni barattootaaf qophaa’u daree keessatti waliin mari’achaa yookaan waliin haasa’aa akka baratan kan taasisu yoo ta’e gaariidha. Faayidaan kanaas, caasaa afaanii barsiisuu qofa osoo hinta’in dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifatan isaan gargaara jedha. Kana malees, beekumsaafi muuxannoo barattoonni duraan qaban akka waljijjiiraniif waan gargaaruuf achi keessa dhamjechoota adda addaa barachuuf gargaara. Fakkeenyaaf; haasaawaa Afaan Oromoo nagaa walgaafachuuf geggeeffamu walsimsiisuu keessatti gahee dhamjechoonni qaban ol’aanaadha. Akkam bulte? Akkam bultan? Kan jedhan keessatti dhamjechoonni {-t}n matima ‘ati’ yookaan ‘isheen’ jedhu kan ibsan yoo ta’u; {-tan} kan jedhu immoo matima ‘isaan’ jedhu kan ibsaniidha. Tooftaan kun afaan kan ilaalu meeshaa waliigaltee ta’uu isaatiin waan ta’eef, barattoota irraa dandeettii xinqooqaafi waliigaltee gahaa ta’eetu eegama. Dandeettii xinqooqaa jechuun unkaa afaanichaa beekuu yoo ta’u, dandeettii waliigaltee jechuun immoo tajaajila afaanichaa beekuu jechuudha. Kanaaf, waa’ee dhamjechootaa waliin haasawaa keessa akka barataniif kitaaba barnootaa qopheessuun fudhatamummaa murteessaa qaba jechuudha.

2.5.2.2 Afoola Adda Addaan Walqabsiisuun Dhiyeessuu- qophii kitaaba barataa keessatti afoolawwan adda addaa kanneen akka oduu duriifi baacoon walqabsiisuun dhamjechoota dhiyeessuun haala salphaa ta’een akka barataniif gargaara. Brumfit C.J. fi R.A. Carter, (1986:17), “Biyyoota guddachaa jiran keessatti afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun isaa guddina afaanichaaf gahee guddaa qabaata; barnootichas baay’ee jaallatamaa taasisa; akkasumas, aadaa hawaasa afaan barataa sanaan walbarsiisa,” jedhu. Kanas gara keenyatti as fiduun afoola kanneen akka oduu durii keessatti faayidaafi akaakuu dhamjechootaa hammachiisuun kitaabilee barnootaa qopheessuun barattoota kan hawwatuufi si’eessu; akkasumas, aadaa hawaasa isaaniitiin walbarsiisa jechuudha. Kana malees, haala salphaa ta’een barruu qophaa’e keessatti waa’ee dhamjechootaa akka barataniif gargaara. Kanaaf, osoo afoola adda addaa kan akka oduu durii, mammaaksa, baacoofi kkf. keessatti dhamjechoota garaagaraa dhiyeessuun kitaaba barataa qopheessuun fudhatamummaan isaa ol’aanaa ta’a. Sababni isaas, afoola kana keessatti dhamjechoota hortee: danooma maqaafi maqibsootaa; ramaddiiwwan argisiisan; hennaa darbe, gocha raawwatamaa ture; matimaafi antima mul’istoota; walsimannaa matimaafi gochimaa mul’isan dhiyeessuun barsiisuun

nidanda'ama. KB akkaataa ibsame kanaan qindaa'ee dhiyaachuu dhabuun barattootaan hawwatamuu isaa xiqqeessuu danda'a.

2.5.3 Mala Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu - malli kun kan bu'uureffatu haala qabatamaa kitaaba barnootaa qophaa'uuti. Barattoonni maal beekuu qabu kan jedhu yookaan maal barachuu barbaadu kan jedhuun walsimsiisuudhaan qophaa'ee hojii irra ooluu qaba. Kan kun irratti xiyyeeffatu: fedhii barattootaa, haala qabatamaa Kana jechuunis, kitaabni barataa yeroo qophaa'u, qabiyyee isaa keessatti wantoota qabatamaan naannootti argaman aadaafi duudhaa hawaasaa barsiisu waliin walqabsiisuun dhiyeessuun bu'a qabeessa ta'uu isaa argisiisa. Dabalataanis, Caasaaleen haaraa yemmuu qophaa'an, unka afaanichaa qofa osoo hinta'in tajaajila unkaan afaanii sun ooluuf waliin walqabsiisuun qophaa'ee dhiyaachuu qaba, (Richards and Rodgers 2001:1). Kanaafuu, namni sirna barnootaa qopheessu: akkaataa uumamaa, seeraafi haala hormaata jechootaafi unka caasaa haaraa qophaa'u sanaa; fakkeenyaaf, unkaafi tajaajila dhamjechootaafi kkf irratti hubannoo gahaa qabaachuu qaba. Egaa kitaaba kana keessattis, faayidaa dhamjechootaa murteessuun dhiyeessuun kallattiin barumsicha qabatamaa taasisuuf gargaara.hawaasa naannoo, duudhaafi aadaa hawaasaati.

2.5.4 Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti (Inductive Method) Dhiyeessuu - Kunis adeemsa caasaan afaanii kitaaba keessatti ittiin qophaa'ee barsiifamu ta'ee, seera waan barachaa jiraniif akka ofii isaaniin bira gahan gochuuf gaaffilee murtaa'oo adda addaa ibsuun eegala. Dursa kitaabicha keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf waan dhiyaatuuf fakkeenya kenname irratti hundaa'uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa. As keessatti fakkeenya kennamu seera waliigala afaanichaa kan mata duree kenname akka barataniif gargaaruudha. Akka fakkeenyaatti waa'ee dhamjechoota danooma mul'isanii kan dhiyeessu yoo ta'e, kana irraa ka'uun waa'ee dhamjechoota waliigalaa akka ofiin barataniif kan qopheessu ta'uu qaba, (Fireman,2000:19).

2.5.5. Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti (Deductive Method) Dhiyeessuu - kunis, kitaabicha keessatti erga seerri murtaa'aan tokko ibsameen booda fakkeenyaifi gilgaalonni dhiyaatan karaa to'atamaa shaakalsiisuuf kan qophaa'uudha. Kunis, fakkeenyaan yoo ibsamu dhamjechoota maqibsa adda addaa uumuu keessatti tajaajila kennan erga ibsameen booda, fakkeenya bal'aa kennuun ibsuudha. Fakkeenya kenname kana irratti hundaa'uun barattoonni dhamjechoota biroo maqibsoota adda addaa kenname keessaa akka addaan baasaniif kan

shaakalsiisuudha, jedha, (Tashoomaa,2005:216). Kana jechuun dhamjechoota maqibsa uumuuf gargaaran erga ibseen booda, fakkeenya adda addaa kan dhiyeessuudha. Egaa, barattoonnis, gilgaala kitaabicha keessatti dhiyaate irratti hundaa’uun dhamjechoota maqibsa biroo uumuuf gargaaran jechoota kennaman keessaa akka addaan baasan shaakalsiisuuf kan qophaa’u ta’uu qaba jechuudha.

2.5.6 Ijaan akka Ilaalan Gochuufi Fakkeenyaan Kennuun Dhiyeessuu - tooftaan kunis caasaa afaanii barsiifamuuf qophaa’e fakkeenya kenname keessatti ijaan akka ilaalan kan taasisuudha. Harmer (1987:42) “Mataduree barsiifamuuf qophaa’e, himoota adda addaa keessa galchuun caasaa afaanii barsiisuun barbaadame sana gurraachessuun yookaan jala muruun ilaalani akka addaan baafatan mala taasisuudha,” jedha. Akka fakkeenyaatti dhamjechoota: hennaa, danooma, koorniyaa, ramaddiifi kkf. agarsiisan jala muruun kitaaba keessatti dhiyeessuun barattoonni haala salphaa ta’een caasicha akka baratan kan taasisuudha. Walumaagalatti, yaadolee hayyoota armaan olii irraa argame kan ibsu, barnoota afaanii keessatti tooftaalee adda addaa gargaaramuun caasaalee afaanii dhiyeessuun guddina afaanichaaf barbaachisaa akka ta’e cimsee argisiisa.

2.6 Seerota Qophii Kitaaba Barnoota Afaanii - Slobin (1978: 301) seerota qophii kitaaba barnoota afaanii torba ibsee jira. Isaanis:

- Jechoota afaanichaa irratti xiyyeeffachuu,
- Dhamsagoonni jechoota afaanichaa sirnaan qindaa’uu,
- Ijaarsa jechootaafi dhamjechootaaf xiyyeeffannoo kennuu,
- Irra deddeebiifi kan nama danqan caasaa xinqooqaa afaanichaa keessaa hambisuu,
- Hariiroo hiikaa jechootaa haala ifa ta’eefi qulqullina qabuun dhiyeessuu,
- Qabiyyee dhiyaachuu qabu guutummaan dhiyeessuu,
- Faayidaa hiikni caasaa afaanichaa waliin qaban adda baasanii ibsuu kan jedhaniidha.

Akkaataa qophii seerota kitaaba barnoota afaanii asii olii kana keessaatti mul’atutti, ijaarsa jechootaafi dhamjechootaaf xiyyeeffannoo kennuu kan jedhu kallattiin mata duree qorannoo kanaan waan walqabatuufi xinjecha jalatti waan qoratamaniif, qabiyyee barnoota Afaan Oromoo keessatti faayidaafi akaakuu dhamjechootaa ibsuu irratti xiyyeeffachuun KB qopheessuun barbaachisaadha. Harmer (1987:10) akka jedhutti, “ barsiisonni unka maalii akka barsiisaniifi unkichi tajaajila maaliif akka oolu murteessuun barbaachisaadha,” jedha.

Kana jechuun qophii KB keessatti tajaajilli unkaaleen dhamjechootaa jechoota garaagaraa keessatti argaman oolaniif maaliif akka barsiifaman tokko tokkoon ibsamee barattootaafi barsiisaaf dhiyaachuu qaba jechuudha.

2.7 Ulaagaalee Filannoo Kitaaba Barnootaa Gaarii

Richardsfi Renandyan (2002:65) “Kitaabni barnootaa, kan barsiisu qofa osoo hintaane; kan madaalus ta’uu qaba,” jedha. Bu’uuruma kanaan, kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee kanaa gadiitiin qophaa’uu qaba.

- Kitaabichi kaayyoo barnootichaa kan of keessatti hammate ta’uu qaba.
- Kitaabichi jiruufi jireenya barattootaa ilaalcha keessa kan galchu ta’uu qaba.
- Gilgaalaafi dalagaaleen adda addaa qabiyyee boqonnichaan walsimee dhiyaachuu qaba.
- Kitaabichi kan hamilee barattootaa ijaaru ta’uu qaba.
- Kitaabni barataa hawwataa ta’uufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta’uu qaba.
- Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa giddugaleessa godhachuu qaba. Egaa KB barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} bara 2005 qophaa’e kun dogoggora maxxansaa jechuun KBfi QB hanqina walsimannaa qabiyyee dhamjechootaa waan qabuuf xiyyeeffannoon itti kennamuun irra deebi’amee ilaalamuu qaba.

2.8 Ulaagaalee Madaallii Kitaaba Barnootaa Afaanii

Baruu barsiisuu keessatti qabiyyeen kitaaba barnootaa keessatti argaman yeroo yerootti madaalamaa deemuun kitaabicha haala yeroo faana fooyyessuuf murteessaadha. Kunis, hanqinaafi cimina jiru adda baasuun hanqina isaa fooyyessuun cimina isaa qabatanii itti fufuuf gargaara. Bu’a qabeessummaa kitaaba barnootaa tokkoof, kitaabichi ija ogummaatiin xiinxalamee erga madaalamee booda fooyya’uu qaba. Richards (2001:258), Conningsworth (1995), wabeffachuun, ulaagaalee kitaabni barnootaa ittiin madaalaman:

- Kitaabichi fedhii barattootaa; akkasumas, kaayyoofi galma barnoota afaaniitiin kan walsime ta’uu qaba.
- Dhimma barnoonni afaanichaa baratamuuf kan hojiirra oolchuufi barattoota bu’a qabeessa taasisee kan dhiyeessu ta’uu qaba.

- Adeemsa afaan baruu barsiisuu haalaan kan mijeessu ta'ee; tooftaa barsiisuu muraasaan kan hindaangeffamne ta'uu qaba.
- Barnooticha keessatti kan qophaa'uu qabu, qabiyyee afaanichaa kan barsiisuufi kan barataa giddugaleessa godhate ta'uu qaba.

Akkuma olitti ibsame tooftaan barsiisuu kallattii tokko qofaan kan dhiyaatu osoo hintaane, afoola adda addaa keessatti dhamjechoota dhiyeessuun barsiisuun akka danda'amu ibsa.

2.9 Sakatta'a Barruu Walfakkii

As keessatti waraqaaleen qorannoo mataduree qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban yookaan walfakkaatan qaacceffamanii dhiyaataniiru. Sakatta'a taasifameen, qorannoo kanaan guutummaatti kan walfakkaatanii hojjetaman kan hinargamne yoo ta'e iyyuu, matadurichaan walitti dhufeenya kan qaban dhiyaataniiru. Kanaaf, qorataan waraqaalee qorannoo garaagaraa hojjetamanii qorannoo kanaan walitti dhufeenya qabu jedhe sakatta'uun walitti dhufeenyaafi garaagarummaa isaanii adda baasee wanta fooyya'uu qabus haala kanatti aanee jiruun ibseera.

Qorannoon mataduree qorannoo kanaan walitti dhufeenya qabu kan jalqabaa, Ijaaraa (1999) "Haala Dhiyeenya Xinlatii Barnoota Afaan Oromoo: Manneen Barnootaa Qophaa'inaa Godina Baalee keessatti," hojjetameedha. Kaayyoon qorannichaas, haala xinjechi yookaan xinlatiin Afaan Oromoo manneen barnootaa Qophaa'inaa keessatti ittiin barsiifaman kan ibsuudha. Kunis, tooftaa xinlatiin daree barnootaa keessatti ittiin barsiifamuufi meeshaaleen barnootaa haala walfakkaatuun dhiyaachuu akka qabu dhiyeesseera. Qorannichis, sirna barnoota duraa yookiin isa moofaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} irratti kan gaggeeffameedha. Qorannicha keessatti, faayidaafi akaakuun dhamjechootaa, akkaataa dhamjechoonni KB keessatti ittiin dhiyaachuu qaban, garaagarummaan KBfi QB keessa jiru ilaalchisee wanti ibsame hinjiru. Qorannoon kun immoo mataduree "Qaaccessa Dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti," jedhu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, kaayyoon isaa faayidaa, akaakuufi qabiyyee dhamjechootaa Afaan Oromoo KBfi QB keessatti akkamiin akka dhiyaatan, garaagarummaa KBfi QB gidduu jiru sakatta'ee kan ibsuufi akkamiin dhiyaachuu akka qaban bal'inaan lafa kaa'eera. Hanqinaalee kitaabicha

keessatti argamaniifi dhamjechoota kitaabicha keessatti hinhammatamin hafan adda baasee ibsuun furmaata isaa waliin dhiyeessee jira..

Qorannoo kanaan walitti dhufeenya kan qabu, kan lammaffaa, Kabbadaa (2006) mataduree “Qaaccessa Dhiyaannaa Xinjechaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa},” jedhu irratti kan dhiyaateedha. Qoratichis, haala dhiyaannaa jechootaafi dhamjechootaa walbira qabuun kan dhiyeesseedha. Dabalataanis, akkaataa dhamjechoonni qabiyyee barnootaa kutaalee kanneenii keessatti dhiyaatan kan adda baaseefi faayidaa dhamjechootaa muraasa: danooma, hennaa, koorniyaafi ramaddii kanneen argisiisan qaaccessera. Haata’u malee, qorannicha keessatti karaalee dhamjechoonni ittiin dhiyaachuu qaban, dhamjechoonni hirkatoon akkamiin akka qoodamuu qaban, dhamjechoota kitaabicha keessatti hindhiyaatin hafan osoo ibseera ta’ee gaariidha ture. Qorannoon “Qaaccessa Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa kutaa 12^{ffaa} keessatti,” jedhu kun immoo dhamjechoota Afaan Oromoo Kutaa 12^{ffaa} keessatti argaman qofa qaaccessessee kan dhiyeesse yoo ta’u, faayidaa dhamjechootaa adda baasee bal’inaan kan ibseefi dhamjechoota kitaabicha keessatti hinibsamin hafan fakkeenyaaf dhamjechoota: looga afaanii, waaltina afaanii, hi’eentaa, ramaddii, walta’iinsa matimaafi gochimaa, firjichafi kkf argisiisan qaaccessessee dhiyeessee jira. Kanamalees, karaalee dhamjechoonni kun itti dhiyaachuu qaban bal’inaan fakkeenya waliin ibsee furmaata isaas dhiyeesseera.

Kan saddaffaa, qorannoo Saamu’eel (2007) mata duree, “Qaaccessa Jechaafi Himaa Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 10^{ffaa}” jedhu keessatti dhamjechoota ilaalee jira. Haata’u malee, akaakuu dhamjechootaa bakka lamatti qooduun: hirkataafi ofdanda’aa; akkasumas, horteeffii uumamtee jechuun ilaale malee, qaaccessa gadifageenya qabu hingeggeessine. Qorannoon kun immoo dhamjechoota Afaan Oromoo gadifageenyaan xiinxaluun hiika isaan qaban, faayidaa, akaakuufi akkamitti akka dhiyaachuu qaban tokko tokkoon ibsee jira. Kana malees, garaagarummaa KBfi QB gidduu jirus adda baasee ibseera.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

Boqonnaa kana keessatti: saxaxaafi irraawwatama qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala filannoo iddattoo, meeshaalee funaansa ragaalee, malleen qaaccessa odeeffannoofi akkaataa odeeffannoon ittiin qaacceffaman duraa duubaan dhiyaateera. Adeemsa qorannoo kana keessatti qoratchi, qorannoo akkamtaa yookaan qulqulleeffataa fayyadameera. Creswell (2007:40) mala kana yoo ibsu, “We conduct qualitative research because we need a complex, detailed understanding of the issues and allowing to tell the stories what we have read in literature,” jedha. Kana jechuun qorannoon akkamtaa kan geggeeffamuuf dhimma walxaxaafi hubannoo gadifageenyaa barbaaduufi seenaa wanta sanaa ilaalchisuun sakatta’a barruu irraa yaada argameen dhugoomsuuf gargaara. Sababa qorataan mala kana filateefis; malli kun gaaffiiwwan “Maaliif? Akkamitti?” jedhuuf deebii laachuuf carraaqa. Dabalataanis, dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa. Zulton (2007:19) qorannoo akkamtaa yoo ibsu, “Qualitative research involves data collecting procedures that result primarily in open-ended non numerical data which is analyzed by non statistical methods” jedha. Kanaaf, qorataan kun qorannoo kana geggeessuuf, dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti argaman sakatta’uufi afgaaffii banamoo hincaaseffamne barsiisotaaf dhiyaatan qaaccessessee ibsuuf mala kanatti gargaarameera. Maloota qorannoo jiran keessaa qorataan mala ibsaati gargaarameera. Sababni isaas, odeeffannoo KBfi QB keessaa sakatta’amaniifi afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate qaaccessessee ibsuuf mala mijataadha. Kanaafuu, qorataan kun odeeffannoo kaayyoo qorannoo isaa galmaan ga’an kitaabicha keessaa sakatta’uun erga addaan baaseen booda, odeeffannoo kitaabicha keessaa argate afgaaffii barsiisotaan gabbisuun ibseera.

3.1 Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun qorannoo jiran keessaa qorannoo akkamtaa (qualitative research) ta’ee, saxaxa ibsaan ibsamee dhiyaateera. Cohen, Manion and Morrison (2005:73), saxaxi qorannoo tokkoo kaayyoo isaan murtaa’a; kaayyoon qorannoo tokkoos saxaxaafi mala qorannichaan murtaa’a, jedhu. Kanaaf, kaayyoon qorannoo kanaa faayidaafi akaakuu dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti haala akkamiin akka argaman qaaccessuun odeeffannoo kitaaba kana sakatta’uufi afgaaffii barsiisotaa irraa argame ibsuu

irratti waan xiyyeeffatuufiidha. Akaakuun qorannoo kanaas, dameewwan xinqooqaa keessaa xinqooqa ibsaa (descriptive linguistics) gargaarameera. Sababni isaas, “Xinqooqni ibsaa faayidaafi caasaa afaanii karaa loogii hinqabneen ibsuu irratti ibsa gahaa laata; dhamsagaa kaasee caasaa afaanii hanga himaatti jiran irratti xiyyeeffachuun ibsa kenna,” (Misgaanuu 2012:90). Kanaaf, dhamjechoota Afaan Oromoof caasaa afaanichaa irratti hundaa’uun ibsa gahaa kennuuf damee xinqooqaa keessaa dameen kun filatameera. Bu’uura yoomeessa uumamaatiin qorataan KBfi QB bara 2005 qophaa’e irratti hundaa’uun afgaaffii barsiisotaan gabbisuun qorannoo isaa geggeesseera. Kanaafuu, odeeffannoo KB, QBfi afgaaffii barsiisotaa irraa argachuuf: meeshaalee funaansa ragaalee, mala filannoo iddattoo, mala qindaa’inaafi qaaccessa ragaaleetti gargaarameera.

3.2 Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti geggeeffame kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaafi Silaabasii kutaa 12^{ffaa} irratti ta’ee, boqonnaalee 18 kitaabichi qabu keessa boqonnaalee 5: 2, 3, 5, 6fi 7 gilgaalota dhamjechoota Afaan Oromoo keessatti argaman waliin adda ba’ee dhiyaateera. Qabiyyeen dhamjechootaa kitaabicha keessatti dhiyaachuu; haala akkamiin akka dhiyaatanii jiraniifi hanqinaaleen mul’atan sakatta’uu irratti xiyyeeffata. Kana malees, garaagarummaa KB, QBfi Silaabasii keessatt mul’atan adda baasee ibsuu irratti xiyyeeffatee raawwatame. Kaayyoo kana dhugoomsuuf barsiisota mana barumsa Qophaa’inaa Manasibuu, Najjoofi QilxuKaarraa dhiira 4fi dhalaa 2, waliigala barsiisota 6f afgaaffii dhiyeessuun irratti raawwatameera. Sababa kitaabaafi matadureen kun filatameef, bara 2006 irraa eegalee kitaaba kana barsiisaa waanan jiruuf, akkaataa dhamjechoonni Afaan Oromoo KBfi QB keessatti dhiyaatanii jiran garaagarummaa waan qabuuf; qabiyyeen dhamjechoota dhiyaatanii muraasa ta’uufi ibsi bal’inaan kennamee waan hindhiyaanneef rakkoolee kanneenfi kkf furuuf filatameera.

3.3 Madda Ragaa

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf, maddi ragaa tokkoffaa qorataan dhimma itti ba’e, sakatta’a dokimentii jechuun: KB, QBfi SB kutaa 12^{ffaa}dha. Xiyyeeffannoon isaas, dhamjechoonni kitaabicha keessatti argaman: boqonnaalee qabiyyeen dhamjechootaa keessatti dhiyaatee jiru; faayidaafi akaakuu dhamjechootaa achi keessatti dhiyaatanii jiran;

hanqinaalee gama dhamjechaan KBfi QB keessatti argaman sakatta'uun ibsuudha. Dastaan (2013:195) “Odeeffannoon kitaaba qorannichi irratti geggeeffamuuf filame keessaa argama,” jedha. Kanaaf, qorataan KBfi QB akka madda ragaa tokkoffaatti itti gargaaramee qorannoo kana geggeesseera. Kana malees, kaayyoo qorannichaa dhugoomsuuf afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateera. Sababni KBfi QB sakatta'uu biratti afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateef, qorannichaa qaaccessa faayidaafi akaakuu dhamjechootaa KB kutaa 12^{ffaa} keessatti jedhu irratti waan geggeeffameef barsiisonni kitaabicha barsiisaa jiran hanqinaalee gama dhamjechootaan kitaabicha keessatti argaman adda baasanii ni'ibsu jedhameeti.

3.4 Iddattoofi Mala Filannoo Iddattoo

Qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu argachuuf qaamoleen kallattiin mataduricha waliin walitti dhufeenya qaban: KB, QBfi SB kutaa 12^{ffaa}fi barsiisota kutaa kana barsiisaa jiraniidha. Kanaaf, qorataan kitaabilee barattootaa jiran keessaa KB kutaa 12^{ffaa} iddatteeffateera. Addunyaa (2011:20) “Qorannoo akkamtaa keessatti, qorataan odeeffannoo gadifageenya qabu argachuuf sakatta'a dokimentiitti dhimma ba'uudha,” jedha. Kanaaf, iddattoon qorannoo kanaa KBfi QB kutaa 12^{ffaa} yoo ta'u, afgaaffiin barsiisota mana barumsaa Qophaa'inaa Mana sibuu, Najjoofi QilxuKaarraa kutaa 12^{ffaa} barsiisaa jiran dhiira 4fi dhalaa 2 carraa malee akkuma jiranitti fudhachuun iddatteeffateera. Sababa barsiisonni mana barumsaa kanneen irraa akka filataman ta'eefis, barsiisonni mana barumsaa tokko irraa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} barsiisan muraasa ta'uufi mana barumsaa baay'ee keessatti geggeessuuf yeroo barnootaafi rakkoon baajetaas kan jiru ta'uudha. Boqonnaalee dhamjechi keessatti argamuufi barsiisota kanneen filachuuf iddatteessuu miticarraa keessaa akkaayyoo fayyadameera. Sababni isaas, kaayyoo barbaadame galmaan ga'uuf malli kun baay'ee murteessaadha. Berg (2001:32), “We developing a purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population” jedha. Kanaaf, qoratichis, KBfi QB irratti xiyyeeffachuun afgaaffii barsiisotaan deggeruun qorannoo isaa geggeesseera.

3.5 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman qaaccessa KB, QBfi afgaaffii barsiisotaa yoo ta'an duraa duubaan asii gaditti dhiyaataniidha.

3.5.1 Sakatta'a Kitaaba Barataa Kutaa 12^{ffaa}

Maddi meeshaalee funaansa ragaalee kan jalqabaa qorannoo kana galmaan ga'uuf filatame sakatta'a KB kutaa 12^{ffaa}ti. Kitaaba kana keessattis boqonnaalee dhamjechoonni keessatti argaman: boqonnaa 2, 3, 5, 6fi 7, adda ba'anii sakatta'amaniiru. Kunis bal'inaan kan irratti xiyyeeffatu, faayidaan dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabicha keessatti haala akkamiin dhiyaatee akka jiru adda baasuufi ibsa dabalataa kennuu, akaakuun dhamjechootaa unkaan: dhamjecha walabaafi hirkataatti qoodamuufi fakkeenya kenname; bakka galumsaan, tajaajilaafi qabiyyeedhaan haala akkamiin qoodamanii akka jiran, ibsaafi fakkeenya kenname adda baasuu; hanqinaalee jiran sakatta'uun dhamjechi KB keessatti haala akkamiin dhiyaachuu akka qabu ibsuudha. Waliigalaatti, dhamjechoonni Afaan Oromoo KB keessa jiran maal akka fakkaataniifi akkamitti akka dhiyaatan kan keessatti sakatta'amaniidha.

3.5.2 Sakatta'a Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 12^{ffaa}

Maddi odeeffannoo kan lammaffaa qorannoo kana galmaan niga'a jedhamee filatame sakatta'a QB kutaa 12^{ffaa} yoo ta'u; kunis, kan irratti xiyyeeffatu dhamjechoonni KB keessatti dhiyaatanii jiran QB keessatti akkamiin dhiyaatanii akka jiran kan adda baasuudha. Kunis, garaagarummaa KBfi QB gidduu jiru sakatta'ee ibsuu irratti xiyyeeffata. Kana jechuun ibsaafi fakkeenya KB keessatti kennamee jiruufi deebii yookaan ibsi QB irratti kennamee jiru garaagarumma qabaachuufi dhabuu isaa adda baasa. Kanaaf, qorataan ragaalee kana lamaan afgaaffii barsiisotaaf dhiyaateen walbira qabuun qaacessee dhiyeesseera.

3.5.3 Afgaaffii Barsiisotaa

Qorannoo kana geggeessuuf qorataan gaaffilee banamoo ka'umsaafi kaayyoo qorannichaan walqabatan baay'inni isaanii 11 ta'an qophaa'anii barsiisotaaf afaaniin dhiyaataniiru. Sababa gaaffileen kunneen barsiisotaaf qophaa'anii dhiyaataniif yaada qorataan KBfi QB irraa argate cimsuuf; akkasumas, kan qorataan kitaabicha keessaa sakatta'ee bira hinga'in hafe dabaluuuf gargaara jedhameeti. Afgaaffiin kunis, odeeffannoo KBfi QB irraa argame waliin walfaana bakka tokkotti qaacceeffameera.

3.6 Adeemsa Funaansa Ragaalee

Qorataan mataduree “Qaaccessa Dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti” jedhurratti qorannoo geggeessuuf Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi fookilooriitti dhiyeffatee, matadurichi mirkanaa’ee xalayaan deggersaa erga kennameefii booda, gorsaa waliin walarguun adeemsa hojii ittiin eegal irratti ibsa fudhachuun, gara biyyaatti deebi’uun hojii isaa eegaleera. Xalayaan kunis odeeffannoo hojii qorannoo kanaaf barbaachisu bakkaafi qaama barbaachisoo ta’an bira deemanii argachuuf kan gargaaruudha. Qorataanis, dhamjechoota kitaabicha keessatti argaman sakatta’uun erga adda baafateen booda yaxxinaalee kaayyoo qorannicha galmaan ga’u jedhee yaadu qabachuun barruulee adda addaa matadurichaan walitti dhufeenya qaban Afaan Oromoo, Afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraan barreeffamanii jiran sakatta’uun qorannicha geggeesseera. Haala kanaan ragaaleen funaanamanii qorannichi geggeeffameera.

3.7. Malleen Qaaccessa Ragaalee

Akkuma armaan olitti ibsame qorannoon kun qorannoo akkamtaadha. Dastaa (2013:29), Odeeffannoon qorannoo akkamtaatiin funaanamu mala ibsaatiin akka akka dhiyaatu ibsee jira. Odeeffannoon argames ragaan deggeramanii ibsuun barbaachisaa akka ta’es ni’ibsa. Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman qaaccessa KBfi QB kutaa 12^{ffaa}fi afgaaffii barsiisotaati. Odeeffannoo argaman kanneen kaayyoo qorannichaa bu’uura godhachuun, haala walitti dhufeenya qabaniin walitti fiduun ragaalee argaman bifa barreeffamaatiin qindaa’anii dhiyaateera. Kunis, qabiyyee, unka, tajaajila, bakka galumsaafi faayidaalee dhamjechoonni Afaan Oromoo qaban sakatta’amanii qaacefamuun dhiyaataniiru. Haaluma kanaan ibsaafi hiikni bal’inaan itti kennamee barreeffamaan qindaa’ee yaada hayyootaan deggeramee boqonnaa itti aanu keessatti dhiyaateera.

BOQONNAA AFUR: XINXALA RAGAA

Boqonnaa kana keessatti qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB kutaa 12^{ffaa} keessatti argaman: tajaajilafi akaakuun isaanii: unka yookaan hiikaan, tajaajilaan, qabiyyeefi bakka galumsaan qaban duraa duubaan dhiyaateera. Kana malees, dhamjechoonni KBfi QB keessatti dhiyaatan walsimannaafi garaagarummaa qabaachuu isaanii ilaalamuun, hanqina mul'atuuf furmaanni isaa kan keessatti dhiyaatuudha. Xinxalli kunis kan taasifameef, silaabasiin 1-4 haaraan qophaa'ee jira. 5-8 daangaafi tartiibni caaslugaa taa'eefii jira. 9-12 kan durii haaromfamuun haaraan itti fufee akka qophaa'uuf qaaccessi kun taasifameera. Kanaaf, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} keessatti qabiyyeen dhamjechootaa argaman sakatta'uun hanqina jiru adda baasee furmaata isaa waliin qorannoon kun dhiyeesseera.

4.1 Xinxala Qabiyyee Dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB Kutaa 12^{ffaa}

Tajaajilaafi akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB kutaa 12^{ffaa} keessatti argaman qofa qofaatti addaan qooduun afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate waliin xinxalli isaanii haala kanatti aanee jiruun geggeeffameera.

4.1.1 Xinxala Faayidaa Dhamjechootaa Afaan Oromoo KBfi QB Kutaa 12^{ffaa}

Dhamjechoonni barnootaa Afaan Oromoo keessatti faayidaa isaan qaban keessaa muraasni: matima, danummaa yookaan baay'ina, hennaa, koorniyaa, ramaddii, looga yookaan haala walii galtee hawaasaa, matimaafi gochima walsimsiisuufi kkf ibsuuf gargaaru. Kanneen kunis gabaabinaan haala kanatti aanee jiruun qaaccessi isaanii dhiyaateera.

4.1.1.1 Dhamjechoota Matima Mul'isan – Kitaaba barataa keessatti dhamjechoota matima mal'isaniin qabiyyeen walqabatan: Boqonnaa 2, Barannoo 2, Caasluga, Gilgaala 4, fuula 22 irraa eegalee mataduree maqaafi gosoota isaa jedhu keessatti, faayidaan fufiilee, akkaataa fufiilee itti fudhataniifi bakka argama isaaniitiin maqaa jala galu jechuun haala kanatti aanee jiruun dhiyaatee jira.

Fakkeenya- A 1. Tufaan manneen lama ijaarrate.

2. Oromiyaan guddina misoomaatiin daran tarkaanfachaa jirti, (KB, F=22).

Himoota armaan olii lamaan keessatti ‘Tufaafi Oromiyaa jechoonni jedhan bakka matimaatti matima mul’istuu {-n} fudhachuun kan mul’ataniidha,’ jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu faayidaa dhamjechootaa keessaa tokko matima mul’isuuf kan oolan ta’uudha. Dhamjechoonni matima mul’isan kunis karaa boodaa maqaa irratti fufamu.

Fakkeenya B.

1. Utubaan manaa abbaa warraafi haadha warraati.
2. Mootiin kabaja biyyaati.
3. Godaansi uummataa baay’inaan gara magaalatti.
4. Lafti magaalaa akka baadiyaa bal’ina hinqabu, (KB, F=22).

Himoota kanneen ilaalchisee deebiin QB irratti kennamee jiru, ‘himoota kanneen keessatti: utubaan, mootiin, godaansiifi lafti {-n, -i, fi -ti} fufachuun maqaa ta’an,’ jedha, QB (F=23-4)

Hanqina- Jechoonni asii olitti ibsaman kunneen fufiilee kana osoo hinfufatin gareen isaanii maqaa akka turan ibsamuu qabu turan. Fufiileen kunneen maqaan tokko akka matimaatti kan tajaajilan ta’uu isaa ibsa malee, maqaa gara maqaatti kan jijjiiran maqeessitoota miti. Maqaan hima keessatti jalqaba himaarratti argamuun dhamjechoota matima mul’isan {-n, -ni, -tifi -i} fufachuun qaama gocha raawwatu (matima) ta’u, (Geetaachoo, 2009:81). Kanaaf, fakkeenya KB gilgaala kana keessatti kennameefi deebiin QB irratti kenname kan walhinsimne waan ta’eef, qaamni dhimma kana irratti hojjetu walsimsiisee osoo dhiyeessee gaarii ta’a.

Cimina- Akka ciminaatti as keessatti wanti ilaalamu, matima mul’istoota adda baasee ibsuu isaati. Akka waliigalaatti; matima mul’istoonni maqaa haadhoo, uumamteefi maqaalee dhamjechoota hortee fudhachuun uumaman irratti kan mul’atan ta’uufi gahee isaan barnoota afaanii keessatti qaban hiika yookaan garee jechootaa jijjiiruu osoo hinta’in caasaa afaanichaa sirreessuuf: raawwataa gochaa (matimaa), kan gochi irratti raawwatame (antima)fi lakkoofsa yookaan heddumina maqaa kan argisiisan irratti dabalamee galuu danda’u.

Fakkeenya C

1. Tolaan deeme.
2. Hoolaan qalame, hoolaanan kan jedhu caasaan antima, bakka jiruun matima.
3. Namoonni dhufan.

4.1.1.2 Dhamjechoota Henna Mul'isan - Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni henna argisiisan gochimoota irratti mul'atu. Dhamjechoonni kunis, gochimoota gargaartuufi muummicha irratti fufamuun henna darbe, henna ammaafi henna dhufu ibsu, jedha, (Geetaachoo, 2009:86). Dhamjechoonni hennaalee argisiisan kun KB keessatti haala akkamiin akka dhiyaatanii jiran asii gaditti qaacceffamee dhiyaateera.

Fakkeenya A: 1. Kaleessa mana barumsaa deeme.

2. Bor Finfinnee dhaqa.

Kitaaba barataa boqonnaa 3, barannoo 2, gilgaala 5, shaakala henna fuula 33 irratti fakkeenya kenname keessatti: faayidaa dhamjechoota {-e, -a} yoo ibsu, {-e}n gocha raawwatame (perfective aspect); {-a}n gocha hinraawwatamne (imperfective aspect) ibsuuf gargaara jedha. Wanti raawwatame tokko yeroo itti raawwatame qaba. Kun immoo {-e}n henna darbe, {-a}n ammoo henna egeree akka ibsan kitaabni kun lafa kaa'ee jira. Dhamjechi {-a} bor kan jedhu waliin haala raawwii henna dhufuu akka ibsu qorataan kun ibseera. Yaada kana irraa wanti hubatamu faayidaa dhamjechootaa keessaa tokko henna ibsuudha. Haaluma kanaan, QB fuulli 31 irratti kaayyoo guddaan gilgaala kana haala raawwiifi yeroo raawwii dhamjechoonni argisiisan adda baasuuf akka ta'e ibsee jira. Afaan Oromoo keessattis, fufiin haala raawwii darbee mul'istu {-e} yoo ta'u, haala raawwii hindarbinee kan mul'isan immoo {-a, -i, -u} ta'uu danda'u jedha. Dhamjechoonni yeroo argisiisanis, {jir-fi tur-} kan jedhuudha jedha.

Fakkeenya B: 1. Deema jira.

2. Deeme ture.

3. Deemuuf jira. (QB fuula 31). Fakkeenya 1^{ffaa} kana keessatti dhamjechoonni {-aa, jir-, -a} haala raawwii gocha raawwatamaa jiruu, fakkeenya 2^{ffaa} keessatti {-e, tur-} haala raawwii gocha darbee, fakkeenya 3^{ffaa} keessatti tajaajila dhamjechoonni jala muraman argisiisan ibsamee hinjiru. Haata'u malee, dhamjechoonni jala muraman kun {-uuf} gocha fuulduratti raawwatamuuf deemu yoo ibsu {jir-, a} gochichi haaraawwatamus, haadhiisus yeroo ammaa kana irraa kan eegaluu ta'uu isaa ibsa. Kanaaf, wanti qaaccessa kana irraa hubatame KBfi QB dhamjechoota henna ibsan haala asii gadiin tokko tokkoon yoo ibsu baateyyuu haala kanaan dhiyeessuun isaa gaariidha. Faayidaa dhamjechoonni henna argisiisuu keessatti qaban, (Geetaachoo, 2009:86-90) yoo ibsus,

1. Gocha hennaa darbee, {-e} , Fkn: Mucaan rafe.
2. Gocha hennaa ammaa, kan yeroo hundaafi fuulduraa, {ni- ... -a(-i)},
Fkn: Ganama ganama mana barumsaa **nideema(ti)**.
3. Gocha hennaa ammaafi fuulduraa yookaan yeroo dhufuu, -uuf,
Fkn: Finfinnee deemu**uf**.
4. Gocha raawwatamaa ture,{-aa ... -e}, Fkn: Caalaa barachaa ture.
5. Gocha raawwatamaa jiru, {-aa ... -a(-i)}, Fkn: Caalaan barachaa jira.
6. Gocha fuulduratti fufiinsaan raawwatamu, (-aa ...-a,} Fkn: Bor sirbaa oola.

Qorataanis, dhamjechoonni hennaa haala asii olii kanaan dhiyaachuun gaariidha jedhee waan yaaduuf, KBfi QB keessatti bifa kanaan osoo dhiyaate, barattoonni faayidaa dhamjechoonni hennaa ibsu keessatti qaban karaa salphaa ta'een nihubatu. Kanaaf, dhamjechoonni caasaa hennaalee argisiisan tokko tokkoon adda ba'anii haala qindaa'aa ta'een KBfi QB keessatti walsimsiisanii dhiyeessuun guddina caasaa barnoota Afaan Oromoof murteessaadha.

4.1.1.3 Dhamjechoota Walsimannaa Matimaafi Gochimaa Mul'isan - Kitaaba barataa boqonnaa 6, gilgala 5 fuula 63 shaakala walsimannaa jedhu keessatti gaheen dhamjechootaa osoo dhiyaatee barbaachisaadha. Haata'u malee, walsimannaa matimaafi gochimaa keessatti gahee dhamjechoonni qaban kitaabicha keessatti wanti ibsamee dhiyaate hinjiru.

Fakkeenya: A

1. **Dabalaan** haadha isaa waliin gara mana barumsaa deeman.(Hanqina walsimannaa matimaafi gochimaa qaba).
2. **Dabalaan** haadha isaa waliin gara mana barumsaa deeme. (Walsimatee jira).
3. **Dabalaafi haati isaa** gara mana barumsaa deeman. (Walsimatee jira).
4. **Badhaatuun** buna dhugde. (Walsimataadha). Hima isa jalqabaa dogoggora kan taasisse walsimannaa matimaafi gochimaa yoo ta'u, himni matimni isaa lakkoofsa qeenxee ta'e, gochima qeenxeedhaan xumurama. Akkasumas, himni matimni isaa lakkoofsa danuu ta'e, gochima danummaa mul'isan waliin galu. Himni tokkoffaan asiin oliitti argamu matima qeenxee fi gochima danuun ijaaramee waan jiruuf walsimannaa hinqaban. Dhamjechoonni hima keessatti gochima irratti fufamanii argamuun walta'iinsa matimaafi gochimaa ibsu. Himoota keessatti matimaafi gochimni walsimannaa qabaachuun ergaa darbu guutuu waan taasisaniif gaariiddha. As keessatti immoo gaheen dhamjechoonni Afaan Oromoo qaban baay'ee ol'aanaadha. Kanaafuu, dhamjechoonni matimaafi gochima walsimsiisuu keessatti

bakka guddaa qabu. Yaaduma kana ilaalchisuun afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate irraa deebiin argames, dhamjechoonni Afaan Oromoo caasaa afaanichaa walsimsiisuu keessatti gahee isaan qaban xiqqaa akka hintaane ibsaniiru. Yaadni isaan kennanis:

- Ergaan guutuu ta'e tokko akka darbuuf gargaara.
- Matimaafi gochima walsimsiisa.

Fkn. “Barattoonni barachaa jira,” kan jedhu walsimannaa matimaafi gochimaa hinqabu.

- Matima mul'istuu hima tokko keessaa adda baasa. Tolaan deeme; kan jedhu keessatti kan gurraacha'e dhamjechi {-n} matima mul'isa.

- Tajaajila caasluga adda addaa argisiisuuf gargaara. Henna, koorniyaa, haala raawwii, danooma, ramaddii, hormaata jechootaafi kkf walsimsiisee dhiyeessa, jedhan.

Hanqina - KBs ta'e, QB yaada kana bal'inaan waan ibsee dhiyeesse hinqabu. Kun immoo miidhaa fidu qabaa kan jedhuuf sadarkaan kun bakka itti barattoonni yuunivarsiitii seenuuf itti of qopheessan waan ta'eef, hubannoo gahaa akka hinarganne isaan taasisa. Gaaffii kanaafis, yaadni barsiisota hundarraa argame walfakkaataa waan ta'eef bakka tokkotti cuunfamee dhiyaateera. Kanaafuu, matimaafi gochima hima tokkoo kan walsimsiisuu danda'u dhamjecha waan ta'eef, qopheessitoonni sirna barnootaa kana hubannoo keessa galchuun qophii KBfi QB keessatti dhamjechoota kana hammachiisanii osoo dhiyeesanii gaariidha.

4.1.1.4 **Dhamjechoota Loogaafi Abbummaa Argisiisan** - Dhamjechoonni looga yookaan haala waliigaltee hawaasaa irratti kan hundaa'uufi abbummaa niargisiisu. Mitikkuufi Tashoomee (1992:28-31) irratti, dhamjechoonni, caasaa afaanii keessatti abbummaafi looga argisiisuu keessatti bu'aa ol'aanaa akka qaban ibsanii jiru. Haata'u malee, kun KB keessatti hindhiyaanne.

Fakkeenya: **A** 1. Gaaffii = gaaffilee (gaaffiwwan)

2. Kitaaba = kitaabilee (kitaabota),

3. **Kooti (kiyya)**; kan jedhan keessatti dhamjechoonni fakkeenya 1^{ffaa} fi 2^{ffaa}

Keessatti gurraacheffamanii dhiyaatan looga yookaan haala waliigaltee hawaasaa keessatti mul'atu irratti hundaa'ee danooma kan argisiisan yoo ta'an, fakkeenya 3^{ffaa} immoo abbummaa argisiisa. Yaaduma kana, Misgaanuu (2012:124) “Loogni Afaan Oromoo akkuma sadarkaa sagaleetti argamu sadarkaa latiittis ni'argama. Fakkeenyaaf loogawwan heddumina

argisiisan: gaaffilee (gaaffiwwan), Fardeen (faradoo), kitaabilee (kitaabota); akkasumas, abbummaa (possessiveness) kan agarsiisan: Caalaaf (Caalaadhaaf), kitaaba **kooti** (kitaaba **kiyya**) kan jedhaniifi kkfdha,” jedha. Yaaduma kana ilaalchisuun afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate irratti dhamjechoonni kitaabicha keessatti argaman looga kan mulisan yoo ta’u; kitaabicha keessatti kun tajaajila akkanaaf oola jedhamee wanti ibsamee dhiyaate hinjiru jedhan.

Fakkeenya A1: 1. Danooma kan ibsan;

- mana jedhee manoota yookaan manneen;
- kitaaba jedhee kitaabota yookaan kitaabilee jechuun;

Fakkeenya A2: 2. Meeshaa gochi ittiin raawwatame kan ibsan;

- eeboon yookaan Eeboodhaan
- qawween yookaan qawweedhaan jechuun kitaabicha keessatti dhiyeessuun kan

danda’mu ta’uu isaaniiti. Kun immoo guddina caasaa afaanichaaf gargaara; akkasumas, irra deddeebii yaadaa nihambisa jedhan. Egaa dhamjechoonni looga argisiisan tajaajila akkanaa waan qabaniif KBfi QB keessatti ibsamani dhiyaachuun guddina caasaa Afaan Oromoof murteessaa akka ta’e ibsaniiru. Qorataan kunis yaada barsiisota kanaa cimsee darbeera.

Hanqina: akkama olitti ibsame dhamjechoonni loogaafi abbummaa mul’isan ibsamani kan hindhiyaanne ta’uudha.

4.1.1.5 **Dhamjechoota Waaltina Afaanii Argisiisan** – Kan jechuun garaagarummaa loogaa mul’atu keessaa bakka baay’eetti tajaajila kan kennu KB keessatti dhiyeessuu jechuudha. Abarraa (1999; 22), “Dhamjechoonni waaltina afaanii ibsuu keessatti gahee isaan qaban xiqqaa miti. Afaan yoo barataniifi qoratan dhamsagni, latiifi jechi walduraa duubaan galuun haala itti fayyadama afaan sanaa niwaaltessu,” jedhu. Kanaaf, dhamjechoonni waaltina afaanii waan argisiisaniif KB keessatti adda ba’anii osoo dhiyaatanii garaagarummaa gama kanaan jiru dhiphisuuf gargaaru.

Fakkeenya: A

1. Dhamjechoota danooma argisiisan:

- kitaaba jedhee Kitaabota, kitaabilee;
- gaaffii jedhee gaaffilee, gaaffiwwan;
- farda jedhee fardeen, fardoofi kkf garaagarummaa loogaa waan

mul'isaniif KB, QB, SBfi kitaabileen deggersaa kanneen biroos (reference books) yaada kana walbira qabuun akka afaanichi waalta'uuf qopheessanii dhiyeessuun guddina caasaa Afaan Oromoof murteessaadha. Loogni sadarkaa dhamsagaatti, dhamjechaafi jechaatti afaan tokko keessa jiraachuun isaa kan mirkanaa'u yoo kitaabni waaltessee dhiyeesseedha. Kun immoo Oromiyaa bal'oo keessatti garaagarummaa loogaa mul'atu walitti fidee dhiphisuuf gargaara. Addunyaan (2013:2), "Looga afaan tokko keessatti argaman walitti fidanii waaltesuun garaagarummaa jiru dhiphisuuf gargaara" jedha. Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa yaada kana xiyyeeffannoo keessa galchuun qabiyyee dhamjechootaa kitaaba barataa keessatti yoo qopheessan gaariidha. Yaada kana ilaalchisuun afaaffii barsiisotaaf dhiyaate irratti KB keessatti dhamjechoonni waaltina afaanii argisiisan dhiyaachuu dhabuun hanqina mul'atu ta'uu ibsaniiru. Haalli dhamjechoonni kunneen ittiin waaltina afaanii mul'isanis: danooma, meeshaa, antimaafi kkf irratti mul'atu jedhan. Kan danoomaafi meeshaa asii olitti kan ibsame yoo ta'u; akkaataa loogni antima irratti mul'atan asii gaditti dhiyaateera.

Fakkeenya B: isa; isaaf; isaatiif; isatti, kan jedhaniif

- isa, maqdhaala fufii hinmaxxamfanne (walaba)
- -f,fi-tiif; qaama gochi raawwatameef ibsa.
- -tti, qaama gochi itti raawwate ibsa.

Haala kanaan xiyyeeffannoon itti kennamee osoo dhiyaatee guddina caasaa afaanichaaf gargaara jedhan. Akkaataa namatti toluun dhamjechoota jijjiirree itti gargaaramuuf fayyada. Kun immoo, irra deddeebii yaadaa nihambisa jedhan.

Hanqina: Qabxiin dhamjechi waaltina afaanii ibsa jedhu kun kitaabicha keessatti ibsamee yookaan dhiyaatee waan hinjirreef osoo itti dabalamee dhiyaatee gaariidha.

4.1.1.6 **Dhamjechoota Hi'eentaa Argisiisan** - Dhamjechoonni hi'eentaa argisiisan KB, QBfi silaabasii keessatti adda ba'anii ibsamani hindhiyaanne. Haata'u malee, dhamjechoonni mormii yookaan faallaa yaada tokkoo argisiisu. "Dhamjechi {al-,} jedhu maqaa dura; {hin-} kan jedhu immoo gocha dura galuudhaan faallaa yaadichaa ibsu," jedha Filee (2015:140).

Fakkeenya A: Hinbaratu = {Hin-bar-at-u}

- ❖ hin- = hi'eentaa; -u = dhamjecha boodaa waliin ta'uun mormii ibsu.

- ❖ bar- = hundee jechaa
- ❖ -at = ofiif yookaan taasifataa agarsiisu. Dhamjechi {al-} jedhu

immoo alidilee, altokko, ... jechoota jedhan keessatti arganna jechuudha. Haaluma kanaan dhamjechoonni {hin-fi al-} jedhaman jecha dura galuun faallaa yaada duraanii ibsu. Kanaaf, dhamjechoota kunneen tajaajila isaanii waliin KB keessatti adda ba'anii osoo qophaa'anii dhiyaatanii dagaagina afaanichaaf gaariidha.

Hanqina: Qabxiin asii olitti ibsame kun KB keessatti waan hinibsamneef osoo itti yaadamee dhiyaatee gaarii ta'a .

4.1.1.7 Dhamjechoota Firjecha Argisiisan - Dhamjechoonni Afaan Oromoo firjecha ni'uumu. Firjechi bifa dhamjechi tokko jechoota garaagaraa keessatti bakka walfakkaatu galuun dhiibbaa bakkichatti irra gahuun argatuudha. Dhamjechoonni firjecha walii ta'an kun unkaan adda adda haata'an malee, tajaajila tokkoof dhaabbatu. Finch (2005:100) "Allomorphes are the physical realization of morphemes," jedha. Yaadni kunis kan ibsu, firjechi dhamjechoota dhugoomsuuf ifatti kan mul'atan ta'uu isaaniiti.

- Fakkeenya:A.** 1. namoota, hoolota, jabboota, fardeen, {-oota, -ota, -een}
2. hinbeeku, himbeeku, hirrafne, hinteenye, {hin-, him-, hir-}.

Dhamjechoonni fakkeenya 1^{ffaa} keessatti jala muraman heddumina; 2^{ffaa} keessatti kan jala muraman koorniyaa, 3^{ffaa} keessatti kan jala muraman mormii argisiisuuf galan. Fakkeenyi sadan asii olitti kennaman unka jechoonni kanneen qaban irratti hundaa'uun garaagarummaa haaqabaatan malee, hiika tokkoof waan oolaniif firjecha dhamjechoota afaan tokko keessa jiran ibsu waan ta'aniif, guddina afaanichaaf baay'ee murteessaadha.

Hanqina: Dhamjechoonni firjecha akka qabaatan KB, QBfi silaabasii keessatti ibsamani hidhiyaanne. Kun immoo sadarkaa Afaan Oromoo yeroo ammaa kana irra jiru waan hinibsineef KBfi QB keessatti dabalamanii dhiyaachuun osoo barsiifamanii gaarummaa qabaata. Faayidaa dhamjechoota Afaan Oromoo ilaalchisuun afaanichaaf barsiisotaaf dhiyaate irratti KB keessattis ta'e, QB keessatti akkaataa asii oliin qoodaminsii taasifame akka hinjirre ibsaniiru. Akka yaada isaaniirraa argametti dhamjechoonni looga, firjecha, walsimannaa matimaafi gochimaa, hi'eentaa argisiisan kitaabicha keessatti ibsamani hinjiran. Akkasumas, akkaataa dhamjechi kitaabicha keessatti antima mul'isu haala ifaa ta'een wanti ibsame hinjiru jedhan.

Fakkenya A: Mana kan jedhu keessatti {-a}n antima mul’istuu ta’uu wanti adda baasee ibsu hin jiru. Sababni isaas, mana jechi jedhu maqaa haadhoo waan ta’eef, as keessatti dhamjechi antima mul’isu hinjiru jedhan. {a}n sagalee dubbachiisaa “n” waliin galuun jecha mana jedhu uumaniidha. Kitaaba kana keessatti ibsamani kan jiran faayidaa dhamjechoota: koorniyaa, danooma ykn lakkoofsa, hennaa, haala raawwii, murteessituu, ramaddii, meeshaa, antimaafi matima kan argisiisan ta’uu QB ibsee jira jedhan. Kanaaf, qabxiileen olitti ibsaman osoo itti dabalamanii dhiyaatanii gaariidha jedhan. Qorataanis yaada isaanii kana kan jabeessuudha .

Kitaaba barataa boqonnaa 5, gilgaala 5 shaakala dhamjechootaa kan jedhu keessatti faayidaa dhamjechootaa ilaalchisuun wanti ibsame hinjiru. QB fuula 47 irratti “xiyyeeffannoon xinjechaa inni guddaan dhamjecha,” jedha. Dhamjechi immoo qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa kan unkaalee hiika garaagaraa qabutti qoodamuu akka hindandeenye ibsee jira. Qaama xiqqaa kana unka irratti hundaa’uun hirkataafi ofdanda’aa jechuun bakka lamatti qoodee jira. Haata’u malee, faayidaa dhamjechoonni caasluga argisiisuu keessatti qaban ibsee hinjiru.

Fakkeenya: B - QB fuula 48 irratti kan kennamanii jiran keessaa muraasni:

Jecha	Hundee	Fufii
1. Ibsaa	{ibs-}	{-aa}
2. Mummursiise	{mur-}	{mu-, -siis, -e}
3. Ijaare	{ijaar-}	{-e} , jechuun haala kanaan

kaa’amanii jiru malee tajaajila isaanii ilaalchisuun wanti ibsame hinjiru. Kanaaf, kun hanqina waan ta’eef, tajaajilaafi hiika dhamjechoonni kunneen qaban adda ba’ee KB ykn QB keessatti haala asii gadii kanaan ibsamee osoo dhiyaatee barattootaafi barsiisotaaf gaarummaa qabaata.

- ibsaa kan jedhu keessatti {-aa}, dhamjecha uumamtee gochima maqaatti jijjiirteedha.
- mummursiise kan jedhu keessatti {mu-} dhamjecha hortee ta’ee irra deddeebii gochaa yoo ibsu; {-siis} dhamjecha hortee (siissee) ta’ee qaamni gochicha raawwachiise jiraachuu, {-e}n gochichi hennaa darbe keessatti raawwatamuu isaa ibsa.

Walumaagalatti, dhamjechoonni hiika jecha tokkoo murteessuu keessatti gahee ol’aanaa qabu. Kun immoo walsimannaa matimaafi gochimaa, loogaafi waaltina afaanii dhiphisuuf,

hi'eentaa, koorniyaa, matima, antima, danooma, hennaa, ramaddiifi kkf waan ibsaniif caasaa afaanii barsiisuuf gargaaru. Haata'u malee, KBfi QB keessatti kanneen hinibsamin akka jiran mataduree asii olii keessatti xinxalli taasifame ibsee jira. Kanaafuu, faayidaaleen dhamjechootaa armaan olitti ibsaman kunneen KB kutaa 12^{ffaa} keessatti dhiyaachuun gudina caasaa Afaan Oromoo barsiisuuf waan gargaaraniif, qopheessitoonni sirna barnootaa akkaataa barbaachisummaa isaaniitti kitaabicha keessatti hammachiisuun qopheessanii dhiyeessuun qaama dhimmi isaa ilaalu biraan ga'uun gaariidha.

4.1.2. Xinxala Akaakuu Dhamjechoota Afaan Oromoo KBfi QB Kutaa 12^{ffaa}

Xinxalli mataduree kana jalatti dhiyaate kun akaakuu dhamjechootaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u; kunis, dhamjechoota walabaafi hirkatootti qoodee kan ilaaleedha. Dhamjechi walabaa of danda'ee dhaabachuun hiika mataa isaa kan qabu yoo ta'u; dhamjechi hirkataa immoo qofaa isaa of danda'ee dhaabachuun hiika kan hinlaanneedha. Kanaaf, dhamjechi hiika kan qabuufi kan hinqabne ta'ee, caasaa xiqqaa afaaniiti. Kana jechuun dhamjechi tokko, dhamjechoota hiika qabeessa ta'an birootti qoodamuu waan hindandeenyeef, dhamjechoota walabaafi hirkatoo jechuun bakka lamatti qoodamu," (Maartaa,2006:7). Dhamjechoonni kunneenis bifa ifa ta'een haalli qoodaminsa isaanii adda ba'anii osoo hinibsamin kitaabilee adda addaa keessatti: unka, tajaajila, qabiyyee fi bakka galumsaan qoodamanii kan jiran yoo ta'u; KBfi QB kutaa 12^{ffaa} keessatti bifa akkamiin dhiyaatanii akka jiraniifi akkamitti dhiyaachuu akka qaban qaaccessi isaa haala asii gadiin kan dhiyaateefi hanqina mul'atuuf furmaanni isaas eeramee jira.

4.1.2.1 Unka Irratti Hundaa'uun - Dhamjechoonni Afaan Oromoo unka qaban irratti hundaa'uun dhamjecha walabaafi hirkataa jedhamuun akka qoodaman qorannoo kana boqonnaa lama keessatti bal'inaan ibsamee jira. Yaada kana kan gabbisu, Maartaa (2006:7), unka irratti hundaa'uun dhamjechoonni walabaafi hirkatoo jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Kanneen keessaa dhamjechi walabaa qofaa isaa dhaabbatee jecha hiika kennuudha, jetti. Fkn: dhagaa, idilee, mucaa, karaa, bishaan, aannan, midhaan, kun, jala,..fi kkfn dhamjechoota walabaati. Kun immoo kan ibsu, dhamjechoonni walabaa of danda'anii kan dhaabataniifi hiika mataa isaanii kan qaban ta'uudha.

Dhamjechi hirkataa immoo qofaa isaa dhaabbatee hiika kan hiqabneefi jechicha keessatti hiika qabaachuu kan danda'u ta'uu ibsiti. Kanaaf, dhamjechi hirkataas tajaajila adda addaaf oola

jetti. Fkn: bineensota kan jedhu keessatti dhamjechi {-ota} jedhu, hirkataadha. Tajaajilli isaas, baay'ina ibsuun hiika jechichaa dabalee jira. As keessatti kan beekamuu qabu biroon maqaan waliinii dhamjechoota danooma mul'isan kan fudhatan ta'uudha. Haata'u malee, KB kun wanta kana waan kaase hinqabu. Abarraafi Kaawwan, (1998:38); Tolamariyam (2011:47) yoo ibsan latii yookaan dhamjechi walabaa qofaa isaa kan dhaabatu ta'ee, unka tokko qofaan dhiyaata, jedhu. Kana jechuun dhamjechi walabaa unka tokko qofa qaba jechuudha. Faallaa kanaan immoo dhamjechi hirkataan unka mataa isaa qofaatti akka hinqabne ibsanii jiru. Qorataa kanas ta'e, barsiisonni afgaaffiin kun dhiyaateef yaaduma olitti ibsame kana mirkaneessan.

Fakkeenya A: Kitaaba barataa boqonnaa 5, caasluga, shaakala dhamjechootaa gilgaala 5D, fuula 54 irratti dhamjechoota 'B'fi 'C' jalatti addaan baafta akaakuu dhamjechootaa armaan gadii jalatti ramadi jedhee haala kanatti aanee jiruun qoodee jira.

Gabatee-1 Akaakuu Dhamjechootaa KB Fuula 54 irratti Dhiyaate

Dhamjecha			
Hirkataa	Walaba	Hundee	Fufii

(KB fuula 54)

Gabatee-1 kana yoo ilaalle KB kutaa 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'e akaakuu dhamjechootaa Afaan Oromoo bakka afuritti qoodee jira. Haata'u malee, kitaaba kana irratti akaakuu dhamjechootaa haala asii oliin qoodaman kana jalatti fakkeenyi kennamee hinjiru. Kun dhibuun immoo barattoonni hubannoo akka hinarganne taasisa. Hubannoo barsiisonni akaakuu dhamjechootaa ilaalchisuun duraan qabanis akka harkaa waldha'u taasisa. Sababni isaas, akaakuun dhamjechootaa bakka lamatti kan qoodaman yoo ta'an as irratti bakka afuritti qoodamuufi dhamjecha hirkataafi fufii garaagara taasissee dhiyeessuudha. Garuu, dhamjecha hirkataafi fufiin garaagarummaa hinqaban.

Gabatee asii olii kanaaf deebiin QB fuula 48 irratti kenname haala kanatti aanee jiruun dhiyaateera.

Gabatee-2 Deebii Gaaffii KB Fuula 54f QB Fuula 48 Irratti Kenne

Dhamjecha			
Hundee	Hirkataa	Walaba	Fufii
fir-, nam-	-e, -am-,	sun	Hundeedhaan ala
ul- iyyee	-ummaa, -ss-,	keessa	dhamjechoota
kirkir- gurraa-	-i, -ch-	gara	hirkataan hundi
hojjet- godaan-	-a, -sa,		fufiidha, jedha.
muud- hor-	-maata		

(QB fuula 48)

KBs ta'e, QB haala kanaan dhamjechoota qoodee dhiyeessuun akaakuu dhamjechootaa waan dabale fakkaata. Sababni isaas, dhamjechoonni akka waliigalaatti walabaafi hirkataa yookaan fufiitti qoodamu, (Maartaa,2006:7). Fufiin dhamjecha hirkataadha. Hundeen bu'uura hiikaa kan fufii of irraa hinqabneedha. Gabatee kana keessatti hundeen jechaa adda ba'ee ibsamee jira. Haata'u malee, QB fuula 48 jalqaba irratti hundeen qaama jechaa fufii of irraa hinqabne ta'ee, Afaan Oromoo keessatti baay'een isaanii hirkataadha jedha. Hundeen hirkataadha yoo ta'e, hundee isa kamtu qaama jechaa isa kamitti hirkate kan jedhu gaaffii waan ta'uuf, osoo ilaalame gaariidha. Hundeen bu'uura hiika jechaati malee dhamjecha hirkataa miti, (Geetaachoo,2009:59). Yaadni waldha'aan akkasii KB keessatti dhiyaachuun barsiisaafi barataa waan dogoggorsuuf osoo haala kanatti aanee jiruun fooyya'ee dhiyaatee gaarummaa qabaata. Jechoota kennaman dhamjecha walabaafi hirkataatti akka qoodan erga taasissee booda, hundee jechaafi dhamjecha hirkataatti akka addaan qoodan taasisuudha. Kana malees, akkaataa dhamjechoonni gabatee kana keessatti argaman sararaa xiqqaa(-) itti fudhataniidha. Fkn: {-am-, -ss-, -ch-}; haala kanaan kan dhiyaatanii jiran kun dhamjecha gidduu isaan taasissee jira. Kanaaf, (-am, -ss, -ch) haala kanaan osoo dhiyaatanii dhamjecha boodaa ta'uun isaanii ifa ta'a.

QB fuula 47, dhamjechoota bu'uura unkaatiin hirkataafi walaba jechuun yoo qoodu: dhamjechi hirkataan of danda'ee kan hindhaabbanneefi qaama of danda'aa tokko kan barbaaduu ta'uu isaafi; dhamjechi walabaa ammoo of danda'ee kan dhaabbatu akka ta'e ibsee jira.

Fakkeenya: B.

Gabatee-3 Qoodamiinsa Dhamjechootaa Unka Isaaniitiin

Dhamjecha Walabaa	Dhamjecha Hirkataa
Kun	deem-
Kana	-oota
Keessa	-maata
Dheedhii	

Gabatee 3 kanaaf, ibsi kennamee jirus, dhamjecha hirkataas, hundee hirkataafi fufii jechuun bakka lamatti qooduu dandeenya. Hundeen qaama jechaa kan fufii ofirraa hinqabne yoo ta’u, Afaan Oromoo keessatti baay’een isaanii hirkatoodha. Fufiin ammoo, jechatti fufamuun hiika yookaan garee jechaa jijjiiruufi tajaajila caaslugaatiif oola, jedha, (QB kutaa 12^{ffaa} F=47-48). Akka yaada kanaatti dhamjecha hirkataafi fufiin garaagarummaa akka qabanitti ibsamani jiru. Haata’u malee, dhamjecha hirkataafi fufiin garaagarummaa hinqaban, (Addunyaa, 2013:28). Hundeen jechaa baay’een isaanii fufiileen yoo irra adda ba’an hiika dhabuu danda’a malee, hundeen jechaa dhamjecha hirkataadha jechuun rakkisaa fakkaata. Hundeen jechaa qaama birootti hirkachuuf kan of qopheessu osoo hinta’in, fufachuuf banamaa kan ta’eedha, (Geetaachoo, 2009:59). Afgaaffii barsiisotaaf dhiyaateenis, hundeen jechaafi dhamjechi hirkataa garaagarummaa akka qaban ibsaniiru. Isaanis, hundeen jechaa bu’uura hiika jecha hundaa akka ta’eefi hundee jechaa malee jechi kamuu ijaaramuufi hiika argachuu akka hindandeenyeefi dhamjechi hirkataan bu’uura hiikaa akka hintaane ibsaniiru.

Kana malees, akaakuun dhamjechootaa kunneen akkaataa isaan KBfi QB keessatti ibsamani jiran garaagarummaa niqabaatu. KB akaakuu dhamjechootaa bakka afuritti: hirkataa, walaba, hundee fi fufii jechuun yoo qoodu; QB immoo hirkataafi walaba jechuun bakka lamatti qoodee jira. Yaadni kun kan waldha’u waan ta’eef, akkuma QB irratti ibsamee jiru KBs hirkataafi walaba jechuun walsimsiisee osoo dhiyeessee irra caalaa gaarummaa qabaata. Maartaa (2006:7), dhamjechoonni hirkataafi walabatti akka qoodaman ibsitee jirti. As keessatti immoo fufiifi dhamjechi hirkataan garaagarummaa akka hinqabaanneefi hundeen jechaa dhamjecha hirkataa osoo hinta’in qaama fufiilee adda addaa fufachuuf banamaa ta’e jedhamee ibsamuu akka qabu qorataan Maartaa, (2006)fi afgaaffii barsiisotaaf dhiyaasseen mirkaneesseera.

Fakkeenya C. QB fuula 48 irratti fakkeenya kennaman yoo ilaalle dogoggorri ni'mul'ata.

Jecha	Hundee	Fufii
1. qabame	{qaba-}	{am-, -e}
2. namoota	{nama-}	{-oota}, jedhee kaa'ee jira.

Hundeen jechaa fakkeenya 1^{ffaa} keessatti ibsame kun {qab-} kan jedhutti osoo sirratee gaariidha. Sababni isaas, hundeen gochimaa ramaddiiwwan sadan irratti xiyyeeffachuun erga horsiisnee booda kan irra deddeebi'amee argame hundee ta'uun isaa adda ba'a. Dhamjecha {am-} haala kanaan sararaa xiqqaa fudhatee jiraachuun isaa dhamjecha duraa waan taasisseef osoo {-am} haala kanaan dhiyaatee dhamjecha boodaa ta'uun isaa beekama jechuudha.

- qabe
- qabde
- qabne
- qabdan kan jedhu keessatti {qab-} kan jedhu irra

deddeebi'amee argama. Kanaaf, hundee gochima kanaati.

Fakkeenya D. Deebii gilgaala 5B, C, fi Dn walbira qabamee kan ibsamuudha. KB fuula 48 irratti gilgaala 5B jechoota armaan gadii keessaa dhamjechoota addaan qoodi jechuun jechoota kanatti aanan dhiyeessee jira.

- | | | | |
|----------------|--|-----------|------------|
| 1. sun | 2. nama | 3. keessa | 4. manneen |
| 5. qale | 6. lole | 7. gara | 8. fira |
| 9. amanamummaa | 10. harka, kan jedhaniif deebii QB dhamjechoota jechuun kaa'ee | | |

jiru: {sun, keessafi gara} kan jedhan qofaadha. Fakkeenya olii keessatti 'namoota' kan jedhuuf hundee isaa 'nama-' jechuun baasee jira. Gilgaaluma kana 'C' keessatti immoo "namummaa" kan jedhuuf hundee isaa 'nam-' jechuun baasee jira. Kana irraa kan hubatamu qophiin kitaaba kanaa bilchina kan hinqabne fakkaata. Sababni isaas, jecha tokkoof haala adda addaan hundee jechaa baasuun barnoonni kennamu akka hinwaaltofneefi barattoonnis akka hubannoo sirrii hinarganne waan taasisuuf walbira qabamee gulaalamuun osoo dhiyaatee gaarii ta'a. Hundee jechootaa addaan baasuuf kan qorataan kun furmaata nita'a jedhu jechoonni bu'uuraan maqaa yookaan maqaa haadhoo ta'an: Fkn: nama, muka, saree, dhagaa, mana, lafa, biiftuu, dheedhii, idilee, harkaafi kkf akkuma jiraniin hundee ta'anii osoo ba'anii gaariidha. O'grady, (1996) dhamjechi walabaa dhamjecha hiikaafi tajaajilaatti

qoodama jedhee jira. Kanaaf, dhamjechi hiikaa immoo jechoota hiika mataa isaanii qaban waan ta'eef, jechoota bu'uuraan maqaa ta'aniif hundeen isaanii akkama jiranitti yoo ba'e gaariidha. Gochima, maqibsaafi maqaalee walhoranii dhufaniif hundee isaanii horsiisuun adda baasanii kaa'uun nidanda'ama. Gochimoota ramaddiiwwan sadan irratti hundaa'uun kan irra deddeebi'amee argame hundee waan ta'eef adda baasanii kaa'uudha. Fkn: 'deeme, deemne, deemte, deemtan, deeman' kan jedhan keessatti kan irraa deddeebi'amee argame {deem-} kan jedhu waan ta'eef hundeedha. "Deem-" kan jedhu kun immoo bu'uura hiika jechoota armaan olii waan ta'eef dhamjecha hirkataa hinjedhamu. Yaada kana irratti afgaaffiin barsiisota irraa argames yaaduma kana cimsee kan mirkaneesseedha.

Walumaagalatti, dhamjechi walabaa dhamjecha hiikaafi dhamjecha tajaajilaatti kan qoodamu yoo ta'u, dhamjecha hirkataa: tajaajilaan, bakka galumsaafi qabiyyee irratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodamuu qabu, (Robert E. Owens Jr. (1988:15). As keessatt wanta qorataan kun ifa gochuu barbaadu dhamjechoonni akka waliigalaatti bakka lamatti kan qoodaman yoo ta'u, dhamjechi hirkataa bakka sadiitti qoodamee osoo ibsamee gaariidha. Qopheessitoonni sirna barnootaas, kana irratti xiyyeeffatanii KB keessatti adda baasanii ibsuun qopheessanii dhiyeessuun guddina caasaa Afaan Oromoof bu'a qabeessa ta'a.

4.1.2.2 Tajaajila Irratti Hundaa'uun – Dhamjechoonni hirkatoon tajaajila caasaa afaanii keessatti qaban irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamu. Isaanis: dhamjechoota horteeffi uumamtee ykn yaasaadha. Mitikkuufi Tashoomee (1992:28-51) "Dhamjechi horteen hundee jechaa irratti dabalamuun tajaajila caaslugaa argisiisuuf kan oolan yoo ta'u; uumamteen immoo hiika (garee) jechaa jijjiiruuf kan gargaaraniidha," jedhu. Yaada kana keessatti hanqinni mul'atu, bu'uura kanaan dhamjecha osoo hinta'in; dhamjecha hirkataan bakka lamatti qoodama osoo jedhee gaarii ta'a. Sababni isaas, dhamjechi walabaa horteeffi uumamtee argisiisuu waan hindandeenyeef jechuudha. Robert E.Owens Jr. (1988:15), bu'uura tajaajilaan dhamjecha hirkataa horteeffi uumamteetti qoodee jira. Kanaaf, tajaajila dhamjechoota kanaas, KBfi QB barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'e keessatti argaman haala kanatti aanee jiruun xinxalli isaanii dhiyaateera.

Kitaaba Barataa fuula 24, gilgaala 4C, maqaa haadhoofi uumamtee jechuun gabatee armaan gadii keessatti guuti kan jedhuuf, QB fuula 23 irratti ibsa kenname keessatti," jechoonni {-

ummaa, -ina, -eenya}fi kkf fufachuun yoo argaman maqaa ta’u,” jedha. Haata’u malee, maqichi maqaa maalii akka ta’e wanti ibsame hinjiru.

Fakkeenya A: - firooma {fir-ooma} - namooma {nam-ooma}
- addeenya {ad-eenya} - gamnummaa {gamn-ummaa}
- gargaarsa {gargaar-sa} - salphina {salph-ina}
- arjummaa {arj-ummaa} - ibsa {ibs-a} jedhee haala kanaan

ibsamee osoo dhiyaatee, dhamjechi kun maqaa uumamtee uumuuf akka gargaaran waan ibsuuf irra caalaa barattootaaf ifa ta’a. Yaaduma kanaan kan walqabatu, ibsa gilgaala 4Bf KB fuula 23 irratti kennamee jiru fufiin akka {-ummaa} maqeessitoota waan ta’aniif, maaqaa haadhoo irraa maqaa uumamtee uumuuf akka gargaaran ibseera. QB fuula 24 irratti immoo maqaa hortee jechuun ibsee jira.

Fakkeenya-B. QB fuula 24 irratti deebiin gilgaala 4B-f kennamee jiru:

- hiyyummaa,
- dargaggummaa,
- guddina
- qaroominafi
- ijaarsa, kan jedhan qajeelchi barsiisaa maqaa hortee jechuun kaa’ee jira.

Kana irraa wanti hubatamu KBfi QB kan walhinsimanne ta’uu isaati. Deebiin gilgaala kanaaf QB fuula 24 irratti maqaa uumamteetti sirratee osoo dhiyaatee gaariidha. Dhamjechoonni maqaa uumamtee uumuuf gargaaran {-ummaa, -inafi -sa} adda ba’anii barattootaaf yoo ibsaman, barattoonni garaagarummaa maqaa haadhoofi uumamtee; akkasumas, dhamjechoota hortee adda baasanii akka ibsaniif gargaara. Afgaaffiin barsiisotaaf walsimannaa KBfi QB ilaalchisuun dhiyaate irraas deebiin argame garaagarummaan kun jiraachuu waan ibsuuf yaaduma kana jabeessee jira. Kanaaf, garaagarummaan akkasii kun sirratee osoo dhiyaatee, garaagarummaa jiru waan dhiphisuuf gaarii ta’a. Yaada kana kan gabbisu,

Fkn: 1. Nama, kan jedhu maqaa haadoodha.

2. Namummaa, kan jedhu keessatti dhamjechi {-ummaa} jedhu uumamteedha.

3. Namoota, kan jedhu keessatti {-oota} kan jedhu lakkoofsa danuu hortee ibsa.

4. Namni, kan jedhu keessatti {-ni},hortee, matima mul’isa. .(Addunyaa, 2011:68).

Walumaagalatti, dhamjechoonni barnoota afaanii keessatti faayidaa waan qabaniif, dhamjechoota tajaajila kana kennan haala asii oliin adda baasanii argisiisuun gaarummaa waan qabuuf, KB keessatti dhiyeessuun barbaachisaadha.

Hanqina- Gilgaala 4C fuula 24 irratti maqaa haadhoofi maqaa uumamtee jechuun gabatee kenname keessatti guuti kan jedhu keessatti dhamjechoota maqaa uumamtee uumuuf gargaaran adda ba’anii KB yookaan QB irratti hinibsamne. Kun immoo barattoonni garaagarummaa maqaa haadhoofi uumamtee akka addaan hinbaafanne taasisuu danda’a. Dabalataanis, KB boqonnaa 5, gilgaala 5, fuula 54-55 irratti dhamjechoonni bal’inaan dhiyaatanii kan jiraniifi QB fuula 48 irratti fufiin jechatti fufamuun hiika yookaan garee jechaa jijjiiruufi tajaajila caaslugaaf akka oolan ibsee jira. Haata’u malee, gilgaalicha keessatti fufiilee tajaajila kanaaf oolan bal’inaan adda baasee ibsee hindhiyeessine.

Fakkeenya C: Gilgaala 5C, ‘Jechoota armaan gadii dhamjechootatti addaan qoodi,’ kan jedhuuf QB fuula 48 irratti deebiin kennamee jiru:

1. firoome = {fir-oom-e}, fir- hundee yookaan bu’uura hiikaa
-oom- gochimeessituu (maqaa gara gochimaatti jijjiirte)
-e, hennaa darbe argisiisti.
2. muudame = {muud-am-e}, muud- hundee yookaan bu’uura hiika jechaa
-am- raawwatama (gochichi raawwatamuu ibsa).
-e, hennaa darbe argisiisti, jedhee tokko tokkoon adda

baasee tajaajila dhamjecha uumamteefi hortee osoo ibsee dhiyeessee, barattoonni haala gaariin hubachuuf gargaara. Filee (2015:71), “Dhamjechoonni yaasaa garee yookaan hiika jechaa jijjiiruuf kan oolan yoo ta’u, dhamjechoonni horteen caasluga argisiisuuf oolu,” jedha. Kanaaf, dhamjechoota tajaajila kanaaf oolan adda baasanii ibsuun barattootaaf murteessaadha.

Kitaaba barataa boqonnaa 6 gilgaala 7D fuula 68 irratti faayidaan dhamjechoota hortee ibsamee hindhiyaanne.

Fakkeenya: D 1. Seenaan Saawwan tiksite.

2. Inni sirbaa jira.
3. Isaan barachaa jiru.

4. Obbolaan koo fardaan dhufan.

5. Isheen dhufte.

Himoota asiin olii keessatti dhamjechoonni gurraacheffamanii argaman hortee yoo ta'an; tajaajila adda addaaf oolu. Tajaajilli isaanis, haala kanatti aanee jiruun dhiyaatee jira.

- {-n}, himoota 1, 4, fi 5 keessatti matima mul'isa.
- {-wwan}, hima 1^{ffaa} keessatti heddumina yookaan lakkoofsa danuu ibsa.
- {-aa}, himoota 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} keessatti gocha fufiinsaan raawwatamu ibsa.
- {-a, -u}, himoota 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} keessatti gocha yeroo ammaa ibsu.
- {-aan}, hima 4^{ffaa} keessatti meeshaa gochi ittiin raawwatame antima ibsa.
- {-an}, hima 4^{ffaa} keessatti ramaddii 3^{ffaa} lakkoofsa danuu ibsa.
- {-t, -e}, himoota 1^{ffaa} fi 5^{ffaa} keessatti {-t} koorniyaa dhalaafi ramaddii 3^{ffaa}; {-e}n hennaa darbe; {-i}n, hima 1^{ffaa} keessatti caasaa afaanichaa sirreessuuf galte.

(QB fuula 55)

Cimina- Haala kanaan adda baasee KB irratti ibsee dhiyeessuun baay'ee gaariidha.

Boqonnaa 6, KB fuula 69 gilgaala 8 keessatti maalummaafi faayidaan dhamjechootaa akka waliigalaatti dhiyaateef, QB fuula 55 irratti deebii laateen, “Fufiin jecha dura yookaan duuba galuun tajaajila caaslugaa ykn jijjiirraa hiikaa kan argisiisuudha. Akaakuu fufii keessaa tokko fufii hortee yoo ta'u, tajaajilli isaas, caasluga horsiisuudha,” jedha. Faayidaaleen fufii hortee kunis, caasluga kanneen akka:

- Lakkofsa (heddumina)
- Haala raawwii (gochima)
- Ramaddii
- Matima, murteessummaa,
- Koorniyaa. Fkn: saricha/ sarittii, {-ch}, dhiira; {-ttii}, naayee (dubartii).
- Meeshaafi bakka agarsiisu.

Filee, (2015:72-73), faayidaan fufii hortee caasluga kanneen akka ramaddii, heddumina, matima, antima, koorniyaa, meeshaa, fi kkf akka ta'e bal'inaa ibseera. Fakkeenyaaf: hima, “Namichi eeboodhaan saree waraane,” jedhu keessatti dhamjechi {-ch} murteessituu yoo ta'u; {-dhaan} meeshaa gochi ittiin raawwatame antima ibsa, jedha. As keessatti hanqinni

mul'atu, {-dhaa, -n) adda ba'anii {-dhaa} antima , {-n} meeshaa gochi ittiin raawwatame mul'isa jechuun osoo dhiyaatee gaarii ture.

Cimina: QB faayidaa fufii hortee haala asii olitti ibsameen adda baasee dhiyeessuudha.

Haata'u malee, dhamjechoonni hi'eentaa, firjecha, looga, walsimannaa matimaafi gochimaa argisiisaniifi kkfn hindhiyaatin hafuun hanqina mul'atuudha. Barsiisonni afgaaffiin dhiyaateefis, tajaajilli dhamjechootaa kunneen adda ba'anii dhiyaachuu dhabuun barattoota qofa osoo hinta'in, barsiisota baay'ee akka danqaa jiru ibsaniiru. Kanaaf, tokko tokkoon adda baasani dhiyeessuun gaariidha, jedhan.

4.1.2.3 Qabiyyee Irratti Hundaa'uun - Dhamjechoonni qabiyyee isaaniitiin tajaajiltokkeefi dhokataa jedhamuun akka qoodaman sakatta'a barruu keessatti ibsamee jira.

Dhamjecha Tajaajiltokkee –Dhamjechoonni kunneen KBfi QB keessatti bifa adda addaan kan mul'atu ta'ee, akka hanqinaatti kan mul'atu akkaataa tajaajila isaaniitiin adda ba'anii hindhiyaanne.

Fakkeenya:A. Dhamjechoota matima mul'isan:

- ❖ nami(ni), {-i, -ni}
- ❖ manni, {-ni}
- ❖ mukti(ni), {-ti, -ni}
- ❖ Caalaan, {-n}, dhamjechoonni kunneen unka garaagaraa haaqabaatan malee

bakka galanii jiranitti tajaajilli isaan qaban matima mul'isuudha. Kanaaf, dhamjechoonni matima mul'isan kanneen akka {-i, -ni, -ti, -n} tajaajila walfakkaataniif waan oolaniif dhamjecha tajaajiltokkee jedhamu. Dhamjechoonni unka (form) garaagaraa qabaatanii tajaajila takkoof oolan dhamjecha tajaajiltokkee jedhamu jechuun, (Misgaanuu, 2012:125) ibsee jira. Kanaaf, matima mul'istoonni maqaan yookaan jechi tokko hima keessatti tajaajila matimaaf ooluu isaa ibsa malee, akka QB fuula 23 irratti ibsamee jiru maqaa uumuuf kan tajaajilan miti. Kanaaf, dhamjechoota KB keessatti haala kanaan faayidaa isaanii waliin ibsanii dhiyeessuun gaarii ta'a.

Fakkeenya B. Dhamjechoota danooma agarsiisan – kunis gabaabinaan;

- ❖ namoota = nam-oota, {-oota}
- ❖ hoolota, = hool-ota, {-ota}

- ❖ fardeen, = fard-een, {-een}
- ❖ gaangolii = gaangolii, {-olii}
- ❖ fufiilee = fufii-lee, {-lee}

Dhamjechoonni armaan olitti hundee jechaa irraa adda ba’anii ibsaman kunneen unka garaagaraa kan qaban ta’ee, tajaajilli isaanii lakkoofsa yookaan danooma argisiisuudha. Geetahuun, (1989:47), “ Yeroo ammaa kana jechoota qooduuf wantoonni qabatamaa taasisan keessaa tokko unka. Unkaan tajaajila walfakkaataa kanneen qaban kallattii tokkoon ilaaluun nidanda’u,” jedha. Kanaaf, dhamjechoonni armaan olii tajaajila walfakkaataa waan qabaniif maqaa waliinii irratti dabalamuun tajaajila danoomaa ibsu.

Hanqina: KB keessatti dhamjechoonni danooma argisiisan haajiraatan malee, maaliif garaagara akka ta’an kan ibsu; addaa addummaan kun faayidaa qabaachuufi dhabuu isaa; akkasumas, dhamjechoonni bifa kanaan mul’atan maal akka jedhaman wanti ibsamee dhiyaate hinjiru. Kun immoo hanqina kitaabicha keessatti mul’atu waan ta’eef, haaromsa qophii kitaabaa gara fuula duraatti godhamu keessatti fooyya’ee osoo dhiyaatee gaarummaa qaba.

Fakkeenya C. Dhamjechi tajaajiltokkeen, dhamjechoota koorniyaa dhalaafi ramaddii 2^{ffaa} ‘ati’ jedhu argisiisan keessatti kan argaman yoo ta’u, akka fakkeenyaatti;

- ❖ deemte, {-t}

- ❖ ragadde, {-d}; dhamjechoonni lamaan kunneen tajaajila walfakkaatan kennu. Ramaddii 3^{ffaa} koorniyaa dhalaafi ramaddii 2^{ffaa} qeenxee ibsu. Garaagarummaa kana kan uume dhamjecha dubbifamaa birsaga dhumaa irratti argamu {-t,fi -d}dha. Egaa kun barnootaa Afaan Oromoo Kutaa 12^{ffaa} keessatti dabalamee qophaa’uun barsiisotaafi barattoonni beekumsa isaanii akka gabbifataniif gargaara.

Dhamjecha Dhokataa – Akaakuun dhamjechoota kanaa tajaajilli isaanii jecha tokko keessatti akka dhamjechoota biroo ifa ta’ee hinmul’atu malee, jiraachuufi dhabamuun isaanii hiika jechaas ta’ee himaa nijjijjiiru..

Fakkeenya: A.

- mure,
- gale, ... jechoota jedhan keessatti matimni isaa “ani” yookaan “inni” ta’uu

danda'a. Haata'u malee, dhamjechoonni matima kanneen mul'isan tajaajilli isaanii jechicha keessatti argama malee unkaan hinmul'atu. Sababni isaas, caasaa Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni ramaddii 1^{ffaa} fi 3^{ffaa} koorniyaa dhiiraa lakkoofsa qeenxee mul'isan unkaan of danda'anii adda ba'uun hinargaman,(Matthews, 1991). Kanaaf, dhamjecha dhokataa(Ø) fudhatu.

Fakkeenya- B.

- bishaan,
- midhaan,
- ilkaan ... jechoonni jedhaman kun bakka matimaattis ta'e antimaatti

matima mul'istuu osoo hindabalatin unkuma isaanii kanaan mul'atu. Jechoota kana matimaafi antima ta'uu isaanii kan murteessu hima keessatti bakka argama isaaniiti malee wanti dhamjecha kana adda baasee ibsu hinmulatu, (Addunyaa, 2012:100). Akka waliigalaatti, fakkeenya asii olii keessatti kanneen ibsaman kun caasaa Afaan Oromoo keessatti dhamjecha dhokataan (Ø) bakka bu'a. Egaa, akka qaaccessa geggeeffameetti dhamjechi kun KBfi QB keessatti hammatamee hindhiyaanne. Haata'u malee, barattootaafi barsiisonni sadarkaa kanatti dhamjechoota qabiyyee isaaniitiin adda baasanii beekuun kutaa itti aanuuf waan isaan qopheessuuf baay'ee murteessaadha. Kanaaf, Qorataanis, rakkooleen akkanaa akka furamaniif jecha qorannoo isaa mataduree kana irratti geggeessuuf dirqameera.

4.1.2.4 Bakka Argama Irratti Hundaa'uun - Bu'uura bakka argama jechootaan qaban irratti hundaa'uun dhamjechoonni hirkatoon bakka garaagaraatti akka qoodaman boqonnaa lama keessatti yaada hayyootaan walqabsiisuun ibsameera. Akka waliigalaatti, barnoota afaanii keessatti bakka argama jechaan dhamjechoonni bakka afuritti kan qoodaman yoo ta'u; Afaan Oromoo keessatti hiika qaban waliin hanga ammaatti qorannoon mirkanaa'anii kan jiran dhamjechoota duraa, duubeefi naannee qofaadha. Maartaa (2006:7). "Gosoonni dhamjechoota hirkattoo jedhamanii beekaman: hundee jechaa dura, gidduu, booda, duraafi boodaa yookaan naannee galuudhaan hiika jechichaa murteessuun ibsu," jetti. As keessatti akka hanqinaatti kan mul'atu dhamjechi gidduu Afaan Oromoo keessaa dhibuu isaati. Dhamjechoonni hirkattoo kunneen dhamjecha gidduu dabalatee KB kana keessatti waan argamaniif maal akka fakkaataniifi haala akkamiin akka dhiyaatan hiika isaan qaban waliin duraa duubaan asii gaditti qaaccessi isaanii dhiyaateera. Akaakuu dhamjechootaa bakka

argamaan osoo hinlaalin maalummaa hundee jechaa xinxaluun murteessaadha. Xinxalli kunis kan mirkaneessu garaagarummaa hiikaa namoonni adda addaa hundee jechaaf kennan adda baasuuf gargaara.

Hundee Jechaa - kun bu'uuraa hiika jechaa hundaati. Jechi kamuu hundee isaa malee hiika argachuu hindanda'u. Mc Dougal, Little (1989:336) “ Hundeen jechaa qaama handhuura jechoota dhedheeroo ta'eedha; qaamoleen jechoota biroos, hundee jechaa kana irratti dabalamuun jechoota haaraa uumu,” jedha. Haata'u malee, QB fuula 48 irratti, hundeen qaama jechaa kan fufii ofirraa hinqabne yoo ta'u, Afaan Oromoo keessatti baay'een isaanii hirkatoodha, jedha. Haata'u malee, hundeen jechaa dhamjecha hirkataa osoo hinta'in qaama dhamjechoota hirkatoo adda addaa maxxanfachuuf banama ta'eefi bu'uuraa hiika jechaa ta'uu isaa dabalataan Getaachoo (2009:59) ibsee jira. Gama biraan immoo hundee jechaa ilaalchisuun QB irratti fakkeenya dhiyaate waan waldha'u fakkaata.

Fakkeenya A. QB fuula 48 irratti hundee, jecha:

“qabame” jedhuu “qaba-” jechuun

“namoota” kan jedhuuf “nama-” jedhee baasee jira.

Gilgaala 5C, keessatti immoo jecha “namummaa” jedhuuf hundee isaa “nam-” jedhee baasee jira. Yaadni haala kanaan waldha'ee dhiyaachuun afaanichi akka hinwaaltofne waan taasisuuf, itti yaadamee osoo dhiyaatee gaariidha. Jechoota bu'uuraa maqaa ta'an hundeen isaanii jecha bu'uuraa hiika qabu osoo ta'ee gaariidha. Sababni isaas hundeen gochimootaa bu'uuraa hiikaa kan laatan yoo ta'u, hundeen jechoota bu'uuraa maqaa ta'anii bu'uuraa hiikaa kana dhabuu danda'u. Barsiisonnis, afgaaffii dhiyaateef irratti hundaa'uun hundeen jechaa bu'uuraa hiika jechaati malee, dhamjecha hirkataa akka hintaane ibsaniiru. Sababni isaas, jedhan jechi kamiyyuu hundee jechaa malee ijaaramuufi hiika qabaachuu hindanda'u jedhan. Yaada kana kan dhugoomsu dhamjechoonni hirkatoon qofaa isaanii hiika dhabeeyyii ta'uu isaaniiti.

Fakkeenya B. Jechoota maqaalee haadhoo ta'anii dhamjechoota danoomaa dabalataniif

- namoota kan jedhuuf nama
- dhagicha kan jedhuuf dhagaa fi kkf jedhamee yoo ba'e,

Fakkeenya C. Gochimootaafi maqibsootaf immoo hundeen isaanii

- qabame kan jedhuuf qab-

- deeme kan jedhuuf deem-
- diimaa kan jedhuuf diim-
- furdaa kan jedhuuf furd- jedhee yoo ba'e gaariidha. Kana gochuufis,

dhamjechoota adda addaa itti dabaluuun horsiisanii adda baasuun nidanda'ama.

Dhamjecha yookaan Fufii Duree - kun hundee jechaa dura galuudhaan yaada faallaa yookaan mormii qabu, irra deddeebii gochaa, danooma maqibsootaa, ka'umsa yookaan argisiistuu gocha raawwatamuufi gochi tokko si'a meeqa akka raawwatamu ibsa. Fufiin duraa hundee jechaa dursee yookaan jalqaba jechaa irratti galuudhaan hiika hundee jechaa kan jijjiiru yookaan dabaluuudha, jedha, (Geetaachoo, 2009:61).

Fakkeenya D:

1. hinta'u, {hin-} = mormii yookaan hi'eentaa argisiisa.
2. haanyaannu, {haa-} = gochi akka raawwatamu kan argisiisuudha.
3. alsadii, {al-} = si'a yookaan baay'ina gocha raawwatamuu ibsa.
4. caccabe, {cac-} = irra deddeebi'amee raawwatamuu gochaa argisiisa.
5. dhedheeroo, {dhe-} = danummaa maqibsaa {-oo} waliin ta'uun argisiisa. Fufiin duraa kunneen KB keessatti haala asii olii kanaan hiika laatan waliin fakkeenyi kennamee osoo dhiyaatee barattoonni haala salphaa ta'een hiikaafi faayidaa dhamjecha duraa akka hubataniif isaan gargaara.

Dhamjecha yookiin Fufii Gidduu - Kun hundee jechaa addaan saaqee gidduu galuun tajaajila adda addaaf kan ooluudha. Afaan Oromoo keessatti hiika yookaan tajaajila qabatamaan kan mirkanaa'e hanga ammaatti dhamjechi kun hinmul'atu. Haata'u malee, dhamjecha kana ilaalchisee yaadni KBfi QB keessatti argamu garaagara.

Fakkeenya E: KB fuula 55, Gilgaala 5F jalatti, gabatee dhiyaate keessatti akaakuu fufiilee Afaan Oromoo bakka sadiitti qoodee jira.

Gabatee 4. Qoodaminsa Akaakuu Fufii Bakka Argamaan, KB fuula 55

Jechoota	Fufii		
	Duree	Duubee	Naannee
Hindeemu			
Agarre			
Hiyyaanne			

QB fuula 49 irratti akaakuu fufiilee bakka afuritti qooduun jecha ‘agarre’ jedhu keessatti dhamjecha {-a-} fufii gidduu taasisee baasee jira.

Gabatee 5. Qoodaminsa Akaakuu Fufiilee Bakka Argamaan, QB Fuula 49

Jechoota	Fufii			
	Duree	Duubee	Giddee	Naannee
Hindeemu	hin-	-u	-	-
Agarre	-	-e	-a-	-
Hiyyaanne	hin-	-ne	-	hin...ne

Gabatee kun dhamjecha gidduu dabaluu akkaakuu dhamjechootaa bakka afuritti qoodee jira. Hataa’u malee, tajaajila yookaan hiika dhamjechoo kun jecha ‘agarre’ jedhu keessatti qabu ibsee hinjiru. Kana malees, gilgaala 5C keessatti jecha ‘faradoo’ jedhuuf {fard-, -a-, -oo} jechuun dhamjecha {-a-} dhamjecha gidduu taasisee baasee jira. Garuu, hanga ammaatti, dhamjechoo gidduu Afaan Oromoo keessatti hiika laattu hinargamne. Sababni isaas, dhamjechoo gidduu jechoota Afaan Oromoo muraasa keessatti waan argaman haafakkaatan malee, hiikni isaan achi keessatti kennan ifaa waan hintaaneef dhamjecha gidduuti jechuun rakkisaadha, jedha, (Addunyaa,2013:18). Haata’u malee, yaadni KBfi QB keessa jiru waldubbisaa hinjiru. Kanaafuu, kitaabileen kunnneen sirriitti gulaalamuun walsimatee waan hinqophoofneef, kun immoo barattootaafi barsiisota Oromiyaa guutuu dogogorsuu waan danda’uuf, irra deebi’amee osoo qophaa’ee rakkoo kana furuuf gargaara.

Dhamjecha yookaan Fufii Duubee - Kun Afaan Oromoo keessatti hundee jechaa duuba galuun hiika yookaan garee jechootaa jijjiiruufi tajaajila caasluga adda addaa argisiisuuf kan gargaaruudha. Afaan Oromoo keessatti jechoonni baay’een dhamjecha kana dabalatu.

Fakkeenya F: KB boqonnaa 2, gilgaala 4A, keessatti dhamjechoonni matima mul’isan fufii duubaati.

- mootiin, {-n},

- godaansi, {-i},
- mukti, {-ti}

Boqonnaa 2, gilgaala 4C- keessatti dhamjechoonni maqaa uumamtee uuman fufii duubaati.

- salphina, {-ina}
- addeenya, {-eenya}
- ijaarsa ... {-saa}

Boqonnaa 3, gilgaala 5 keessatti dhamjechoonni hennaalee ibsan fufii duubeeti.

- Deeme, {-e}; hennaa darbe ibsa.
- Dhaqa, {-a}; hennaa dhufu ibsa.
- Dubbisaa jira, {-aa, -a}; gocha raawwatamaa jiru ibsa.
- Deemuuf jira, {-uuf, -a}; gocha raawwatamuuf mammaa ta'e ibsa.

Boqonnaa 5, gilgaala 5Bfi C, keessatti dhamjechoonni danooma, raawwatama, yaasaafi hortee adda baasan fufii duubeen ibsamani jiru.

- Manneen, {-een}, danooma ibsa.
- Hojjetame, {hojjet-, -am-, -e}, “-am-” raawwatama ibsa.
- Firoome, {-oom-, -e}, duraa duubaan yaasaafi hortee kan ibsan ta'ee, {oom-}

kan jedhu maqaa gara xumuraatti kan jijjiireedha. {-e}n hennaa darbe ibsiti.

Boqonnaa 6, gilgaala 5AfiC, walsimannaa himootaa argisiisuu keessatti fufiin duubee baay'ee murteessoodha.

- Dabalaafi haati isaa gara mana barumsaa deeman. Walsimannaa matimaafi gochima hima kanaa kan mul'isu dhamjecha {-an} jedhuudha.
- Badhaatuun buna dhugde. Matimaafi gochima hima kanaa kan walsimsiise dhamjecha {-d} jedhuudha. Tajaajilli ishees, koorniyaa dhalaa ibsiti.

Boqonnaa kana gilgaala 8, shaakala fufii keessatti ramaddii, koorniyaa, maayiifi murteessituu ibsee kan jiru fufii duubaati.

- Isin deemtan, {-an}, ramaddiifi lakkoofsa danuu ibsa.
- Isheen deeme, {-t} , koorniyaa dhalaa ibsa.
- Eebootaan saree waraane, {-dhaa,-n}, antimaafi maayii meeshaa
- Saricha rukute, {-cha}, murteessituudha. Koorniyaa dhiiraas ni'ibsiti.


Boqonnaa 7, gilgaala 8, maalummaafi faayidaa dhamjechoota uumamtee yookaan yaasaa kan jedhu keessatti dhamjechoonni yaasaa “B” jalatti kennaman hundi dhamjecha duubedha.

Hanqina- KBs ta’e, QB kutaa 12^{ffaa} keessatti fufiin duubaa haadhiyaatan malee, akkaataa asii olii kanaan faayidaan dhamjechoota duubee hindhiyaanne. Haata’u malee, faayidaa dhamjechootaa keessatti hiika yookaan garee jechaa akka jijjiiran, horuudhaan tajaajila caasluga garaagaraaf akka oolan ibsamee jira. Fufii duubeen hundee jechaa booda galuun hiika jechaa kan dabaluu yookaan jijjiiruudha. Fufiin kun hiika mataa ishee kan laattuudha. (Mc Dougal, Littel, 1989:338). Bakka argamaan akaakuu dhamjechaa isa kamtu tajaajila kanaaf akka oolu ibsamee hinjiru. Akkaataa asii olii kanaan tajaajilli isaanii kitaabicha keessatti adda ba’ee yoo ibsamuu baatellee, barattoonni adda baasanii akka ibsan gochuun osoo qophaa’ee gumaacha inni barnoota Afaan Oromoof qabu baay’ee ol’aanaadha. Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kana dubbisan gara fuula duraatti kitaaba barnootaa yeroo qopheessan faayidaa dhamjecha duubee adda baasanii akka qopheessaniif isaan gargaara. Yaadni biroo KBfi QB keessatti hinibsamin hafe dhamjechoota duubaa danooma argisiisan maqaa waliiniifi maqaa dimshaashaa irratti kan dabalaman ta’uudha. Maqaan dhuunfaa, maqaan meeshaafi maqaaleen hinmul’anne dhamjechoota danooma argisiisan hinfudhatan. Maqaaleen waliinii kanneen dhamsaga “-n”n xumuraman: bishaan, aannan, ilkaan...dhamjechoota danoomaa hinfudhatan, (Misgaanuu, 2012:125).

Dhamjecha Naannee - akkuma maqaa isaa irraa hubatamu dhamjecha naannee altokkoon hundee jechaa duraafi duubaan fufamee kan argamuudha. Fufiin naannee kitaaba kana keessatti baay’ina haadhaban malee nimul’atu. Garuu, gadifageenyaan ibsi itti kennamee faayidaa isaanii waliin ibsamani hindhiyaanne. Faayidaan fufii naannee irradeddeebii gochaa ibsuu, maqibsoota daneessuu, yaada faallessuu, yeroo ammaafi kkf ibsuudha, (Geetaachoo, 2009:86-90). Kanneen kun immoo barnoota Afaan Oromoo keessatti baay’ee barbaachisoodha.

Fakkeenya G: Boqonnaa 5, KB fuula 55 irratti, gilgaala 5Efi F keessatti, dhamjechoonni naannee baay’inni isaanii afur ta’an ibsamani jiru.

- Hinyaadne, {hin-, -ne}



- Yaadeemu, {yaa-, -u}, yeroon isaa ammaan booda ta’ee, gochi deemsaa haaraawwatamu yaada jedhu ibsa.
- Hindeemu, {hin-, -u}, faallaa yookaan deemsi isaa akka hafe ibsa.
- Hinyaanne, {hin-, -ne}, hin-, faallaa yookaan mormii ibsa.

nyaat- hundeedha.

-ne, fufii boodaa ta’ee, {-n-] ramaddii 1^{ffaa} lakkoofsa

danuu, {-e}n haala raawwii yeroo darbe ibsa, (Hornby (2005:993)

Hanqina: Fufiin naannee KB keessatti haa’argamu malee, faayidaan ishee duraafi duubaan haala kanaan ibsamee hinjiru. Kun immoo xiyyeeffannoon kan itti hinkennamne fakkeessa. Fuula duratti garuu haala armaan olii kanaan itti yaadamee qophaa’uun guddina caasaa barnoota Afaan Oromoof baay’ee murteessaadha.

Akka waliigalaatti, akaakuun fufiiwwanii bakka argama isaanii ilaalchisee KBfi QB yeroo walbira qabamee ilaalamu hanqinni mul’atu nijira. Fakkeenyaaf yoo ilaalle KB fuula 55 irratti gilgaalli 5Fn jechoota gabatee armaan gadii keessa jiran irraa fufii addaan baasii akaakuu isaanii jalatti ramadi jedhee haala kanaan dhiyeesseera.

Gabatee 6. Qoodamiinsa Akaakuu Fufii , KB fuula 55

Jechoota	Fufii		
	Duree	Duubee	Naannee
Hindeemu			
Agarre			
Namooman			
Filmaata			
Altokko			
Faradoo			
Hinyaanne			

Gabatee 7. Qoodamiinsa Akaakuu Fufii Deebii Gilgaala 5F, QB Fuula 49

Jechoota	Fufii			
	Duree	Duubee	Giddee	Naannee
hindeemu	hin-	-u	-	-
agarre	-	-	-a	-
namooman	-	-an	-	-
filmaata	-	-maata	-	-
altokko	al-	-	-	-
faradoo	-	-oo	-	-
hinyaanne	hin-	-ne	-	Hin-...-ne

Hanqina: Akkaataan boca gabatee 6^{ffaa} fi 7^{ffaa} yoo ilaalle garaagarummaa niqabaatu. Gabateen 6 gaaffii KB keessatti akaakuu fufiilee bakka sadiitti kan qoode yoo ta’u, gabateen 7 deebii QB keessatti akaakuu fufii bakka afuritti qoodee jira. Garaagarummaa kana kan uumes dhamjecha gidduu yoo ta’u, jecha ‘agarre’ jedhu keessatti {-a-}n akka dhamjecha yookaan fufii gidduutti adda ba’ee jira. Faallaa kanaan immoo jecha ‘faradoo’ jedhuuf fufiin gidduu ba’ee hinjiru. Ibsa KB keessatti kenname dhamjechi gidduu barnoota Afaan Oromoo keessatti hanga qorannoon mirkanaa’utti akka hinjirre ibsaa; QB irratti immoo akka dhamjechi gidduu jirutti dhiyeessuun kun barsiisaafi barattoota afaanichabaratan kan danqu ta’a. Kana malees, qophiin kitaabichaa kan itti yaadamee hinqophoofne fakkeessa. Kun

immoo guddina caasaa afaanichaaf gufuu waan ta'uuf bakka hanqinaaleen kana fakkaatan itti mul'atan hundi irra deebi'amee qophaa'uun osoo dhiyaatee gaariidha.

Qorataanis, akka qorataa tokkootti dhamjechi gidduu barnoota Afaan Oromoo keessatti hiika laachuu danda'u hanga ammaatti hinjiru yaada jedhu qorannoo kanaan mirkaneesseera. Sababni isaas, jecha 'arge' jedhu 'argine'; jecha 'farda' jedhu ammo 'fardoo yookaan fardeen' jechuun danoomsuun waan danda'amuuf "agarreefi faradoo" kan jedhan garaagarummaa loogaa yookaan waliigaltee hawaasaa afaanicha keessatti argamanii waan ta'aniif, looga isa irra caalaa hawaasichaa keessatti bakka baay'eetti tajaajiluufi hiika walfakkaataa laatu adda baasuun yaada waldha'u akkasii sirreessuun kitaabilee adda addaa keessatti dhiyeessuun gaarummaa akka qabaatu qorannoon kun lafa kaa'ee jira. Kana malees, fakkeenya armaan olii keessatti jecha 'hindeemu' jedhuuf QB fufii dureefi duubee jalatti adda baasee kaa'e malee fufii naannee akka hintaanetti deebii osoo hinkennin irra darbeera. Kun hanqina barreessaa yookaan gulaalaa ta'uu danda'a. Sababni isaas, "hindeemu" jechi jedhu dhamjechoota {hin-deem-u} jedhamanitti waan qoodamuuf, dhamjechoota kanneen keessatti immoo {hin-fi-u}n dhamjecha naanneeti. Kanaaf, hanqinaaleen kun adda ba'anii dhiyaatanii waan jiraniif, qophii sirna barnootaa itti aanu keessatti sirratanii dhiyaachuu akka qaban qorannoon kun ni'eera.

"Fufiilee armaan gadii fayyadamuun himoota ergaa guutuu qaban ijaari," jechuun fufiilee asii gadii kaa'ee jira. (Gilgaala 8E, KB fuula 70)

Fakkeenya: H

- -n
- -oota
- -ch-
- -dhaa
- -tti
- -lee
- -rra
- al-
- wal-
- hin-

As keessatti dhamjechoonni yookaan fufiileen walitti qindaa'anii jecha moo hima ijaaru kan jedhu gaaffii bu'uuraati. Fufiileen kun hiika argachuuf jecha irratti fufamuu akka qaban beekamaadha. Sababni isaas, fufiileen hundee jechaa yookaan bu'uura hiika jechaa malee

tajaajila caaslugaa argisiisuu yookaan garee jechaa jijjiiruu hindanda'an. Qaamoleen jechoota biroos, hundee jechaa kana irratti hundaa'uun jechoota haaraa uumu, (Geetaachoo,2009:59). Kunis, kan ibsu hundeen jechaa dhamjecha hirkataa osoo hinta'in qaama uunkaa dhaamsa tokko qofa qabuufi handhuura yookaan bu'uura hiika jechaati. Kanaafuu, hundee jechaa irratti fufamanii hiika erga argatanii booda hima ittiin ijaaruun danda'ama malee fufiin hima ijaaruun baay'ee rakkasaafi kan hindanada'amne fakkaata. Haata'u malee, haala kanatti aanee jirun jecha erga ittiin ijaartee booda hima ittiin ijaari jedhee osoo dhiyaaseera ta'ee gaarii ta'a.

- {-n}, hoolaan;
- {-oota}, namoota;
- {-ch-}, saricha(i);
- {-dhaa}, uleedhaan;
- {-lee}, jabbiilee;
- {-tti}, mukatti;
- {al-}, **altokkofi** haala kana fakkaatuun erga jechi ittiin ijaarameen

booda hima barbaadame ittiin ijaaruun nidanda'ama. Kana malees, tajaajilli fufiileen kun qaban haala kanatti aanee jiruun adda ba'anii ibsamuu qabu.

- {-n}n maqaa irratti waan galtuuf matima mul'istuudha.
- {-oota, -lee}, maqaa irratti galee danooma argisiisa.
- {-ch-, -dhaa-}, maqaa irratti galee antima agrisiisa.
- {-tti}, maqaa irratti dabalamee firoomsee argisiisa.
- {al-}, lakkoofsa irratti dabalamee gochi tokko si'a meeqa akka

raawwatameefi jecha akka idilee irratti yoo dabalame immoo faallaa yaadaa ibsa.

- {hin-}, faallaa yookiin mormii jecha kennamee ibsa. Hima ittiin ijaari jechuurra haala kanaan adda ba'ee akka ibsi itti kennamuuf osoo qophaa'ee barattoonni tajaajila dhamjechootaa gadifageenyaan baratu, (Geetachoo, 2009). Kana malees, sadarkaan kun sadarkaa hima ijaaruun barattoota itti barsiisnu miti. Kanaafuu, hanqinaaleen akkanaa kun akka sirratuuf KB yeroo haarayee qophaa'u, qopheessitoonni sirna barnoota Afaan Oromoo kutaa kamiyyuu keessatti of ilaaluun akka qopheessaniif qorannoon kun daandii itti argisiisa.

4.2 Qaaccessa Akkaataa Dhiyaannaa Dhamjechootaa

Kitaabni qophaa’u, sadarkaa barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyeen isaa barattoota mariisiisuuf kan mijatu; akkasumas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisu ta’uu qaba. Harmer (1987:47), “Kitaabni qophaa’u kan barattooni daree barnootaa keessatti waliin mari’achaa yookaan haasa’aa akka baratan taasisu yoo ta’e gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta’uu danda’a,” jedha. Kana jechuun qabiyyeen barnootaa qophaa’uu kan ibsi barattootaaf kallattiin irraatti kennamuufi fayyadama yookaan galumsa keessa akka barataniif kan qophaa’u ta’uu qaba. Dhamjecha Afaan Oromoos karaa kallattiifi barreeffama keessa yookaan alkallattiin dhiyeessuun nidanda’ama. Kunis, ta’uu kan danda’u barreeffama keessatti dhamjechoota tajaajila adda addaa kennan dhiyeessuun faayidaa dhamjechooni achi keessatti qaban akka addaan baasan gochuudha.

Fakkeenya A:

“Barattoota lamatu mana barumsaa waliin deemaa osoo jiranii isa tokko jalaa saantimni bade. Barataan inni lammaffaa bakka saantimni buute argee beekumsa itti fakkaatee lukaan irra dhaabbatee dhokse. Barataan saantimni jalaa bade osoo saantima barbaaduu manni barumsaa itti guyya’e. Inni lammaffaan immoo osoo lukaan irra dhaabbatee dhoksuu yeroon mana barumsaa jalaa darbe. Booda, saantimicha soqachaa jiru dhabe yeroo inni mana barumsaatti ka’u, inni lammaffaa immoo saantimicha fudhatee waliin ka’e. Yeroo daree barnootaa bira ga’an barsiisaan daree jira. Barsiisaan maaliif akka guyyaafatan isaan gaafate. Inni jalqabaa saantimni jalaa badnaan barbaadaa akka ture yeroo itti himu, inni lammaffaa immoo saantima bade sana osoon lukaan irra dhaabadhee dhoksa jiruu yeroon barumsaa na jalaa darbe,” jedhe jedhama. (Gumii Qormaata Afaan Oromoo, Jildii 1^{ffaa}, 2003:29-30)

Fakkeenya kana keessatti dhamjechooni argaman tajaajila adda addaa qabu.

- ❖ danooma argisiisa. {-toota}
- ❖ xiyyeeffannoo argisiisa. Fkn. Lamatu kan jedhu keessatti {-tu} baay’ina barattoota sanaa adda baasee ibsuuf gargaara.
- ❖ matima mul’isu. Fkn. {-n, -ni}
- ❖ qartuu /murteessummaa/ ibsa. Fkn. {-icha}, Saantima wanta biroo irra adda baasa.
- ❖ hennaa ibsa. Fkn. Waliin deemaa, irra dhaabbatee dhoksa, barbaadaa kan jedhan keessatti {-aa} gochichi hennaa darbe keessatti raawwatamaa kan ture ta’uu ibsa. “bade, dhokse, ka’e, buute” kan jedhan keessatti immoo {-e}n yeroo darbe ibsiti.

- ❖ dhamjechoota walabaa adda baasa. Fkn. Mana, tokko, irra, na, jala, sana, akka, inni kan jedhan of danda’anii kan dhaabatan ta’anii adda yoo ba’an hiika dhabeeyyii ta’u.
- ❖ dhamjecha uumamtee ibsuuf nigargaara. Fkn. Beekumsa kan jedhu keessatti {-umsa} kan jedhu gochima beeke jedhu gara maqaa uumamtee beekumsa jedhuutti jijjiire.

Walumaagalatti, haala kanaan afoola keessatti dhamjechoota dhiyeessuun barattoonni afoolichatti bashannanaa dhamjechoota hortee, uumamtee, dhamjecha walabaa, hirkataafi faayidaa isaanii akka baratan gochuun nidanda’ama, (Brumfit C.J.fi R.A.Carter, 1986:17). Kanaaf, qopheessitoonni sirna barnootaa qorannoo kana bu’uura godhatanii KBfi QB qopheessuun fudhatamummaa barnootichaafi guddina caasaa afaanichaaf nigargaara.

4.2.1 Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechaa Karaa Kallattii

Kun karaa ifa ta’een waa’ee caasluga afaanichaa barsiisuu jechuudha. As keessatti barattoonni wanta kitaabaafi barsiisaan dhiyeessuufi qajeelfama kennamu irratti hundaa’uun baratu. Harmer (1987:4) “Karaa kallattii ta’een kitaaba qopheessuu yookaan barsiisuu keessatti ibsaafi fakkeenya adda addaatu kennama; barattoonnis fakkeenyaafi ibsa kenname irratti hundaa’uun hojjetu,” jedha. Kana jechuun mata durichi waa’ee dhamjechoota hennaa ibsan kan dhiyeessu yoo ta’e, dhamjechoota hennaa ibsan ilaalchisuun ibsaafi fakkeenya adda addaa dursamee kitaabicha keessatti barattootaaf kan dhiyaatu ta’ee, gilgaalonni dabalataa boodaan kan dhiyaatu jechuudha. Yaaduma kana bu’uureffachuun akkaataa dhiyaannaa dhamjechootaa KB kana keessatti dhiyaatan yoo ilaalle irra caalaan isaa yaaduma kana dhugoomsa. Qabanni isaas, mataduricha jalatti gilgaalli dhiyaate ibsaafi fakkeenya erga kennee booda gilgaala biroo akka hojjetaniif daandii itti agarsiisee jira.

KB fuula 22 gilgaala 4 fudhannee yoo ilaalle jechoota maqaa jala akka galaniif kan murteessu fufiilee fudhataniifi bakka galumsa isaaniitiin akka ta’e ibsuun eegalee jira. Kunis, jechoonni maqaa ta’an bakka matimaatti yoo galan dhamjechoota matima mul’istuu{-n} fudhatu jedha. Kana malees, kitaaba barataa fuula 23 irratti maqaa haadhoofi maqaa uumamtee addaan baasuu keessatti faayidaa fufiilee maqeessitootaa ilaalchisuun ibsa kennee eegale. Jecha ‘gowwummaa’ jedhu maqibsa ‘gowwaa’ jedhuufi fufii {-ummaa} jedhu irraa uumame jechuun ibsaafi fakkeenya kennee jira. Kitaaba barataa fuula 33, gilgaala 5, mataduree ‘Shaakala hennaa’ jedhu yoo ilaalle qajeelfamni kenname ‘fakkeenyaafi ibsa

gabaabaa kenname faana bu'uun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisi jechuun fakkeenya asii gadii:

Fakkeenya A: 1. Kaleessa mana barumsaa deeme.

2. Bor Finfinneen dhaqa, kan jedhan dhiyaataniiru.

Himoota kana lamaan keessatti gocha raawwatameefi hinraawwatamne argina. Lamaanuu haala raawwii nutti himu. Gocha raawwatame (perfect aspect)fi kan hinraawwatamin(imperfect aspect) ibsuuf gargaara. Gochi raawwatame tokko yeroo itti raawwatame qaba. Yeroon kun hennaa jedama. Kanaafuu, fakkeenya (1)n hennaa darbe, (2)n hennaa dhufu kan agarsiisan dhamjechoota {-efi -a} ta'uu ibsaafi fakkeenya haala kanaan kennuun eegalee gilgaalota dabalataa 10 kennee jira. Kana malees, kitaaba barataa fuula 63 irratti gilgaalli 5 “Shaakala walsimannaa’ kan jedhu keessatti fakkeenyaafi ibsa kennuun eegalee jira. **Fakkeenya B:**

1. Dabalaan haadha isaa waliin gara mana barumsaa deeman.
2. Dabalaan haadha isaa waliin gara mana barumsaa deeme.
3. Dabalaafi haati isaa gara mana barumsaa deeman.

As keessattis, faayidaa dhamjechoonni walsimannaa himootaa keessatti qaban adda baasuuf xiyyeeffannaan matima akka ta’e ibsee jira. Hima (1) keessatti matimni ‘Dabala’ waan ta’eef, gochima ‘deeman’ jedhu keessatti dhamjecha {-an} jedhu fufachuu akka hindandeenye yoo ibsu; himoota (2)fi(3) keessatti immoo matimaafi dhamjechoonni himicha walsimsiisan gochimicha keessatti galanii akka jiran ibsee jira. Dabalataanis, kitaaba barataa fuula 68, fufii horteen hundee jechaarratti dabalamuun horsiisuuf gargaaru jedha. As keessatti hanqinni jiru maal akka horsiisuuf gargaaran ibsamee hinjiru. Haata’u malee, ibsaafi fakkeenya kennuun eegale.

Fakkeenya C:

1. Seenaan saawwan tiksite.
2. Inni sirbaa jira.
3. Isaan barachaa jiru.
4. Obbolaan koo fardaana dhufan.
5. Isheen dhufte.

‘Himoota asii olii keessatti kanneen jala muraman fufiiledha,’ jedha. Haaluma kanaan:

hima (1) keessatti dhamjechi {-n}matima, {-wwan} danooma, {-t-} koorniyaa {-e}n hennaa darbe; hima(2fi 3) keessatti dhamjechi {-aa}fi {-a, -u}n waliin ta’uun gocha raawwatamaa

jiru; hima (4) keessatti dhamjechi {-n} matima, {-aan} maaliin akka dhufan yookaan meeshaafi {-an} lakkoofsaafi ramaddii 3^{ffaa}; hima (5) keessattis dhamjechi {-n} matima, {-t}n koorniyaa dhalaafi ramaddii 3^{ffaa}, {-e}n hennaa darbe akka argisiisan ibsuun KB fuula 69 irratti gilgaalli 8 shaakala fufii kennee jira. Egaa yaada asii olitti bal'inaan ibsaman irraa wanti hubatamu irra caalaan shaakala dhamjechootaa KB gilgaalota adda addaa keessatti dhiyaatee jiru kallattiin ibsaafi fakkeenya kennuun akka ta'e qorataan kun qorannoo isaan mirkaneesseera. Haala kanaan dhiyaachuun immoo barattoonni akka ofiin shaakalaniif haala kan mijeessu waan hintaaneef osoo dhibbeentaan 50 kallattiin, dhibbeentaan 50 immoo alkallattiin dhiyaatee barattoonnis akka ofiin hojjetan isaan taasisa.

4.2.2 Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjechaa Karaa Alkallattii

Karaa alkallattii ta'een caasaa afaanii KB keessatti dhiyeessuun barattoonni haala salphaa ta'een deemsa keessa seera afaanichaa akka barataniif gargaara, jedha (Harmer,1987:4). Haata'u malee, kitaaba kana keessatti haalli kun ifee hinmul'atu. Sababni isaas, dhamjechoota ilaalchisee karaa alkallattii ta'een dhiyaateera wanti fakkaatu, KB fuula 54, gilgaala 5, 'Shaakala dhamjechootaa' kan jedhu keessatti qajeelfamni A "Gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa," jedha.

Fakkeenya A: 1. Dhamjechi maal?

2. Garaagarummaan dhamjechaafi jechaa maal sitti fakkaata? jedha.

Gaaffileen kunneen immoo barattoonni kallattiin irratti mari'atanii waan deebii itti fakkaate akka kennaniifi dandeettii dubbii akka gabbifataniif gargaara malee, fayyadama keessa wanta haaraa barsiise hinqabu. Kanaaf, haala kanatti aanee jiruun osoo dhiyaatee karaa salphaa ta'een osoo itti hinyaadin barachuu nidanda'u.

4.2.2.1 Qaacceessa Dhiyaannaa Dhamjechaa Barreeffama Keessatti - Dhamjechoota barreeffama gabaabaa keessatti dhiyeessuun barattoonni achi keessatti dhajmechoota akka baratan gochuun ga'umsa isaan caasaa afaanii adda baasanii baruuf qaban nidabala, (Katamba,1993:3).

Fakkeenya A: 1. Tolaan midhaan nyaataa oomishe. Kan isa namoom-s-e jabaatee oomishuu isaati. Ganama barii sangoota isaa marga dheechisee gara qonnaa isaa deema. Barreeffama gabaabduu kana keessatti dhamjechoonni hortee fi yaasni dhiyaatanii jiru.

Barreeffamicha keessatti dhamjechoonni kunneen maaliif akka gurraacheffaman gaafachuun barattoonni haala salphaa ta'een hundee jechaa, fufii, akaakuufi faayidaa dhamjechootaa akka ibsaniif isaan gargaara.

Fufiin {-n}, matima mulistuu, hortee	{-uu}, fufiinsa qabaachuu, hortee
{-aa}, maqeessituu, yaasa	{-oota}, danooma, hortee
{-e}, hennaa darbe, hortee	{-s-}, taasistuu, hortee
{-aat-}, gochimeessituu, yaasa	{-naa}, maqeessituu, yaasa
{-oom-}, gochimeessituu, yaasa	yoo ta'an jechicha keessatti kan

hingurraacheffamin hafan hundee akka ta'e ibsuu nidanda'u jechuudha. Haala kanaan osoo itti yaadamee dhiyaate barsiisaafis ta'e barattootaaf waan mijatuuf gaariidha.

“Maalummaafi faayidaa Dhamjecha Uumamtee (Yaasaa)” kan jedhu keessatti qajeelfamni A, ‘Latiwwan “B” jala jiran jechoota “A” jala jiran waliin walitti firoomsi,’ jechuun haala kanatti aanee jiruun dhiyeessee jira.(Gilgaala 8, KB fuula 76)

Fakkeenya: B

- | A | B |
|-------------|------------|
| 1. tokko | a. -isuu |
| 2. beeke | b. -oota |
| 3. bite | c. -ina |
| 4. gooftaa | d. -ooma |
| 5. taajjabe | e. -umsa |
| 6. furdaa | f. -ummaa |
| 7. jabaa | g. -eessuu |
| 8. fira | h. -aa |

i. -ii , haala kanaan dhiyeessee jira.

Cimina: “Qajeelfamni ‘B’ Latiwwan “B” jalaa jechoota “A” jala jiranitti maxxanuun latiwwan maalii jedhamu?” jedha. Qajeelfamni ‘C’ immoo “Hiika dhamjecha uumamtee (yaasaa) gabaabsii barreessi jedhee jira. Gilgaalli kun barattoonni jechootaafi fufiilee kana erga walitti firoomsanii booda dhamjechoota hortee fi uumamteetti akka addaan baasaniif waan isaan gargaaruuf gaariidha.

Hanqina: Hanqinni as keessatti mul'atu, matadurichi maalummaafi faayidaa dhamjecha uumamtee jechaa latiwwan maalii akka ta'an gaafachuufi dhamjecha {-oota} jedhu, gama “B” jalatti dhiyeessuun barataafi barsiisaa dogoggorsuu danda'a. Sababni isaas, fira kan jedhu{-oota} kan jedhu fudhatee danoomuu danda'a. Kun immoo dhamjecha horteedha. Mataduricha waliin waan walfaallessu fakkaata. Kanaafuu, haalli ittiin dhiyaachuuf yaalame

gaarii ta'ee, yeroo gilgaalota akkasii dhiyeessinu ofeeggannoo gochuun baay'ee murteessaadha. Qajeelfama “C” irratti hiika dhamjecha yaasaa akka kennan gaafachuun gilgaalichi hubannoo laateera waan ta'eef hanga tokko barreessuuf waan gargaaruuf haala kanaan dhiyaachuun isaa gaariidha.

4.2.2.2 Qaaccessa Dhiyaannaa Dhamjehaa Afoolaan Walqabatu - Qophii KB kutaa 12^{ffaa} keessatti shaakalli gilgaalota dhamjechoota ilaalchisuun dhiyaatan afoola kanneen akka oduu duriifi mammaaksaan walqabatee dhiyaate akka waliigalaatti hinjiru. Afoola akka oduu durii, mammaaksa, waliin haasaafi baacoo adda addaa keessatti osoo dhiyaate waan lama altokkotti akka barataniif nigargaara. Yaada kana kan gabbisu, Brumfit C.J.fi R.A. Carter, (1986:17), “Biyyoota guddachaa jiran keessatti afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun isaa guddina afaanichaaf gahee guddaa qabaata; barnootichas baay'ee jaallatamaa taasisa; akkasumas, aadaa hawaasa afaan barataa sanaan walbarsiisa,” jedhu. Kanaaf, Afaan Oromoo afaanota yeroo ammaa kana guddina irra jiran keessaa isa tokko waan ta'eef, osoo afoola adda addaa keessatti dhamjechoota adda addaa qopheessuun KB keessatti dhiyaate, barnootichi akka fudhatamummaa ol'aanaa qabaatuufi argatu taasisa.

Fakkeenya A:

“Namoota sadiitu turan. Isaan keessaa namoonni lama dhedheeroodha. Inni tokko immoo gabaabaadha. Warri dhedheeroo lama lukkuu qalatanii bor ganama nyaanna jedhanii ol kaa'atanii rafan. Inni gabaabaan lamaan isaanii gidduu bula ture. Suuta jedhee gidduutii ba'ee lukkicha nyaatee deebi'ee rafe. Jarri dhedheeroo lamaan ganama ka'anii abjuu walitti himatu turan. Inni jalqabaa “Ameerkaan deeme,” jedhe. Inni lammaffaa immoo “Xiyyaaran oofaa bule,” jedhe. Inni gabaabaan, “ lukkuu nyaachaan bule,” jedhe. Achii ka'anii yemmuu lukkuu ol kaa'atan ilaalan hinjiru. “Maaliif nu kaasuu didde?” jedhanii gaafatan. “Ati Ameerkaa deemte; inni immoo xiyyaara oofaa ture; eenyuttan himaree,” jedhe? jedhama”, (Warquu, 2003:48; Gumii Qormaata Afaan Oromoo Jildii- I).

Oduu durii kanaan dhamjechoota hortee: danooma maqaafi maqibsootaa; ramaddii 1^{ffaa}, 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} argisiisan; hennaa darbe, gocha raawwatamaa ture; matimaafi antima mul'istoota; walsimannaa matimaafi gochimaa barsiisuun nidanda'ama. Haata'u malee, kitaabni kun haala kanaan qindaa'ee dhiyaachuu dhabuun isaa barattoonni akka waliin mari'atanii hojjetaniif kan isaan hawwatu miti. Kanaaf, afoola adda addaa keessatti dhamjechoota hammachiisuun KB keessatti dhiyeessuun gaarummaa niqabaata. Yaanni afgaaffii barsiisotaa

irraa argame KB keessatti dhamjечи afoolaan walqabatee dhiyaate akka hinjirre ibsanii; osoo walqabatee dhiyaatee gaariidha jedhan.

4.2.3. Qaaccessa Mala Dhamjecha Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu- Malli kun kan bu'uureffatu haala qabatamaa kitaaba barnootaa qophaa'uuti. Barattoonni maal beekuu yookaan maal barbaadu kan jedhuun walsimsiisuudhaan qophaa'ee hojii irra ooluu qaba. Kan kun irratti xiyyeeffatu: fedhii barattootaa, haala qabatamaa hawaasa naannoo, duudhaafi aadaa hawaasaati. Kana jechuunis, KB yeroo qophaa'u, qabiyyee isaa keessatti wantoota qabatamaan naannootti argaman aadaafi duudhaa hawaasaa barsiisuu waliin walqabsiisuun dhiyeessuun bu'a qabeessa ta'uu isaa argisiisa. Dabalataanis, Caasaaleen haaraa yemmuu qophaa'an, unka afaanichaa qofa osoo hinta'in tajaajila unkaan afaanii sun ooluuf waliin walqabsiisuun qophaa'ee dhiyaachuu qaba, (Richards and Rodgers,2001:1). Kanaafuu, namni sirna barnootaa qopheessu: akkaataa uumamaa, seeraafi haala hormaata jechootaafi unka caasaa haaraa qophaa'u sanaa fakkeenyaaf, unkaafi tajaajila dhamjechootaafi kkf irratti hubannoo gahaa qabaachuu qaba. Egaa kitaaba kana keessattis, faayidaa dhamjechootaa murteessuun dhiyeessuun kallattiin barumsicha qabatamaa taasisuuf gargaara. As keessatti wanti hubatamuu qabu kaayyoon barnootichaa dhamjechoota danooma argisiisan barsiisuu yoo ta'e, mataduricha jalatti kitaabni kan dhiyeessu waa'ee dhamjechoota danooma argisiisanii ta'uu qaba.

Fakkeenya A: 1. Hoolaa = hoolota, -oota

2. Kitaaba = kitaabota, -ota

3. Gaara = gaarreen, -een

4. Beera = beerran, -an

5. Meeshaa = meeshaalee, -lee

6. Gaaffii = gaaffiiwwan, -wwanfi akkaataa kanaan xiyyeeffannoo itti kennuun KB qopheessuun dhiyeessuudha. Haata'u malee, haala kanaan xiyyeeffannoon itti kennamee kitaabicha keessatti ibsaafi gilgaalli qophaa'ee dhiyaate hinjiru. Kanaaf, gara fuula duraatti kitaabni qophaa'u qabiyyee barsiisuu barbaade irratti bal'inaan xiyyeeffachuun dhiyaachuu qaba. Dhamjechoonni Afaan Oromoo KB keessatti akkamiin dhiyaatanii barsiifamuu qabu kan jedhuuf deebiin afaaffii barsiisotaa irraa argame akka ibsetti, faayidaan dhamjechootaa karaa kallattiifi alkallattiin ibsaafi fakkeenya gahaa waliin

dhiyaachuu qaba jedhan. As irratti tokkoon tokkoo dhamjechoota jecha tokko keessatti argamanii hiika qaban waliin adda ba'anii ibsamuun dhiyaachuu qabu.

Fakkeenya B: “Qabsiiste” jecha jedhu keessatti dhamjechoonni argaman{qab-, -siis-, -t,fi -e}dha. Hiika yookaan tajaajila isaan qabanis;

- qab- =hundee jechaa,
- -siis = dhamjecha siissee (gochi tokko qaama biroo akka raawwatamu qaamni taasise jiraachuu ibsa).
- -t = ramaddii 3^{ffaa} yoo ta'e, koorniyaa dhalaa 'Isheen' jedhu ibsa. Ramaddii 2^{ffaa} yoo ta'e immoo 'ati' kan jedhu kan ibsu yoo ta'u; koorniyaa adda hinbaasu.
- -e = gochichi yeroo darbe yookaan hennaa darbe keessatti kan raawwatame ta'uu kan ibsuudha, (John Atkins, 1995).

Haala kanaan; dhamjechoota lakkoofsa yookaan danummaa, looga, walsimannaa himoota, hi'eentaa argisiisanfi kkf adda baasanii dhiyeessuun barattoonni waa'ee dhamjechootaa gadifageenyaan akka barataniif isaan gargaara. Afgaaffii barsiisotaa irraa deebiin argames, akaakuun dhamjechootaa akka waliigalaatti bakka gurguddoo lamatti qoodamuu qabu jedhan. Isaanis: 1. Dhamjecha walabaafi 2. Dhamjechoota hirkatoodha.

Dhamjechoonni hirkatoon immoo bakka sadiitti qoodamuu qabu. Isaanis:

1. bakkagalumsaan: duree, duubeefi naannee
2. tajaajilaan: horteeffii uumamtee yookaan yaasafi
3. qabiyyeedhaan: dhamjecha dhokataafi dhamjecha tajaajiltokkeetti

qoodamuu akka qaban ibsaniiru. Maartaa, (2006:7) yaaduma kana cimsitee jirti. Dhamjechoonni Afaan Oromoo kunneen haala armaan olii kanaan adda ba'anii erga qoodamanii booda waliin dubbii, afoola Oromoo kan akka oduu durii keessatti osoo dhiyaatee barattoonni alkallattiin waa'ee dhamjechootaa akka barataniif isaan gargaara; akkasumsa, hawwatamummaa qabaata jedhan. Kunis, ibsaafi fakkeenya gahaa waliin dhiyaachuu qaba. Akka fakkeenyaatti, afoola sana keessatti jala muruun yookaan gurraachessuun dhiyeessuun akka danda'amu ibsaniiru.

4.2.4. Qaaccessa Mala Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti Dhamjecha Dhiyeessuu -

Kunis adeemsa caasaan afaanii kitaaba keessatti ittiin qophaa'ee barsiifamu ta'ee, seera waan barachaa jirani akka ofii isaaniin bira gahan gochuuf gaaffilee murtaa'oo adda addaa ibsuun eegala. Dursa kitaabicha keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf waan dhiyaatuuf fakkeenya kenname irratti hundaa'uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa. As keessatti fakkeenya kennamu seera waliigala afaanichaa kan mataduree kenname akka barataniif gargaara. Akka fakkeenyaatti waa'ee dhamjechoota danooma mul'isanii kan dhiyeessu yoo ta'e, kana irraa ka'uun waa'ee dhamjechoota waliigalaa akka ofiin barataniif kan qopheessu ta'uu qaba, (Fireman,2000:19). Haata'u malee, fakkeenya KB fuula 68 irratti kenname faallaa yaada kanaan kan dhiyaate fakkaata. Sababni isaas, fakkeenya kenname tokkoo tokkoo dhamjechootaa ibsa ga'aa waliin kan dhiyeesseedha.

Fakkeenya A: 1. Isaan barachaa jiru.

2. Isheen dhufte.

3. Seenaan saawwan tiksite. 4. Obbolaan koo fardaan dhufan, kan jedhan

keessatti dhamjechoonni gurraacheffaman hundi tajaajilli isaanii ibsamaniiru.

4.2.5. Qaaccessa Mala Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti -

kunis, kitaabicha keessatti erga seerri murtaa'aan tokko ibsameen booda fakkeenyaifi gilgaalonni dhiyaatan karaa to'atamaa shaakalsiisuuf kan qophaa'uudha. Kunis, fakkeenyaan yoo ibsamu dhamjechoota maqibsa adda addaa uumuu keessatti tajaajila kennan erga ibsameen booda, fakkeenya bal'aa kennuun ibsuudha. Fakkeenya kenname kana irratti hundaa'uun barattoonni dhamjechoota biroo maqibsoota adda addaa kenname keessaa akka addaan baasaniif kan shaakalsiisuudha, jedha, (Tashoomaa,2005:216). Kana jechuun dhamjechoota maqibsa uumuuf gargaaran erga ibseen booda, fakkeenya adda addaa kan dhiyeessuudha. Haala kanaan kitaabichis, kan barattoonni fakkeenya dhiyaate irratti hundaa'uun dhamjechoota maqibsa biroo uuman jechoota kennaman keessaa akka addaan baasan shaakalsiisuuf qophaa'u ta'uu qaba. Dhamjechoonni kitaabicha keessatti dhiyaatan harki 90 ol mala kana irratti kan xiyyeeffatuudha. Sababni isaas, KBs ta'e QB yaada waliigalaa ibsuun eegala waan ta'eefiidha.

Fakkeenya A: KB fuula 22-23, fuula 33, fuula 63, fuula 68fi kkfdha.

4.2.6. **Qaaccessa Mala Ijaan Ilaalanii Akka Hojjetaniif Dhiyeessuu** - malli kun caasaa afaanii barsiifamuuf dhiyaate sana fakkeenya kenname keessatti ijaan ilaalanii akka hojjetan kan taasisuudha.

Fakkeenya A: KB gilgaala 7D fuula 68 irratti fakkeenya kenname keessatti

1. Seenaan saawwan tiksite, kan jedhuufi gilgaala 8 BfiC fuula 69 irratti gaaffileen kennaman:

2. Jarri bishaan dhugan;

3. Isheen deemte, kan jedhan keessatti dhamjechoonni gurraacheffaman yaaduma kana kan cimsu waan ta'aniif, gama kanaan qophiin kitaabichaa gaariidha. Harmer (1987:42) "Mataduree barsiifamuuf qophaa'e, himoota adda addaa keessa galchuun caasaa afaanii barsiisuun barbaadame sana gurraachessuun yookaan jala muruun ilaalanii akka addaan baafatan mala taasisuudha," jedha. Kunis dhamjechoota: hennaa, danooma, koorniyaa, ramaddiifi kkf. agarsiisan jala muruun kitaaba keessatti dhiyeessuun barattoonni haala salphaa ta'een caasaa afaanichaa akka baratan kan taasisuudha. Walumaagalatti, qaaccessi malleen asii olii kan ibsan, barnoota afaanii keessatti tooftaalee adda addaa gargaaramuun caasaalee afaanii dhiyeessanii barsiisuun guddina afaanichaaf barbaachisaa akka ta'e ni'argisiisa.

Walumaagalatti, xinxalli ragaalee kun kan ibsu faayidaafi akaakuun dhamjechootaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti akkamiin akka dhiyaatanii jiran, akaakuufi faayidaa dhamjechootaa kitaabicha keessatti argamaniifi hinargamin adda baasuufi dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaaba barnootaa keessatti akkamitti dhiyaachuu akka qaban ibsuu irratti kan xiyyeffateedha.

BOQONNAA SHAN: GUDUNFAAFI YABOO QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessaatti gudunfaafi yaboon qorannichaa walduraa duubaan dhiyaataniiru.

5.1. Gudunfaa

Akkuma Boqonnaa tokko irratti ibsame, matadureen qorannoo kanaa qaaccessa dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'e irratti xiyyeeffata. Ka'umsi qorannichaas, faayidaan dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti bal'inaan ibsamee jiraachuufi dhiisuu, akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo KB keessatti akkamitti qoodamanii akka jiraniifi akkamitti qoodamuu akka qaban, caasaa afaanichaa walsimsiisuu keessatti gahee dhamjechoonni qabaniifi sagalee biroorraa amala adda godhu, dhamjechoonni jecha irratti dabalamuufi dhiisuun jijjiirama jechicha irratti fidan, loogaafi waaltina afaanichaa keessatti bu'aa dhamjechoonni qaban, garaagarummaa gama dhamjechootaan KBfi QB keessatti mul'atu, qabiyyeen dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti haala akkamiin dhiyaatee akka jiruufi akkamiin dhiyaachuu akka qabu dhiyeesseera. Kaayyoon qorannichaas, qaaccessa dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'e keessatti: faayidaafi akaakuun dhamjechootaa akkamitti akka dhiyaatanii jiran; hanqinaalee gama kanaan mul'atan adda baasuufi akkamitti dhiyaachuu akka qaban furmaata isaa waliin dhiyeessuu yoo ta'u; bu'aan qorannoo kana irraa ni'argama jedhamee yaadamus, dubbistoota, barattaata, barsiisota, qorattoota caasaa afaanii, qopheessitoota sirna barnootaafi kitaabilee adda addaa qopheessaniif gumaacha nitaasisa. Yaada qorannoo kanaa gabbisuufis sakatta'iinsi barruu geggeeffameera.

Adeemsi qorannichaas, qorannoo akkamtaan kan dhiyaate yoo ta'u, sababni isaas, dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} keessatti argaman sakatta'uun ibsuuf yoo ta'u; maddi ragaa 1^{ffaa} KB, QBfi silaabasii yookaan sakatta'a kitaabilee barnootaati. Akka madda ragaa lammaffaatti afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateera. Qorannoo kana keessatti qorataan odeeffataa 1^{ffaa} ta'ee, sakatta'iinsa kitaabilee gadifageenyaan geggeesseera. Yaada sakatta'iinsa kitaabilee irraa argate gabbifachuuf, barsiisota barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} barsiisan dhiira 4fi dhalaa 2f afgaaffiin dhiyaateera. Yaaxinni qorannichaas, yaaxina caaseffamaati. Meshaaleen funaansa ragaalee qorataan kun itti dhimma baa'es qaaccessa KB,

QBfi afgaaffii barsiisotaa yoo ta'u, boqonnaa afur keessatti akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin bakka tokkotti walitti fiduun qaacceeffamaniiru.

Faayidaa Dhamjechootaa - kitaabicha keessatti faayidaa dhamjechootaa kan hinibsamin jiraachuu qorannoon kun ibsee jira. Fakkeenyaaf, looga yookaan waliigaltee hawaasaa ibsuu irratti kan xiyyeeffatu, hi'eentaa, walsimannaa matimaafi gochimaa, waaltina afaanii keessatti bu'aa dhamjechoonni qaban mul'inatti dhiyaatee hinjiru. Dhamjechoonni dhiyaatanii jiranis, tajaajilli isaanii adda ba'ee bal'inaan hinibsamne. Kun immoo barattootaafi barsiisonni hubannoo gahaa akka hinarganne waan taasisuuf, furmaanni isaa qorannoo kana keessatti dhiyaateera.

Akaakuu Dhamjechootaa - KBfi QB akaakuu dhamjechootaa bifa walfakkaataa ta'een qoodee waan dhiyeesse hinfakkaatu. KB keessatti akaakuu dhamjechootaa unka irratti hundaa'uun walabaafi hirkataa jedhamanii qoodamaniiru. Karaa biraa immoo kitaabichi: walaba, hirkataa, hundee fi fufii jechuun qoodee akka jiru qorannoo kana keessatti ibsameera. Bakka argamaan KB: duree, duubeefi naannee jechuun kan qoodeefi QB keessatti immoo duree, gidduu, duubeefi naannee jechuun qoodee akka jiru qorannoo kana keessatti adda ba'ee ibsamee jira. Faayidaan sararaa xiqqaa(-) bakka argama dhamjechootaa keessatti murteessummaa akka qabdu barsiisota hedduuf ifaa akka hintaane qorannoon kun niaddeessa. Garaagarummaan hundee jechaafi dhamjecha hirkataa gidduu akka jirus as keessatti adda baa'ee ibseera. Akaakuu maqaalee fufii duubee fudhatanis ibsee hinjiru. Hanqinni akkanaa jiraachuun barataas ta'e barsiisaan yaada qabatamaa tokko akka hinarganne waan taasisuuf, qorannoon kun garaagarummaa KBfi QB keessatti argaman dhiphisuufi ibsa dabalataa kennuuf gargaara.

Akkaataa Dhamjechoonni KB Keessatti Dhiyaachuu Qaban - Akkuma boqonnaa afur keessatti ibsamee jiru dhamjechoota jecha tokko keessatti argamaniif hiikaafi tajaajilli isaan jechicha keessatti qaban KB keessatti adda ba'ee ibsamuun dhiyaachuu akka qabu qorannoon kun lafa kaa'a. Akaakuun dhamjechootaa akka waliigalaatti walabaafi hirkataatti qoodamuu qabu. Dhamjechoota hirkatoo immoo bakka galumsaa, qabiyyee fi tajaajila irratti hundaa'uun akka qoodaman ni'ibsa. Haala kanaan erga qoodamanii booda ibsaafi fakkeenya gahaan kennamee dhiyaachuu akka qaban qorannoo kana keessatti bal'inaan ibsamee jira.

Dhamjechoonni karaa kallattii qofa osoo hinta'in alkallattiin afoola adda addaa keessatti dhiyeessuun barattoota ofitti waan hawwatuuf haala salphaa ta'een akka baratan kan taasisu ta'uun isaa ibsameera. Walumaagalatti, qopheessitoonni sirna barnootaafi namoonni kitaabilee deggersa adda addaa (reference books) qopheessan yaada qorannoon kun adda baasee dhiyeesse irratti xiyyeeffachuun kitaaba keessatti dhiyeessuun bu'aa niqabaata.

Xinxala dhamjechootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12^{ffaa} ilaalchisuun taasifameefi gudunfaa asii olii irratti hundaa'uun argannoowwan asii gaditti dhiyaatan argamaniiru.

❖ Dhamjechoota Afaan Oromoo: looga yookaan haala waliigaltee hawaasaa, walsimannaa matimaafi gochimaa, hi'eentaa, maayii meeshaa gochi ittiin raawwatame , faayidaa waaltina afaanii keessatti qaban, firjecha akkamitti akka uumaniifi kkfn KB keessatti dhiyaachuun qabu. Faayidaan dhamjechootaa kanneen kitaabicha keessatti ibsamani jiran waliin dhiyaachuun guddina barnoota Afaan Oromoo keessatti caasaa afaanichaa gabbisuun: barattoota, barsiisotaafi dubbistoota afaanichaaf bu'aa waan qabuuf qindaa'ee dhiyaachuun gaarii ta'a. Dabalataanis, caasaa Afaan Oromoo argisiisuu keessatti gahee dhamjechoonni qaban olaanaa waan ta'eef, afaanichi saayinsummaa akka qabaatuuf gargaara.

❖ Qoodaminsii akaakuu dhamjechootaa akka waliigalaatti, walabaafi hirkatootti kan qoodaman ta'uufi dhamjechoonni hirkatoon: bakka galumsaa, tajaajilaafi qabiyyee irratti hundaa'uun qoodamanii dhiyaachuun gaarummaa akka qabaatu ibsa. Dhamjechoonni Afaan Oromoo bakka galumsaan hanga ammaatti qorannoon mirkanaa'ee afaanicha keessatti argaman: duree, duubeefi naannee akka ta'an qorannoon kun ibsee jira.

❖ Kitaabni barataa qophaa'uufi qajeelcha barsiisaa yaada walfakkaatu dhiyeessuun barattootaafi barsiisota biyyattii keessa jiraniif hubannoo walfakkaataa waan uumuuf murteessummaan isaa ol'aanaa akka qabu ibsa.

❖ Dhamjechoonni KB keessatti yeroo qophaa'an, kallattiin ibsaafi fakkeenya kennuun dhiyeessuu cinatti, karaa alkallatti jechuun afoola adda addaa keessatti dhiyeessuun karaa salphaa ta'een barattoonni afoolichatti gammadaa yookaan bohaaraa akka tajaajila dhamjechootaa adda baasaniif hubataniif gargaara.

❖ Garaagarummaan hundee jechaafi dhamjecha hirkataa gidduu jiru kitaaba barataas ta'e qajeelcha barsiisaa keessatti adda ba'ee dhiyaachuun dubbistoonni, barattootaafi barsiisonni garaagarummaa kana akka addaan baafataniif gargaara.

❖ Dhamjechoonni duubee danooma fudhatan maqaa waliiniifi dimshaashaa ta'uufi, maqaaleen dhuunfaa kan hinfufanne ta'uu; sararaan xiqqaan(-) bakka galumsa dhamjechootaa addaan baasee ibsuuf murteessituu akka ta'e qorannoo kana keessatti ibsameera.

5.2 Yaboo

Yaboon qorannoo mataduree “Qaaccessa Dhamjechoota Afaan Oromoo KB kutaa 12^{ffaa} bara 2005 qophaa'e” irratti taasifame kun xinxalaafi argannowwan gudunfaa qorannichaa keessatti ibsame irratti hunda'uun haala kanatti aanee jiruun dhiyaateera.

❖ Faayidaa dhamjechoonni Afaan Oromoo caasaa afaanichaa karaa saayinsaawaa ta'een guddisuu keessatti qaban murteessaa waan ta'eef, qopheessitoonni sirna barnootaa tokkoo tokkoo caasaa dhamjechootaa jecha keessatti argaman adda baasanii hiika isaanii waliin kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun gaariidha.

❖ Faayidaa dhamjechoonni firjecha, looga yookiin haala waliigaltee hawaasaa, hi'eentaa, walsimannaa matimaafi gochimaa, maayii meeshaa, koorniyaa, waaltina afaaniifi kkf argisiisuu keessatti qaban kitaabicha keessatti dhiyeessuun barattoonni Oromiyaa keessa jiraatan hubannoo tokko akka argataniif waan gargaaruuf qopheessitoota sirna barnootaas ta'e kanneen kitaabilee adda addaa qopheessan hubannoo keessa galchuu qabu.

❖ Akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo Walabaafi hirkataatti kan qoodamaniifi dhamjechi hirkataan: bakka galumsaa, tajaajilaafi qabiyyee irratti hundaa'uun qoodamuu akka qaban; bakka galumsaan: duree, duubeefi naanneetti kan qoodaman ta'uufi dhamjechi hirkataafi hundeen jechaa garaagarummaa kan qaban ta'uufi faayidaa sararaan(-) kallattii dhamjechootaa argisiisuu keessatti qabdu adda ba'ee KB keessatti dhiyaachuun bu'aa akka qabu qopheessitoonni sirna barnootaafi kanneen kitaabilee caaslugaa adda addaa qopheessan hubannoo keessa galchuu qabu.

❖ Garaagarummaan gama dhamjechootaan KBfi QB keessatti argamu dhiphatee yookaan dhabamsiifamee dhiyaachuufi hanqinaaleen kitaabicha keessatti mul'atan guutummaa barattoota Oromiyaa keessatti argaman waan dogoggorsuuf qopheessitoonni sirna barnoota of eeggannoon kitaaba barnootaa qopheessuun akka isaanirraa eegamu ibsa.

❖ Dhamjechoonni kitaaba kana keessatti argaman karaa kallattii ibsaafi fakkeenya adda addaa kennuun kan dhiyeesse waan fakkaatuuf, osoo dhibbeentaan 50 karaa alkallattii afoolawwan kanneen akka oduu duriifi kan biroo keessatti dhiyaatee barattoota, barsiisotaafi dubbistoota waan ofitti hawwatuuf haala salphaa ta'een faayidaafi akaakuu dhamjechootaa akka adda baafataniif gargaara waan ta'eef, qopheessitoonni sirna barnootaas ta'e, kanneen kitaaba adda addaa qopheessan yaada kana hubannoo keessa osoo galchani gaariidha.

❖ Caasaan dhamjechoota Afaan Oromoo baay'ee bal'aa waan ta'eef, akka sirna barnootaa tokkootti sadarkaa yuunivarsiitiitti qophaa'ee osoo dhiyaatee tumsa inni guddina Afaan Oromoof qabu ol'aanaa waan ta'eef, barsiisonni sadarkaa kanarra jiran akka itti yaadaniif qorannoon kun kallattii ni'argisiisa.

❖ Akka waliigalaatti, qorannoon kun qaaccessa dhamjechootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12^{ffaa} keessaatti argaman irratti waan xiyyeeffatuuf qopheessitoonni sirna barnootaa garaagarummaa dhamjechaafi sagalee biroo gidduu jiru, jijjiirama dhamjechoonni jechoota horsiisuu keessatti qaban, akaakuu maqaalee dhamjecha duubaa fufatan, himoota keessatti tajaajila isaan qabaniifi kkf adda baasee fuuleffannoo itti kennuun dhiyeesuun isaan irraa akka eegamu ni'ibsa.

Wabiilee

- Abarraa Nafaa; Warquu Dachaasaa... (1999). *Barruulee Waaltina Qormaata Afaan Oromoo*. Wiirtuu Jildii 8. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa.
- Abarraafi Kaawwan. (1998). *Caasluga Afaan Oromoo*. (Jildii 1). Addis Ababa: Branna
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading plc.
- Adunyaa Barkeessaa. (2012). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.
- Adunyaa Barkeessaa. (2013). *Sanyii: Jechaafi Caasaa isaa*. Finfinnee: Printing and Advertising PLC.
- Anderson, S.R. (1992). *Amorphous Morphology*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seena Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.
- Atkins J. et al. (1995). *Skill Development Methodology (Part-I)*. Addis Ababa: Addis Ababa printing Press.
- Berg, B. (2001). *Qualitative Research Methods for the Social Sciences*. California state University: Long Beach.
- Brumfit C.J. & R.A. Carter. (1996). *Literature in Language Teaching*. London: Oxford University Press.
- Chomsky, N. (1965). *Aspects of the theory of syntax*. Cambridge: MIT Press.
- Cohen, L. Minion, L. & Morrison K. (2005). *Research Method in Education, (5th ed.)*. London & New York: Routledge.
- Creswell, J. W. (2007). *Qualitative Inquiry and Research Design (2nd ed.)*. Sage publication icon.
- Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading Plc. Enterprise.
- Filee Jaallataa. (2015). *Seerluga Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.
- Finch, G. (2005). *Key Concepts in Language and Linguistics (2nd ed.)*. Houndmills Basingstoke, Hampshire. New York: Palgrave MacMillan.
- FRDI-tti Ministeera Barnootaa. (2005). *Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12^{ffaa}*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.
- FRDI-tti Ministeera Barnootaa. (2005). *Qajeelcha Barsiisaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12^{ffaa}*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.

- Freeman, L. (2000). *Techniques and Principles in Language Teaching*. United Kingdom: Oxford University Press.
- Geetaachoo Rabbirraa. (2009). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Intarnaashinaal.
- Geetaahun Amaaree. (1989). **፳ዘመናዊ የአማርኛ ሠዋስው በቀላል አቀራረብ። አዲስ አበባ፡ ንግድ ማተሚያ ድርጅት።**
- Gumii Qormaata Afaan Oromootiin. (2003). *Baacoofi Tapha Ijoollee (Jildii-1)*. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa.
- Harmer, J. (1987). *Teaching and Learning Grammar*. UK: Longman York press.
- Harmer, J. (1991). *The Practice of English Language Teaching*. UK: Longman York press.
- Hockett, C.F. (1970). *A course in Modern Linguistics*. USA: The Macmillan Press Ltd.
- Horn by, A.S.(2005). *Oxford Advanced Learner's Dictionary*(7thed.). Oxford: Oxford University press.
- Ijaaraa Baatuu.(1999). *Haala dhiyeessa Xinjecha Afaan OromooDaree Barnootaa Keessatti: Haala barattoota Mana barumsaa Qophaa 'inaa Gobbaa*. Qorannoo Dig. 2^{ffaa}.
- Jaarraa W.Bfi W.B Yaadatuu. (2000). *Bantuu Haaraa: Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.
- John E. Warriner.(2001). *Elements of Language, Sixth Course*.NewYork:Unite state of America.
- Kabbabaa Nagarii. (2014). *Qaaccessa Dhiyaannaa Xinjehaa: Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} irratti kan dhiyaate*. Waraqaa Qorannoo digirii 2^{ffaa} :Yuun. Finfinnee.
- Katamba, F. (1993). *Modern Linguistics: Morphology*. USA: The Macmillan Press Ltd.
- Maartaa Isheetuu. (2006). **ኩራዝ አማርኛ፣ በአዲስ ስርዓተ ትምህርት መሠረት የተዘጋጀ። አዲስ አበባ፡ ኩራዝ ኢንተርናሽናል አሣታሚ።**
- Mahaadii Amiid Muudee. (1995). *Oromo Dictionary, English Oromo*. (Vol.1). Atlanta, Georgia: Sagalee Oromoo Publishing Co. Inc.
- Matthews, P.H. (1991). *Morphology*. (2ndEd.). Cambridge: Cambridge University Press.
- Mc Graw Hill /Glencoe Hill/. (2000). *Grammar and Composition Hand Book*. New York. United states of America.

- McDougal, L. (1989). *Lit tell English, Orange Level. Analyzing Word Parts to Determine Meaning*. New York: United State of America.
- Misgaanuu Gulummaa. (2012). *Biiftuu Guddina Afaanii.Finfinnee*: Subi printing press.
- Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomee Egeree. (1992). *Xinjecha: Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa 2^{ffaa}*. Barnoota Fagoo Dhaabbata Mala Qunnamtii, Ministera barnootaa.
- Nunan, D. (1989). *Designing Task for the Communicative Classroom*. Cambridge: Cambridge University Press
- O’Grady, W. and Dobrovolsky, M.(1996). *Contemporary Linguistics Analysis. An introduction*. (3rd ed.). Toronto: Capp Clark LTD.
- Richards J. C and Rodgers T.S. (2001). *Approaches and Methods in Language Teaching. A description and analysis*. Great Britain: Cambridge University Press.
- Richards J.C. and W.A. Renandya. (2002). *Methodology of In Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Richards, J.C.(2001). *Curriculum Development in Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Robert E. Owens, Jr. (1988). *Language Development: An Introduction 2nd ed*. New York: Unite state of America.
- Saamu’eel Nagaasaa. (2007). *Dhiyaannaa Barnoota Caasluga Afaan Oromoo Kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti*. Waraqaa Qorannoo Digirii 2^{ffaa}: Yuun. Finfinnee.
- Slobin, B. (1978). *Cognitive Prerequisites for the Dev’t of Grammar*. New York: Wiley.
- Stern, H.H.(1983). *Fundamental Concepts of Language Teaching*.Oxford: Oxford University Press.
- Tamane Bitama. (2000). *A Dictionary of Oromoo Technical Terms. Oromo English*. Berlin: Rudiger Kopp verlage Colin.
- Tashoomaa Balaayinaa. (2005). *Mala baruu barsiisuu (Moojula)*.Yuuniversity Jimmaa: Faakaltii Barnootaa Damee Barnoota Afaan Oromoo.
- Tolamariam Fufaa. (2011). *Seera Afaan Oromoo I. Dhaamsa Gaaffii Dhamjechaa*. Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Yule, G. (1996). *The Study of Language*. (2ndEd.). Cambridge: Cambridge University Press.
- Zoltan D. (2007). *Research Method in Applied Linguistics. Quantitative, Qualitative and Mixed Methodologies*. Oxford: Oxford University Press.

DABALEE-A AFGAAFFII BARSIIISOTAA

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA, KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIISIMIIFI QUNNAMTHIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII.

Qaaccessa Dhamjechoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 12^{ffaa} Bara 2005 Qophaa'e Ilaalchisuun Qorataan Taasisa Gabbisuuf Afgaaffii Barsiisotaaf Dhiyaate.

Kaayyoon afgaaffii kanaas, qorataan qorannoo taasisaa jiru kana dhugoomfatee qorannicha gabbisuuf hireen barsiisonni Afaan Oromoo kutaa kana barsiisaa jiran qaban baay'ee murteessaadha. Sababni isaas, barsiisonni kitaabicha barsiisuu irratti muuxannoo waan qabaniif hanqina gama dhamjechootaan kitaabicha keessatti mul'atu adda baasanii ibsuu danda'u. Kunis, barnooticha yeroo barsiisaa turanitti waan isaan mudachaa ture irraa ka'anii afgaaffii banamaa kudha tokko dhiyaateef kana bal'inaan nideebisu jedhee qorataan waan yaadeef afgaaffii asii gadii dhiyeesseeraaf. Odeeffannoo naaf kenniteef dursee sin galateeffadha.

1.1 Odeeffannoo Dhuunfaa Barsiisichaa (Maqaa barreessuun barbaachisaa miti).

1. Saala _____ Umurii _____ Bara tajaajilaa _____
2. Sadarkaa barumsaa: M.A. _____ Digirii _____
3. M/B _____ Kutaa Barsiisu: 12^{ffaa} _____ hanga _____

1.2 Afgaaffii

1 Kitaabni barataa kutaa 12^{ffaa} faayidaa dhamjechootaa Afaan Oromoo haala akkamiin qoqqoodee ibsee jira? _____

2 Akaakuun dhamjechoota Afaan Oromoo kitaabicha keessatti argaman maal maal jedhamanii qoodamanii jiru? _____

2.1 Qoodamiinsa kanaaf ibsaafi fakkeenyi gahaan kennamee jiraa? _____

Gaaffii kanaaf deebiin kee eyyee yoo ta'e, haala akkamiin qoodamee ibsamee jira? Bal'ina ibsi. _____

2.2. Hinqoodamee yoo ta'e, akkamiin qoodamee dhiyaachuu qaba jetta? _____

Hanqina jirus ibsi? _____

2 Dhamjechoonni Afaan Oromoo caasaa afaanichaa walsimsiisuu keessatti gahee maalii qabu? _____

4 Dhamjechoota sagalee biroo irraa wanti yookaan amalli adda godhu maal? _____

- 5 Dhamjechoonni jechoota afaanichaa irratti dabalamuufi dhiisuun afaanichaa irratti jijjiirama fidan qabuu? _____
- 6 Dhamjechoonni kitaaba kana keessatti argaman looga nimul'issuu? _____
- 6.1 Nimul'isu yoo ta'e haala akkamiin? _____
Faayidaa maalii qaba? _____
- 7 Dhamjechi kitaaba kana keessatti dhiyaate waaltina afaanii ilaalchisee wanta ibsee jiru qabaa? _____
- 7.1 Hinibsamne yoo ta'e guddina afaanichaa irratti dhiibaa inni geessisu maali? _____
- 8 Dhamjechoonni Afaan Oromoo kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan gidduutti garaagarummaan nimul'ataa? _____
- 8.1 Yoo jiraateef garaagarummaa mul'atu bal'inaan ibsi ? _____
- 9 Qabiyyeen dhamjechootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12^{ffaa} boqonnaalee hunda keessatti dhiyaatee jiraa? _____ Boqonnaa murtaa'e qofa keessatti argamuun dhiibbaa akkamii geessisa? _____
- 10 Hundeen jechaa dhamjecha hirkataadha ? _____ Miti yoo ta'e, garaagarummaan hundee jechaafi dhamjecha hirkataa maali? _____
- 10.1 Kitaaba barataa yookaan qajeelcha barsiisaa irratti dhamjechoonni haala akkamiin ibsamani jiru? _____
11. Waliigalatti, dhamjechoonni Afaan Oromoo akkamiin dhiyaatanii barsiifamuu qabu jetta? _____

DABALEE –B. Odeeffannoo Waliigalaa Barsiisota Afgaaffiin dhiyaateef

T/L	Maqaa	Koodii maqaa	Saala	Umurii	Sad. Barumsaa	Bara Tajaajilaa	Maqaa M/B	Guyyaa Afgaaffiin Taasifame
1.	Qajeelaa Guddatoo	QG	Dhiira	28	Digirii Jalqabaa	5	Qophaa'ina Manasibuu	14/2/2016
2.	Shuumee Daamxee	ShD	Dhalaa	38	MA	16	Qophaa'ina Manasibuu	15/2/2016
3.	Eebbisee Waaqwayyaa	EW	Dhalaa	31	Digirii Jalqabaa	8	Qophaa'ina Najjoo	22/2/2016
4.	Habtaamuu Tarfaa	HT	Dhiira	39	Digirii Jalqabaa	19	Qophaa'ina Najjoo	22/2/2016
5.	Waaktolaa Tuuchoo	WT	Dhiira	43	Digirii Jalqabaa	23	Qophaa'ina Najjoo	23/2/2016
6.	Gammachiis Tasammaa	GT	Dhiira	35	Digirii Jalqabaa	10	Qophaa'inaa Qilxukaarraa	29/2/2016

Barsiisota maqaan isaanii asii olitti ibsame kanneen waliin afgaaffiin mana barumsaa isaanii keessatti fuulaan yookaan qaamaan walarguun kan geggeeffame yoo ta'u, isaanis afgaaffii dhiyaateef irratti nuffiifi ofqusannoo tokko malee yaada isaanii kennaniiru. Qorataanis, afgaaffii qopheesse kana obsaafi nuffii tokko malee qaamolee kanaaf dhiyeessuun yaada isaanii barreeffamaan erga walitti qabateen booda yaadicha cuunfuun boqonnaa afur keessatti dhiyeesseera.

Dabalee- C: Walitti dhufeenyaafi garaagarummaa dhamjechoota KB, QBfi SB KBAO kutaa 12^{ffaa} keessatti dhiyaatee

Bo qo	Kaayyoo			Qabiyyee			Ibsa
	KB	QB	Silaabasii	KB	QB	Silaabasii	
2	-Maqaafi gosoota isaa balballoomsita” jedha.	-Maqaa himoota kenname keessaa addaan fo’i. -Gosoota maqaa balballoomsu. -Garaagarummaa maqaa uumamteefi haadhoo hubatu.	-Hennaa keessaa ammeennaa, amsiiqafi raawwima ammeennaa hima keessa galchani barreessu. -Maqaafi gosoota maqaa hubannoo cimsatu.	KB gilgaala 4 keessatti faayidaa fufiileen matima, maqaa uumamteefi maqaa haadhoo uumuu keessatti qaban ibsameera. Kitaabichi qabiyyee barnootichaa ibsee hijiru.	-Ogommaa caaslugaa, maqaa, gosoota maqaa argisiisan akka hubachuu danda’an kan ibsuudha. Ibsa QB keessatti kenname irrattis, dhamjecha matima, maqaa haadhoofi uumamtee adda baasan kaa’eera.	Caasluga: -Hennaa ammeennaa, amsiiqaa, raawwiimmaa ammeennaa -Maqaafi gosoota maqaa	-KB qabiyyee hindhiyeessine. KBfi QB irratti kaayyoofi qabiyyeen hennaa ibsu hindhiyaanne. -Silaabasii keessatti dhiyaatee jira. Kun immoo KB, QBfi SBn kan walhinsimne ta’uu ibsa.
3	Dabreennaa, tarsiiqaafi raawwima dabreennaa himoota keessatti fayyadamta.	Dabreennaa, tarsiiqaafi raawwima dabreennaa himoota keessatti nifayyadamu.	Hennaa keessaa: dabreennaa, tarsiiqaafi raawwima dabreennaa hima keessatti galchuun barreessu .	Gilgaala keessatti malee qabiyyeen adda ba’ee dhiyaate hinjiru. Ibsa keessatti kan dhiyaate dhamjecha hennaalee kanneen mul’isaniidha.	Hennaa: dabreennaa, raawwima dabreennaa, tarsiiqa. Dhamjechoonni hennaalee kanneen ibsan qabiyyeen ibsa keessatti dhiyaateera.	Caasluga: Darbeennaa, tarsiiqa, raawwima dabreennaa hima keessa galchuun barreessu.	-Akka kaayyoofi qabiyyeetti dhiyaachuu kan qabu dhamjechoota hennaalee kanneen mul’isan ture. Yoo kana beekan hima keessaa adda baasuun hindhibu.

5	-Fufiifi gosoota isaa adda baasta. -Tajaajila dhamjechoota adda addaa ibsita.	-Tajaajila dhamjechootaa addaan baasu. -Fufiifi gosoota isaanii addaan baasanii hubatu.	Maxxantootaafi gosoota maxxantootaa addaan baasanii himu. -Maalummaa dhamjehafi gosoota isaa ni'ibsu.	Gilgaala malee qabiyyeen ibsame hinjiru.	-Gosoota fufii -Dhamjechoota Dhamjecha, fufiifi hundee jechaa ilaalchisee qabiyyeen dhiyaate hanqina qaba. Fuula 48-49	Caasluga: Maxxantootaafi gosoota maxxantootaa addaan baasuun barreessu. -Maalummaa dhamjehafi gosoota isaa maal akka ta'e ibsa kennu.	KB fuula 54-55fi QB fuula 48-49 walsimannaa hinqaban. -SBn dhamjecha itti butuufi irraa butee barreessuu irratti hanqina qaba. Boq. 5
6	Walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa himta. -Maalummaa fufii hortee fi tajaajila isaanii ibsita.	Walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa nibalballoomsu. -Maalummaa faayidaa fufii hortee nixiinxalu.	Walsimannaa matimaafi gochimaa walitti fiduun barreessu. -Maalummaa latorsaafi faayidaa isaa addaan baasanii barreessu.	KB fakkeenyaafi gilgaala dhiyeessee jira.	-Walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa -Fufii hortee	Caasluga: Walsimannaa matimaafi gochimaa walitti fiduun barreessu. -Faayidaafi gosoota latorsaa barreessu.	Dhamjechi matimaafi gochima walsimsiisa malee antima hinlaalu. SBn KBfi QB irraa adda ba'ee latorsa jechuun isaa gaarii miti.
7	Maalummaafi faayidaa yaasaa (dhamjecha uumamtee) himta.	Maalummaafi faayidaa yaasaa (dhamjecha uumamtee) himu.	Maalummaafi faayidaa yaasaa (dhamjecha uumamtee) barreessu.	Gilgaala 8 keessatti haala walitti firoomsiin dhiyaatee jira,	Maalummaafi faayidaa yaasaa. Ibsaafi qabiyyeen dhiyaatee jira.	Caasluga: Maalummaafi faayidaa yaasaa jechoota irratti dabaluun hubannoo cimsatu jedhee jira.	Latii yaasaa= dhamjecha uumamtee = fuutuwwan jedhee dhiyeessuun isaa waaltina waan hinqabne fakkeessee jira.

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uusaa; akkasumas, wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Barataa Duulaa Dilboo Gammadaa waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaafi Ofittisuuf (Defense) muummeef galchuu danda'uu isaa ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____